Ellen G. White Estate

# Seenaa Abdii



ELLEN G. WHITE

# Seenaa Abdii

Ellen G. White

Copyright © 2021
Ellen G. White Estate, Inc.

# Information about this Book

## Overview

This eBook is provided by the Ellen G. White Estate. It is included in the larger free Online Books collection on the Ellen G. White Estate Web site.

## About the Author

Ellen G. White (1827-1915) is considered the most widely translated American author, her works having been published in more than 160 languages. She wrote more than 100,000 pages on a wide variety of spiritual and practical topics. Guided by the Holy Spirit, she exalted Jesus and pointed to the Scriptures as the basis of one's faith.

## Further Links

A Brief Biography of Ellen G. White
About the Ellen G. White Estate

## End User License Agreement

The viewing, printing or downloading of this book grants you only a limited, nonexclusive and nontransferable license for use solely by you for your own personal use. This license does not permit republication, distribution, assignment, sublicense, sale, preparation of derivative works, or other use. Any unauthorized use of this book terminates the license granted hereby. (See EGW Writings End User License Agreement.)

## Further Information

For more information about the author, publishers, or how you can support this service, please contact the Ellen G. White Estate

at mail@whiteestate.org. We are thankful for your interest and feedback and wish you God’s blessing as you read.

# Contents

Information about this Book . . . . . . . . . . i
Seensa . . . . . . . . . . iv
Boqonnaa 1ffaa—Fincila . . . . . . . . . . 5
Boqonnaa 2ffaa—Uumama . . . . . . . . . . 10
Boqonnaa 3ffaa—Badiisa . . . . . . . . . . 13
Boqonnaa 4ffaa—Furmaata . . . . . . . . . . 22
Boqonnaa 5ffaa—Bilisummaa . . . . . . . . . . 26
Boqonnaa 6ffaa—Seericha . . . . . . . . . . 35
Abboommii Kurnan: . . . . . . . . . . 35
Mana Qulqullummaa Isa Lafa Irraa . . . . . . . . . . 42
Boqonnaa 7ffaa—Fayyisaa isa Nama Furu . . . . . . . . . . 47
Boqonnaa 8ffaa—Aarsaa . . . . . . . . . . 56
Gurguramuu Yesus: . . . . . . . . . . 56
Qoramuu Kristoos . . . . . . . . . . 59
Fannifamuu Kristos . . . . . . . . . . 64
Boqonnaa 9ffaa —Mo’icha . . . . . . . . . . 72
Du’aa Ka’uu: . . . . . . . . . . 72
Abdii Deebi’uu: . . . . . . . . . . 78
Boqonnaa 10ffaa—Humna . . . . . . . . . . 79
Humna Pheenxeqosteetiin: . . . . . . . . . . 80
Boqonnaa 11ffaa—Gantummaa . . . . . . . . . . 84
Iccita Cubbuu: . . . . . . . . . . 88
Boqonnaa 12ffaa—Mana Qulqullummaa . . . . . . . . . . 96
Boqonnaa 13ffaa—Bilisummaa . . . . . . . . . . 99
Yeroo Dhipina Yaaqob . . . . . . . . . . 101
Bilisummaa Tolootaa: . . . . . . . . . . 103
Gatii Tolootaa . . . . . . . . . . 106
Boqonnaa 14ffaa—Firdii . . . . . . . . . . 108
Moosifamuu Kristos: . . . . . . . . . . 111
Boqonnaa 15ffaa—Jalqabbii Haaraa . . . . . . . . . . 118

# Seensa

Biyyi lafaa keenya kun akkamittiin haala gadheedhaan waliin akkas jeeqamte? Dhiphinni maaliif jiraate? Rakkinni eessaa dhufe? In dhaabbataammoo laata? Gaaffileen akkasii namoota yaadan hundumaa in rakkisu. Isaa kanaaf Saayinsiin deebii hin qabaatu, falaasamnis immoo deebii waliif hin galle hedduu kenna.

Dhugaa eessaa arganna? Barreeffamni kitaaba kana keessaa hojii barreeffama guddaa Kan Elen J. Waavit barreessite Oduu Fayyinaa *(The Story of Redemption)* jedhu tokko keessaa kan filatamee fudhatame yommuu ta'u, innis dhibbaan kan lakkaa'aman Ameerkaanota bara hundumaatiin dhimmootaa addaa keessatti magazina **Smithsonianiin** (Ji'a Birraa 2015) keessatti kan hammatameedha. Bar-
[8] reeffamni ishee hojii dubartoota eessa jiraatan hundumaa irra kan caalu, gara afaanota 160 ol ta'anitti hiikameera. Mili'oonaan kan lakkaa'aman namoonni, dandeettii, hubannoo fi yaada kaka'umsaa ishee irraa fayyadamaniiru.

Kitaabni **Seenaa Abdi-Qabeessaa** kun akkuma kana akka fayyadamtuuf siifis carraa tokkoo dha.

# Boqonnaa 1ffaa—Fincila [9]

Samii keessatti, finciluu isaan dura, Lusifer, ulfinaan Ilma Waaqayyootti aansee, ergamaa ol-aanaadhaa fi kabajamaa ture. Fuulli isaa, akkuma ergamoota warra biroo surra qabeessaa, gammachuun, ifaa ture. Addi isaa oljedhaa fi guddaa, beekumsa guddaa qabaachuu isaa kan argisiisu ture. Ijaarsi qaama isaa mudaa kan hin qabne ture. Ifni adda ta'e fuula isaa irraa kan argamu naannoo isaatti ifuudhaan bareedinni isaa kan ergamoota naannoo isaa jiran irra akka caalu tasisa ture; garuu kan Kristos Ilma Waaqayyoo, yaa'ii ergamoota sana hundumaa irra in caala ture. Inni utuu ergamoonnuu hin uumamin Abbaa wajjin isa tureedha. Lusifer Kristosiin hinaafee, suuta suuta Kristos qofaaf kan ta'e abbomuu ofitti fudhate.

Ergamoonni Kristos bulchaa samii akka ta'e fudhataniiru, an-
goonii fi humni isaa kan Abbaa wajjin tokkuma. Lusifer ofii isaa [10]
ergamoota gidduudhaa akka waan addumaan jaallatamuutti of fudhateera. Waaqayyo taayitaa guddaa isaaf kenneera, Kun garuu ulfinaa fi galata akka inni uumaa isaaf kennu hin taasifne. Gara Waaqayyoo, mataa isaatti guddachuu barbaade. OI of qabuu isaatti of kabaje. Akka ergamoonni isa kabajan bare. Ergama raawwwatu adda ta'e qaba ture. Uumaa isa guddichatti dhi'oo ture, dhuma kan hin qabne ifni surra qabeessi kan Waaqa bara baraa marsee jiru kara addaa gara isaatti in yaa'a ture. Akkamittiin ergmoonni ajaja isaa dafanii gammachuudhaan akkka fudhatan yaade. **Uffatni isaa ifaa fi bareeda hin turre moo? Isa malee Kristos maaliif akka sana kabajame?**

Kan qabutti kan hin quufne, Kristosiin hinaafuudhaan guutee Abbaa biraa adeeme. Dhugaa kan ta'e kaayyoo isaa dhoksee, ergamoota naannoo isaa jiran walitti qabe. Akeeka isaa itti beeksise, innis ofuma isaa ture. Akka waan dogoggorameetti, akkamittiin Waaqayyo isa bira darbee Yesusiin filateetti dubbate. Yommuusi irraa qabee gammachiistuu kan taate bilisummaan ergamootaa akka
dhumatti dhufte dubbate. Akka garbootaatti sanaan booda kan kaba- [11]
jan geggeessaan isaan irratti waan hin shuumaminiif.

Boqonnaan kun Isa. 14:12-14, His. 28:12-17, Mul. 12:7-9 irratti kan hundaa'eedha.

Walitti isaaniin qabee, Sana booddee weeraramuu mirga isaa fi kan isaaniitti of kennuu akka hin dandeenye fi Yesusiif akka hin sagadne isaaniif akka mirkaneessu itti dubbate; akkas utuu hin taane, Waaqayyo kan isaaf kenne ulfina sana akka fudhatuu fi kan isa faana bu'uu fi sagalee isaaf abboomamuuf ajajaa akka ta'u isaanitti hime. Ergamoota gidduutti hubatamaa kan ta'e wal-dhabdeetu argame. Lusferii fi warri isaaf gaddan bulchiinsa Waaqayyoo bifa biraan caasessuuf yaalii gochaa turan. Hundumti isaanii aangoo Ilmaa irratti mormii kaasan.

Ergamoonni warri dhugaadhaaf amanamoo ta'an, lakkoobsa kan hin qabne ergamoota fincilan sana gara yaada uumaa isaaniitti isaaniin deebisuuf yaalaa turan. Kristos Ilma Waaqayyoo ta'uu isaa
[12] fi utuu ergamoonni iyyuu hin uumamin inni isaa wajjin turuu isaa hubatamaatti argisiisan. Inni yeroo hundumaa mirga Waaqayyoo dhaabachaa ture. Suuta Kan jedhe jaallatamaa aangoo isaa sanaan dura takkuma iyyuu gaafatamee kan hin beekin, warri samii sana keessa jiraatan gochuu kan jaallatan abboommii malees kennee hin beeku.

Ulfinni addaa Kristos qabu ulfina Lusifer fudhatee ture akka hin jeeqne hubachiisan. Ergamoonni sun in boo'an. Karaa isaa isa hamaa Sana dhiisee uumaa isaatti akka inni of kennatu fudhachiisuuf cimsanii kadhatan. Hanga yeroo sanaatti wanti hundumtuu nagaa fi tasgabbiitti akka ture argisiisan. Waldhabdee fi sagalee diddaa kanaaf maalii dha laata kan sababii ta'uree?

Lusifer dhaga'uu dide. Ergamoota warra dhugaa fi amanamoo ta'an biraa hafee, akka garbootaattis isaaniin lakkaa'e. Ergamoonni warri Waaqaaf amanamoo ta'an isa Lusiferiif fincilaan jeequun kun milkaa'aafii jiru yommuu argani dinqiffannoodhaan dhaabbatan. Kan isaan qabaachaa turan irra kan caaluu fi wayyu mootummaa,
[13] innis kan bilisummaa guutu qabaatan isaaniin abdachiisaa ture. Lakkoobsi guddaan isa akka geggeessaa fi abboomaa isaaniitti fudhachuu isaanii beeksisan. Dhama'iinsi isaa milkaa'ina argisiisaa akka deeme yommuu beeke dhi'ootti ergamoota hundumaa akka gama ofii isaatiin dhaabuu fi Waaqaan qixxaatuun ofii isaa jaje. Achii booda hundumtuu yeroo inni sagalee aangootiin guutummaa samii keessatti ajaja laatu isa dhaga'uuf turan.

Ammas ergamoonni warri amanamoon yoo inni dide maaltu akka itti dhufuuf jiru mirkaneessaniifii in akeekkachiisan. Inni ergamoota uumuu kan danda'e humna isaatiin aangoo isaanii hundumaa garagalchuu akka danda'uu fi kara barbaachisaa ta'een ija jabinaa fi fincila isaanii isa hadhaa'aa kanaaf isaaniin adabuus ni danda'a. Ergamaan tokko akka Waaqichaa qulqulluu isa ta'e seera Waaqaa faccisuu danda'a jedhanii yaaduun! Warra fineilaa jiran ergamoota sana gurra isaanii falmii gowwoomsaa Lusiiferitti cufaa akka godhani akeekkachiisani, akkasumas isaaf warra inni dhiibbaa irratti uume, gara Waaqaa dhaqanii gaaffii dhuma iyyuu aangoo isaa irraatti [14]
kaasuun dogoggora ta'uu isaa akka himataniif isaaniin gorsani.

Baay'een warri Lusiferiif gaddan, gorsa ergamoota warra amanamoo faana bu'uu fi itti quufuu dadhabuu isaaniif gaabbuudhaan deebi'anii amantaa Abbaa fi Ilmaatti galuu barbaadaniitu turan. Mormituun guddichi sun seera Waaqaa akka beeku, yoo amanee abboomamuu garboomsaa kanatti of deebisuutti walii gale kabaji isaa hundumtuu akka irraa fudhatamu dubbatee. Abboomaa ta'uun isaa lammata akka itti hin kennamnee dha. Innis isaanis duuba deebi'uu Kan hin dandeenye fagaatanii akka adeeman isaanitti hime, kana booda Ilmaaf waan hin sagadneef, rakkoo dhuma bu'aa hojii isaa irraa argamu baachuu akka qabuudha. Waaqayyo dhiifama hin kennu waan ta'eef bilisummaa isaanii labsatanii aangoo fi taayitaa ofiin isaanitti hin kennamne Sana humnaan akka qabatan dubbata. Akka kanatti Lusifer, "baattuun ifaa" ulfina Waaqaa Kan hirmaate, teessoo isaatti aanee Kan dhaabatu, daddarbaadhaan Seexana "mormituu" ta'ee argame.

Ergamoonni amanamoon waan ergamoota gidduutti ta'aa ture [15]
himuudhaaf gara Ilma Waaqaatti fiigan. Abbaanis Ilmaa isaa wajjin gaarummaa ergamootaaf, warra amanamoodhaaf aangoo isa Seexanni ofiif barbaade akkamittiin akka barabaraan akka tursan irratti marii gochuuf haasa'aa utuu jiranii argani. Waaqni guddichi gocha gowwomsaa kana battalumatti akka samii keessatti hin taaneef qabuu in danda'a ture, garuu isaaf kana gochuun yaada isaa hin turre. Finciltootaafis Ilma ofii isaa fi ergamoota amanamoo irratti jabeenya fi cimina isaanii akka qoranii beekaniif carraa wal qixxee kenneef.

Lola kana keessatti ergamaan, hundumtuu, hunduu akka argutti gama goru filachuutu irra ture. Samii keessatti lolli akka itti fu-

fuuf Seexana faana Kan bu'e eenyuunuu dhiisuun filatamaa hin turre. Kan hin jijjiramne seera Waaqaa irratti fincila dhugaa geggeessuun kun immoo kan irraa hin fayyamne barumsa barataniiru. Angafa finciltootaa kana adabuudhaaf, Utuu Waaqayyo humna isaa fayyadameera ta'ee, ergamoonni shakkan sun bakkeetti hin baafaman turan. Kanaaf iyyuu Waaqayyo, Gama kan biraa qabatee
[16] tuuta samii jiran hundumaatti firdii fi araara hubatamaa itti argisiisuu barbaade.

**Lola Samii Keessaa**:-bulchiinsa Waaqayyoo irratti lola kaasuun yakka hundumaa irra caaluudha. Guutummaan samii waan jeeqame fakkaate. Ergamoonni gareetti hirmaman, kutaan hundumtuu ergamaa mataa ta'ee isaa abboomu kan qaban turan. Seexanni seera Waaqaa irratti lola geggeessaa ture, sababiin isaas ofii isaa ol of qabuu waan fedhee fi samii keesatti Ilma Waaqayyoo akka ajajaa isa hundumaa oliitti fudhachuu waan hin barbaadneef ture.

Ergamoonni waaqaa hundumtuu Abbaa dura dhaabachuuf waamaman. Seexanni saalfii malee Kristos isa duratti kabajamuutti akka hin amanne beeksisa. Koormaatti ka'ee dhaabachuudhaan Waaqaa wajjin wal qixa ta'uu isaa beeksise. Ergamoonni warri gaariin jechoota Seexanaa dhaga'uu isaanii fi of tuulummaa kabaja hin qabne sanaaf in boo'an. Fincilli sun sanaan booda samii keessa akka hin turre Waaqayyo in beeksise. Seera Waaqayyoo isa uumama yaada qaban bulchuuf laatame sanaaf abboomamuudhaan kan argamu jireenya gammachuuf ol aanaa sanatti qabaman. Warra seera isaarra
[17] darbuu barbaadaniif falli hin jiru.

Seexanni diddaa isaatti ija jaabaate, abboomii uumaa isaar iratti yaada qabu ibsate. Ergamoota seera hin barbaachisu akka fedha isaanii isa isaaniin geggeessutti akka jiraataniif bilisoomuu qabu jedhe. Seerri, jedhe, bilisummaa isaanii irraa kan isaan dhorkuu dha, kanaafuu seera balleessuun sababii inni mormii kaaseef keessaa isa guddaa tokkoo dha.

Gammachuun ergamootaa Kan inni keessatti argamu guutummaatti seeraaf abboomamuu keessattiidha. Hundumtuu dalagaa isatti laatame qaba, hanga yeroo Seexanni fincileetti, samii keessa tartiiba mudaa hin qabnee fi gocha walii galteetu ture.

Achii booda samii keessatti lolli ta'e. Ilmi Waaqayyoo, mootiin Waaqaa fi amanamoo Kan ta'an ergamoonni angafa finciltootaa fi gartuu isaa wajjin walitti bu'an. Ilmi Waaqayyoo fi dhugaaf aman-

moo Kan ta'an ergamoonni isaa mo'atanii Seexanaa fi gartuun isaa warri isaaf gaddan samii keessaa baafaman. Kan hafan ergamoonni Waaqa haqaa kana beekanii isaafis sagadan. Cabduun fincilaa tokko [18]
illee samii keessatti hin hafne. Wanti hundumtuu nagaa ture, akkuma isaa duraa tasgabbaa'e. Ergamoonni samiidhaa carraa warra duraan isa faana gammachuu fi eebba qabaachaa turaniif mudateef in boo'an. Samii keessa kan jiran hundumaattuu badiisi isaanii in dhag'ame.

Abbaan waa'ee lafa akka dhaalaniif battalatti karoora ittiin dhala namaa uumu isaan mar'achiise. Barabaraan jiraachuun isaanii utuu hin mirkanaa'in dura haala isaan keessatti ilaalaman keessa isaan kaa'e. Oolmaa Waaqayyoo qabaatanii turan. Ergamootaa wajjin in haasa'u turan; eragmoonnis isaanii wajjin. Waaqayyo dandeettii aboomamuu dhabuu olitti isa kaa'uun qajeelaa ta'ee itti hin mul'anne ture.

[19] # Boqonnaa 2ffaa—Uumama

Abbaadhaa fi Ilmi hojii isa guddaadhaaf dinqisiisaa isa karoorsan sana eegalan biyya lafaa uumuu. Lafti harka Uumaa ishee keessaa baay’ee bareedduu taatee baate. Gaarotaa fi tulloonni galaanaa fi qaamota bishaaniitiin gargar babaafamani darbani darbanii turaniiru. Lafti guutummaatti diriiraa bal’ate utuu hin taane tessumaa lafaa naannoo walqixxaataa adeemee darbee darbee gaarriii fi tulluun gidduu seenu, gaaronni kuns akka warra ammaa kan namatti hin tolle caccabaa fi boca gara hin qabne utuu hin ta’in tooraan guddachaa yookiin gad bu’aa kan adeeman bifa bareedoo qabu turan. Duwwaa kan ta’an dhagoonni gurguddoon irra isaaniitti hin mul’ane turan, garuu akka lafee lafaatti jala keessa lafaa turaniiru.

Bishaanonni walqixxeetti darbanii darbanii tamsa’aniiru. Tul-
[20] loonni, gaaronni dhedheeroo, dinqisiisoodhaa fi mukeeti amma jiran irra dacha baay’ee kan guddatanii fi bareedan muukeetii fi ililiidhaan kan mimmiidhagan bakkeen diriirootu ture. Qilleensi ququlluudhaaf Kan fayyaa kennu yommuu ta’u guutummaan lafaa akka masaraa mootummaa isa ajaa’iba jedhamuuti. Ergamoonni kana arganii isa dinqisiisaa fi bareedaa hojii Waaqaatti gammadan.

Lafaa fi bineelda isa irra jiraatan ergaa uumanii booda, Abbaanii fi Ilmi kufaatii Seexanaa duraan Kan karoorsan yaada isaanii hojii irra oolchan; innis akka bifa isaaniitti nama uumuu ture. Lafaa fi waan lafa gubbaa jiraatu lubbu qabeeyyi hundumaa uumuuf walii wajjin hojjetan. Kana booddee Waaqayyo Ilma isaatiin “kottaa akka bifaa fi fakkeenya keenyaatti nama in uumnaa” jedhe.

Addaam harka uumaa isaa keessaa yommuu ba’e hojjaa dinqisi-isaa fi danaa/naqaa qaama/wal-qixxee bareeduun ture. Bifti isaa gu-utuudhaa fi kan bareede ture. Haalluun bifa isaa adiis daalachas miti, gara diimachuutti kan jiru sinboo calaqqisaa haallu gammachisaan guute ture.

[21] Hewwaan hamma Addaamiin hin dheerattu turte. Maataan ishee xiqqoo gatiittii isaa irra caala. Isheenis baay’ee Kan miidhagdu qaama mudaa hin qabne baay’ee bareedduu turte.

Boqonnaan kun Uma. 1 irratti kan hundaa'uu dha.

### *Uumama*

Waaqayyo waan hundumaa bareedina mudaa hin qabneen uumu iyyuu, laftis Addaamii fi Hewwaaniin gammachiisuuf homaa kan itti hin hanqatin fakkaattu iyyuu, garuu Waaqayyo jaalala guddaa isaaniif qabu jannata addaa isaaniif tolchuudhaan argisiise.

Gar-tokkoo yeroo isaanii gammachiisaa Kan ta'e hojii iddoo qonnaa Sana irratti Kan dabarsan yommuu ta'u gara kaan immoo ergamootaa isaaniin daawwatani wajjin gorsa isaanii dhaggeeffachaa gammachuu argisiisaa turu. Hojiin isaanii dadhabsiisaa utuu hin ta'in kan gammachiisuuf nama jabeessu /haaressaa adeemu/ture. Iddoon jannataa gaariin kun mana isaanii ta'uuf turte.

Jannata kana keessatti Waaqayyo gosa mukaa hundumaa akka [22]
dhimma baasuu fi bareedinaaf kaa'e. Jannata kana keessa kaa'eera. Mukeetii ulfaatoodhaa fi firii baay'ee, foolii gaarii Kan qaban, ijatti Kan bareedan, dhamdhamni isaanii gammachiisaa kan ta'aniidha. kan Waaqayyo akka cimdiin qulqulluun sun nyaataniif kan qopheesse. Ol qajeelanii kan guddatan, ba'aan firii isaanii kan ulfaate Wayinii jaallatamootu ture. Damee muka Wayiniitiin gaaddidduu golboo bareedduu Kan laatu uumanii qajeelchuun, uumama iddoo bultii uumamaa jallatamaa fi mukeetii jiraatanii fi kan isa irraa harca'u, akkasumas foolii isaanii akka kennan taasisuun hojii Addaamii fi Hewwaaniin gammachiisu ture.

Biyya lafaa magariisa kan ta'e waan bareedaa lubbu qabeessaan kan marfamte turte, naannoo Addaamii fi Hewwaanitti immoo kan baay'atan qomoo garagaraa kan ta'an haalluu addaa addaa kan qabaatan kumaatamaan kan lakkaa'aman abaaboon daraaran in argamu turan. Wanti hundinuu haala hawwataadhaa fi gammachiisaadhaan kan toora galan turan. Walakkeessa iddoo qonnaa sanatti
mukicha jirenyaatu dhaabatee ture. Surraan isaa kan mukeetii bi- [23]
raarra kan caalu ture. Iji isaa kan barabaraan isaaniin jiraachisu ture. Baalli isaas amala fayyisuu kan qabu ture.

**Addaamii fi Hewwaaniin Eden Keessatti**:-Cimdiin qullaa'oon kun jannata keessatti baay'ee gammadaniiru. Waaqayyo wantoota jiraatoo irratti aangoo daangaa hin qabne kenneef. Leencii fi Ilmoon hoola nagaa fi walii galteetti naannoo isaanii kan xabatan ykn

miilla isaanii jala kan ciisan turan. Allaattonni/sinbirroonni bifa
garaagaraa mukeetii fi ilillii naannoo Addaamii fi Hewwaan jiru irra
asii fi achi in balali’u turan; sagaleen farfannaa isaanii, yommuu
isaan Uumaa isaaniif galata galchan walduraa duubaan bareedee
in dhaga’ama ture. Addaamii fi Hewwaan bareedina mana isaanii
Edenitti gammadaa turan. Sagalee farfannaa sinbirroota naannoo isa
calaqqisaa fi simbo qabeessakoochoo isaanii uffatanii gammachuu
isaanii muuziqaa isaanii isa gammachiisaa keessaan farfachaa turan
sana isaan gammachuu qabaachaa turaniiru. Cimdiin qulqulluun sun
[24] sagalee isaanii ol fudhachuudhaan farfannaa jaalalaa sana keessatti
itti dabalamanii jaalala isaaniin marsee jiruuf galataa fi ulfina kennu.
Tooraa fi naamusa uumamaa isa beekumsaa fi oggummaa argisiisu
sana in hubatu turan.

Yeroo hundumaa bareedina haaraa fi ulfina dabalataa; onnee isaanii jaalala gadi fagoodhaan kan guute, hidhii isaanii irraa ibsa galataa fi sodaa kan uumaa isaaniif argamsiise manni isaanii Eden qabdu in argu turan.

# Boqonnaa 3ffaa—Badiisa [25]

Giddu-galeessa Jannataa, naannoo muka jireenyaa, muka isa hamaa fi gaarii beeksisutu ture. Waaqayyo karaa adda ta'een abboomamuun, amantiif jaalala isaaf qabaachuun akka barbaachisu yaada kenneef. Gooftaan maatii keenya jalqbaa muka kanattii akka nyaatanii hin duuneef abboomee ture. Muka hundumaattii akka nyaatan, garuu muka isa kanattii yoo nyaatan akka du'an isaanitti himeera.

Waaqayyo Addaamii fi Hewwaaniin Jannata bareedduuu sana keessa yommuu isaaniin kaa'e gammachuu isaaniif waan isaaniin barbaachisu hundumaa qabu turan. Garuu karoora isaa isa ogummaan guute kana keessatti. utuu guutummaatti barabaraan hin eegamin dura amanamummaa isaanii qoratee ilaaluu barbaade. Inni isaanii wajjin haasa'uuf isaanis isaa wajjin jaalala isaa qabaatanii [26]
turan. Garuu hamaa sana bakka isaan hin qaqqabne hin keenye. Seexanni akka isaan qoruuf dhiifameera. Qorama Sana keessa darbuu utuu danda'aniiru ta'eetii baruma baraan jaalala Waaqayyoo fi Kan ergamoota isaa keessa ta'u turan.

Haala isaa isa haaraa kana keessatti Seexanni in dinqisiifate. Gammachuun isaa irraa sokke. Akkuma isaa durii ergamoota gammadan turanii amma immoo samii keessaa gataman ergamoota warra turan ilaale. Isaan gidduu walitti bu'iinsa, wal dhabdee fi hadhaa'ummaan wal hammeessuutu ture. Fincila dura wantoonni kun waan hin beekamin turan. Kanaaf amma Seexanni rakkisaa kan ta'e bu'aa fincila isaa in ilaale!

Akka duraan ture Sana utuu qulqulluu, dhugaa, amanamaa, Kan gammaduu akka isaa duraanii ta'uu danda'ee silaa nan argadha isa jedhee aangoo sana argate jedhama ture. Inni garuu in bade! Bu'uura Kan hin qabne fedhiin fincila isaa bakka inni fayyifamuu hin dandeenyee ol isa taasise.

Kana qofaas miti, Warri kan biroonis fincilanii akkuma isaa haala [27]
badiisaa keessa akka ta'an godhe— ergamoonni, takkuma iyyuu hamma yeroo inni sammuu isaanii keessa buuseetti, seera Waaqaa

diduudhaaf fedhii samii gaafatanii kan hin beekne turan. Abdii kan hin qabne ta'uudhaan rakkina guddaa keessa galan. Gaarummaa guddaa qabaachuu irra bu'aa gaddisiisaa abboomamuu dhabuu fi seera Waaqaa tuffachuu irraa argame dhamdhaman.

Boqonnaan kun Uma.2:15-7, fi Uma.3 irratti kan hundaa'eedha.

**Seexanni Karaa Isaa Ilaale**:-Karaa isaa yommuu xiinxale seexanni in roqome. Qofaa isaa ta'ee kan darbe, kan amma keessa jiruu fi fuula dura isaa yaade. Fincila isaa keessatti gocha isaa sanaaf sababii waan ta'u hin qabu ture; ofii isaa qofa utuu hin taane, utuu inni samii keessatti akkuma dhugaa ta'een itti fufeera ta'ee silaa samiitti gammachuu qabaataa jiraata, gumii ergamoota hedduu abdii malee isaaniin balleesse.

[28] Fincilli akkasii hojii hiikee akka taa'uu hin dandeenye Waaqayyo beeka. Ergamoota waaqaa suukanneessuuf Seexanni karaa ittiin jibba aangoo sana irratti qabu mul'isu barbaaduu ta'a. Balbala samiin seenuuf waan hin dandeenyeef, balbalicha dura ta'ee yommuu isaan ol lixanii gadis ba'an isanitti falmuuf eeggachaa ture. Gammachuu Ad-daamii fi Hewwaaniin balleessuuf in fedha ture. Kun samiitti gadda guddaa akkanni galchu waan bareef fincilaaf isaaniin kakaasuuf waan danda'u hunda gochuuf ka'e.

**Dhala namaa irratti maluu**:-Seexanni Addaami nama gaarii fi miiltoo isaa Hewwaaniin harkisee baasuuf kaayyoo isaa duuka buutota isaatti hime. Akkuma ta'e ta'ee utuu isaan akka hin abboomamne godhee, Waaqayyo akka isaanii dhiifamuuf fala wayii in qopheessa waan ta'eef achii boodaa innii fi ergamoonni kufan biroon araara Waaqaa irraa qooddachuu dandeenya jedhee yaade.

Yoo kun hojjechuu baate immoo, Addaamii fi Hewwaanin dabalatu, sababiin isaas, isaanis seera Waaqaa irra yoo daddarban akkuma Seexanaa fi er-gamoota isaa aarii dhekkamsa Waaqaa keessa
[29] waangalaniif. Daddarbaan kun immoo, akkuma Seexanaa fi gartuu isaa warra Addaamii fi Hewwaaniin dabalatanii qabeenya Edeniin fudhachuu fi bakka jireenya isaanii godhachuu yaadanii haala ficilaa keessa isaani in galcha. Yoo muka jireenya isa walakkaa jannataa jiru bira ga'uu danda'an immoo jabeenyi isaanii akka ergamoota qulqullootaa fi akka Waaqayyoon iyyuu ta'uu dandeenya waan ta'eef keessaa nu baasuu hin danda'an jedhanii yaadan.

**Addaamii fi Hewwaan in Akeekkachiifaman**-Waaqayyo hammina yaadame sana hanbisuuf ejjennoo akka fudhataniif eramoota

walitti waame. Balaa diinaa keessa waan jirtuuf Ergamoonni Edeniin akka to'ataniif kan murtaa'e mana marii Samii keessattiidha.

Ergaammonni Addaamii fi Hewwaanitti gaddisiisaa isa ta'e oduu
fincilaa fi kufaatii Seexanaa itti himan. Achii booda mukti jireenyaa
inni walakkaa jannataa jiru akka kakuu isaa abboomamuu fi jaalala
Waaqaa ittiin mul'isaniitti achi jiraachuu isaa odeeffannoo ken-
naniif. Ergamoonni qulqullaa'oon iyyuu gammachuun isaanii fi
sadarkaan olaanaan isaan irra jiran kan inni itti fufu abboomamuu [30]
keessatti yommuu ta'u haalli isaanii kan walfakkaatuudha. Abboom-
mii Waaqayyoo eeganii gammachuu dhuma hin qabne qabaachuu,
ykn immoo, abboomamuu dhiisanii sadrakaa olaanu irra jiran dha-
banii haala abdii hin qabne keessa seenuu in danda'u turan.

Ergamaan kristoositti aansee baay'ee kabajamaan tokko seera Waaqayyo ittiin mootummaa samii bulchuuf baaseef abboomamu akka dide ergamoonni Addaamii fi Hewwaanitti himaniiru. Fincilli kun jedhan, Samii gubbaatti lola uumee innis Samii keessaa baafamuu isa fincila uume kanaatiin xumurameera; akkasumas ergamoonni aango Waaqa guddaa kana gaaffii keessa galchuun geggeessaa kana faana bu'an hundinuu Samii keessaa alatti oofamaniiru. Ergamaan kufe Kun amma kan Waaqayyoo fi Ilmi isaa jaallatan hundumaafuu diina ta'eera.

Seexana jechuun kan isaaniin miidhu akka ta'e fi ergamaa ku-
faa kanaa wajjin wal arguu waan danda'aniif of eeggachuun bar-
baachisaa akka ta'e itti himaniiru. Utuu isaan seera Waaqayyoo
eegaa jiranii isaaniin miidhuu hin danda'u ture; sababiin isaas karaa [31]
kamiinu akkanni isaaniin hin miineef yoo barbaachisaa ta'e isaaniin
gargaaruudhaaf ergamonni hundinuu Samiidhaa dhufuu ni danda'u
waan ta'eef. Garuu abboommii Waaqayyoon yoo cabsan yeroo
sanaa eegalee, Seexanni isaaniin jeequ, joonjessuu fi miidhuudhaaf
humna in argata. Seexana biraa dhimma cubbuu jalaqaba isaaniin
bira dhufe keessatti jabataniiru utuu ta'ee, isaanis akkuma ergamoota
warra Samiidhaa Kan eegaman ta'u ture.

Isa isaaniin qoru sanatti yoo of gatan garuu, waaqni innumti ergamaa kabajamaa duraanii sanaaf hin ho'in sun, isaaniinis hin dhiisu. Adabbii daddarbaa isaanii argachuutu irra jiraata, sababiin isaas Seerri Waaqaa akkuma isaa qullaa'aa waan ta'ef warra waaqaa fi lafa gubbaa jiraataniin garaa guutuu eegamuutu barbaadama.

Ergamoonni Hewwaan iddoo jannataa Sana keessatti yommuu gargaartu akka abbaa manaa isheettii addaan hin baaneef akeekkachiisanii turan, kunis immoo diina kufe Sanaa wajjin akka wal hin
[32] argineef ture. Wal irraa utuu gargar ba'aniiru ta'ee Kan yeroo lama ta'anii jiran irra Kan caalu balaan qofaatti isaaniin qaqqaba ture.

Addaamii fi Hewwaan isa hubatamaa seera Waaqaa kana akka hin cabsine mirkaneessaniif. Caalaattuu fedhii isaa eeguun gammachuu isaanii isa caalu ture.

**Qorumsaa fi Kufaatii**:-Seexanni bifa Bofaa uffachuudhaan Edeniin seene. Muka isa hamaa fi gaarii gargar baasu sana keeessa of kaa'uudhaan suutuma ija isaa nyaachuu jalaqabe.

Gara jalqabaa utuu of hin beekin, Hewwaan abbaa manaattii gargar baatee iddoo qonnaa sana seente. Waan ta'e yommuu barte, balaan akka jiru itti dhaga'ameera, garuu ammuma iyyuu, abbaa manaa isheerraa fagaattu iyyuu, akka waan homtuu irra ga'uu hin dandeenyyeetti yaadde. Wanti gadheen yoo ishee mudate beekuudhaaf ogummaa fi jabeenya qabdi turte. Ergamoonni kana akka isheen hin goone ishee akeekkachiisanii turan. Hewwaan firii mukaa dhowwameetti yaada fedhii fi dinqifannoo waliin makameetiin utuu ija babaaftuu of argite.

[33] Baay'ee kan nama gojomaasisu ta'uu isaa argitee waaqayyo maaliif akka kana cimsee akka ittii hin yaanne dhorke jechuudhaan of gaafachuu eegalte. Amma carraan Kan Seexanaa ta'e. Akka waan yaada ishee dubbisuutti isheetti haasa'e.:"dhuguma Waaqayyo 'ija mukeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran hundumaa irraa hin nyaatinaa' isiniin jedhee" jedhee jecha laafaadhaaf bareeda akka sagalee muuziqaatiin ishee dinqifannoon qabatee Hewwaanitti dubbate. Waaqayyo dandeettii dubbachuu Bofaaf akka hin kennin waan beektuuf Bofti dubbachuudhaan waan ta'e walaalte.

Fedhiin Hewwaan ol ka'e. Bakka sana daftee gadi lakkiftee sokkuu irra haasa'uu Bofaa dhaggeffatte. Kun diinichi inni kufe sun Bofa akka meeshaatti kan fayyadamu ta'ee sammuu isheetti hin argamne ture. Hewwaan itti booji'amtee, gammachuu sobaa gammaddee, jaalala ijaan gowwoomfamte. Isa ulfaata abboomaa ishee utuu dhageesseetti ta'ee akka Ergamootaatti of eeggatti turte.

Sagaleen keessummaa ta'e sun maaliif wanti biraan akkas bilisa
[34] ta'ee akka itti haasa'e gaafachuuf gara abbaa manaa isheetti ishee oofuutu irra ture. Garuu isheen Bofaa wajjin wallaansootti galte.

Gaaffii isaa deebifteef: "nuyi ija mukeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran irraa nyaachuu dandeenya. Garuu muka isa iddoo dhaabaa kana walakkaa jiru duwwaa "waaqayyo ija isaa irraa hin nyaatinaa, isattis hin bu'inaa! Kanaachi in duutu' jedheera" jette.

Bofichi immoo deebiseefii" du'a hin duutan; isin ija mukichaa irraa yeroo nyaattan iji keessan akka banamu hamaa fi gaarii bekudhaanis akka Waaqayyoo akka isin taatan inni beeka' jedheen" seexanni Kan isaan barbaade ija muka dhorkamee nyaachuudhaan Kan yommus qaban caalaatti beekumsa jaallatamaa arganna jedhanii akka yaadan taasise. Erga kufee booda hojii addaa inni hojjetee ittis milkaa'e kanaadha akka namoonni waan Waaqayyo isaanitti mul'ise qofaatti quufuu dhiisanii dhoksaa Waaqayyoo isa guddaa keessa lixaniis qoruudhaan waan Waaqayyo abboome eeguuf akka hin dhimmine isaaniin taasise. Abboommii Waaqayyoo akka isaan hin eegne isaaniin gochuudhaan sadarkaa beekumsaa birootti seenaa akka jiran isaaniin amansiise. Kun guutummaa dhumatti ta'inna [35]
laataa jechuu fi gowwoomsaa bala-qabeessa.

Waan Waaqayyo isaanitti mul'ise hubachuu dadhabaniitu, mul'ataa kan ta'e abboommii Waaqaas tuffatanii nama jalaa kan inni dhokse qorachuu barbaadan. Yaada guddinaa isaaniitiin burraaqanii falaasama duwwummaa isaaniitiin gammadan; garuu beekumsa dhugaadhaan yoo ilaalaman isaan dukkana halkan walakkaa keessa akkasumaan dhama'an.

Cubbuu kan hin qabaatin cimdiin kun hamaa akka beekaniif fedhii Waaqayyoo hin turre. Inni toluma waan gaarii isaaniif laatee hamaa immoo isaaniin dhowwateera. Hewwaan dubbii Bofa kanaa ogummaadha jettee yaadde, kanaaf falmii isaa isa bal'aa kana in fudhatte. "Hin duutan. Isin ija mukichaa ir-raa yeroo nyaattan, iji keessan akka banamu, hamaa fi gaarii beekuudhaanis akka Waaqayyoo akka isin taatan Waaqayyo in beeka." Kun Waaqayyoon kan sobsiisuudha, isaa wajjin beekumsa wal isiiniin qixxeessu akka isaa hin argnneef isaanii sossobe jechuudha. Waaqayyo, yoo nyaattan in duutu jedheera. Bofti immoo "yoo nyaattan dhugumaan du'a [36]
hin duutan"jedhe

Inni isaaniin qore sun akkuma firii sana nyaatteen Waaqaa wajjin kan wal si qixxeessu beekumsa haaraa fi olaanaa ta'e fudhatta jedhee abdachiise. Xiyyeeffannoo ishee gara mataa isaatti harkise. Kan inni dandeettii dubbachuu argateef iyyuu, firii muka isaan

akka hin nyaanneef irraa dhorkaman sanaa waanin nyaadheef jedhe. Waaqayyo dubbii isaaf akka dhimma hin qabne milikkita kenneef. Sodaachisanii waan gammachiisaa akkasii irraa dhorkuun balaadha. Akka isaan hin duunes immoo itti himeera. kan hin dune ta'uu kan dhalootatti dabarsiisu muka jireenyaattii hin nyaanne turanii isaan? Akka sadarkaan beekumsa isaanii ol hin darbinee fi isaan caalaatti akka hin kabajamnef Waaqayyo isin gowwoomse isaaniin jedhe.

Innumti ishee qoru sun firii mukichaa kutee Hewwaanitti dabarse. Isheenis harka isheetti fudhatte. Ammammoo akkas jedhe gowwoomsituun sun; akkuma hin duuneefuu hin xuqinaa isiiniin
[37] jedhamee ture mitii jedhe. Qabuu fi qaqqabuu irratti argamuu kan danda'u caalaatti yoo nyaatan iyyuu mallattoon hamaa fi du'aa argamu akka hin jirre tIlmaamuu dandeessa jedhe. Battalumatti kan mul'ate mallat-toon Waaqayyoo isheetti gaddu waan hin turreef Hewwaan ija jaabaachuu jalqabde. Dubbiin isa ishee qoru kanaa oggummaadhaa fi sirrii ta'uu qaba jettee yaadde. Nyaattee firii sanatti gammadde. Afaan isheetti kan minyaa'e fakkaate; ofii ishee keessatti dinqisiisaa kan ta'e bu'aa firii sana nyaachuu tIlmaamte.

**Hewwaanis kan Qortu Taate:-** Achiin booda isheen Firii muka sanaa muraasa cirattee nyaattee, humna firii dhorkamee sana irraan kan ka'e humna cimaa haaraa fi ol-aanaa ta'e kan itti dhaga'ame yoo ta'eef of keessatti yaadde. Harka ishee keessa Firiin muka dhorkamee Kan guute gara abbaa manaa ishee yommuu dhaqxu, keessummaa Kan ta'e naasuu uumamaan hin qabaatiiniin guutteetti. Dubbii ogummaan guute isa Bofti itti hime Sana itti himtee yommusuma gara muka beekumsa gaarii fi hamaa sanaatti geessuu barbaadde. Firii muka Sanaa muraasa akka nyaatte iyyuu itti himte,
[38] mallattoo du'aa utuu hin taane miira gammachuu fi dadammaqini akka itti dhaga'amu itti dubbatte. Hewwaan akkuma yakkiteen meeshaa Seexanni ittiin abbaa manaa ish-ee kuffisu taate.

Tokkicha seera Waaqayyo ittiin amanamummaa fi jaalala isaanii beekuuf hin godhinaa jedhee Hew-waan akka cabsite Addaamiif galeera. Hewwaan Bofichi hin duutan nuun jedheera jetti; isheetti itti gadduun Waaqayyoo itti dhaga'amaa waan hin jirreef ergamoonni akkasitti itti dhaga'ama akka jettee yaaddutti itti dhga'amaa waan jiruuf dubbiin Bofichaa dhugaa ta'uu hin ooluum jettee yaadde.

Addaam, Hewwaan isa biraa Adeemuu isheetiif gaabbiitu itti dhaga'ame, garuu amma wanti ta'e taa'era. Baay'ee Kan jaal-

laatu miiltoo isaattii addaan ba'uuf. Kun akka ta'u akkamittiin haa eyyamu? Jaalalli inni Hewwaaniif qabu jabaa ture. Abdii kutannaa guddaadhaan carraa ishee hirmaachuuf murteeffate. Hewwaan qaamuma kootiim jechuu jalqabe: yoo isheen kan duutu ta'e, yaaddoo ishee irraa gargar ba'uu baachuu sababii hin dandeenyeef, innis ishee wajjin du'uu murteeffate.

Araara qabeessaa fi garraamii isa ta'e uumaa isaa amanuu dadhabe. Waaqayyo biyyoo lafaattii kan isa uumee bareedaa kan ta'e jiraataa isa taasise, inni Hewwaaniin gargaartuu isaa godhe sun bakka isheetti guutuus akkanni danda'u inni hin yaadne. Hundumaa irra immoo, dubbiin Bofa gamna kanaa sirrii ta'uu dhiisuu hin danda'u turee? Hewwaan akkuma utuu cubbuu hin hojjetinii bareeddee yakka kan hin qabne fakkaattee isa dura dhaabachaa jirti turte. Kan kufaatii ishee duraarra caalu jaalala guddaa akka isaaf qabdu, Kun immoo bu'aa firii muka Sanaa nyaachuu kooti jettee dubbachaa jirti. Ishee keessatti milikkita du'aas hin argine. [39]

Carraa isaa fudhachuuf murteeffate. Firii muka Sanaa futee dafee nyaatee, akkuma Hewwaaniin innis bu'aa isaa battalatti hin hubanne ture.

**Mirga Filannoo Namaa**:-Waaqayyo maatii keenya jalaqabaa dhimma muka jireenyaa ilaalchisee barumsa kenneeraaf, kufaatii seexanaatii fi balaa yaada isaa dhageeffachuus guutummaatti odeeffannoo argataniiru. Waaqayyo humna yoo fedhan firii muka dhorkamee nyaachuu isaan irraa hin dhorkine. Dubbii isaa dhaga'anii, seera [40]
isaaf abboomamanii jiraachuu ykn immoo kan isaaniin qoru sana amananii Waaqaaf abboomamuu dhiisanii baduu kan filatan isaaniin taasise.

Jaalalli gaarii fi nageenyi, gammachiisa kan ta'e eebbi waan isaan irraa kaafame fakkaata; iddoo isaatti kan isaan duraan hin beekin hanqina waan tokkootu argame. Yeroo jalqabaatiif xiyyeeffannoo isaanii waan bakkeen mul'atu irra taasisan. Wayyaa kan hin uffanne akka ergamootaa ifaan kan marfaman turan. Ifni isaaniin aguugee ture kun amma isaan irraa sokkeera. Miira dhabiinsaa fi qullaa ta'uu isaanii irraa boqochuuf jecha qullaa isaaniis ija Waaqaa fi ergamootaatti ba'uun waan isaaniin dhibeef waan ittiin qaama isaanii aguuggatan barbaadan.

Seexanni milkaa'ina isaaf gammachuu guddaa gammade. Dubartittiin akka isheen Waaqayyoon shakkitu taasisee, ogummaa isaa

irratti akka isheen gaaffii kaaftuu fi karoora ogummaa isaa keessa galtee ilaaluu akka yaaltu taasise. Akkasumas karaa isheemmoo Ad-
[41] daam isa sababii jaalala hewwaaniin abboommii Waaqayyoo cabsee ishee wajjin kufe sana kuffiseera.

Waaqayyo Addaamii fi Hewwaaniin barbaadee bu'aa seera cabsuu isaanii sana itti hime. Dhiimma isa guddaa dhufa Waaqaa kana yommuu dhaga'an duraan yeroo cubbuu hin hojjetin qulqullummaan turan, kan itti gammadaan turan, amma argaa isaa jalaa dhokachuuf yaalan. "Waaqayyo gooftaan Addaamiin waamee 'eessa jirta' jedhe. Namichis ani sagalee kee iddoo dhaabaa keessatti dhaga'ee qullaa koo waanan ta'eef nan sodaadhe nan dhokadhes' jedheen." Innis akkas jedhe, "Ati qullaa kee akka taate eenyutu sitti hime? Firii isaa akka hin nyaanne mukan sitti himerraa nyaattee?" jedhe.

Gaaffii kana kan gaafateef Waaqayyo oddeeffannoo waan barbaadeef utuu hin taane warri yakka hojjetan kun akka himataniif ture. Akkamittiin qaanoftee sodaatte? Addaam akka seera irra darbe kan inni hime isa guddaa abboomamuu dhiisuu isaaf utuu hin ta'in cubbuu isaatiif Waaqa isaa komachuuf ture. "Anaa wajjin akka taatuuf ishee ati anaaf laattetu naaf kenninaanin nyaadhe." Achi-
[42] immo Waaqayyo Maaliidha kan ati goote kun? Jedhee dubartittii gaafate. Hewwaanis deebiftee, Bofichi na sossobnaan anis nyaadhe.

**Abaarsa**:Kanaa booddee Waaqayyo bofichatti dubbate "kana waan gooteef, ati horii hundumaa ir-ra, bineensa bakkee hundumaa keessaa abaaramaa in taata, ati garaa keetiin lafa irra in loota, abaaramaa in taata, bara jireenya kee hundumaatti biyyoo in nyaatta. Bofti akkuma duraan bineensota hundumaa irra ulfina qabeessa turte, boodammoo meeshaa Seexanni keessaan hojjete ta'uu isheetiin hundumaa irra abaaramtuu taate. Waaqayyo Addaamiin. "Ati dubbii haadha manaa keetii waan dhageesseef ija mukicha isa ani 'hin nyaatin!" siin jedhes waan nyaatteef lafti sababii kee abaaramaa in ta'a, ati bara jireenya kee hundumaatti itti dadhabdee isa irraa in nyaatta. Inni qoraattiidhaa fi baalaan waraantee sif in biqilcha. Atis biqilaa lafaa in nyaatta gara biyyoo lafaatti hamma deebitutti dhamaatee dafqitee buddeena in nyaatta" jedhe.

Sababii cubbuu isaanii isa muka hamaa fi gaarii beekuu firii isaa
[43] nyaachuu isaanii Waaqayyo lafa abaareera. "Lafti sababii keetiif abaaramaa in ta'a; atis bara jireenya kee hundumaattii itti dadhabdee isa irraa in nyaatta. Isa gaarii kenneefii isa hamaa jalaa dhoksee ture.

Ammammoo isattii in nyaatta jedha. Akkas jechuun bara jireenya isaanii hun-dumaa hamaa wajjin wal baru jechuudha.

Yommusii qabee, dhalli namaa qoramsa Seexanaatiin dhiphachaa jiraata. Addaamitti qooda hanga yommusiitti hojii gammachuuf hojjechaa turee, yommusii qabee jireenya dadhabbii, yaaddoo dhalootatti darbaa adeemutu itti kenname. Abdii kutannaa, gaddaa fi dhukkubbiitu isaan mudatee dhuma irratti xumuratti dhufa. Biyyoo lafaattii uumaman biyyoodhuma sanatti in deebi'u.

Mana isaanii Eden akka dhaban itti himameera. Gowwoomsaa seexanaatti qabamanii, jecha isaas amananii dubbiin Waaqaa soba jedhan. Abboomamuu dhabuu isaaniitiin Seexanaanaaf salphaadhumatti karaa bananiiru waan ta'eef Jannata keessa turuun isaaniif waan wayyu hin taane; haala cubbuu keessa jiraniin muka jireenya birammoo dhaqanii cubbuun akka barabaraan jiraatu akka hin gooneef.

Achi keessa taa'uudhaaf kadhataniiru, utuu kun isaaniif eyya- [44]
mamee iyyuu jireenya eebbaan guute Eden keessatti mirga hundumaa dhabaniiru. Gara fuula duraatti Waaqaaf akka abboomaman yaada kennaniiru. Muda maleessummaa irraa yakkatti kufuun isaanii dadhabbii guddaa malee jabeenya isaaniif akka hin dabalin itti himameera. qulqullummaatti mudaa malee utuu jiranii kan hin argatin amanamummaa, jireenya cubbuu keessatti immoo baay'ee kan gadi xinnaatu amanamummaa fi dhugaa argisiisuu danda'u. Gaabbiidhaa fi gadda gadi fagoo keessa turan. Gatiin cubbuu du'a ta'uun amma in galeef.

Ergamoonni battaluma sanatti karaa muka jireenyaatti geessu eeguuf ergaman. Addaamii fi Hewaaniin seera Waaqayyoo cabsanii jireenyi cubbuu akka barabaraan taa'uuf firii muka jireenyaa nyaachisuun kaayyoo seexanni qopheesseedha. Garuu karaa gara muka jireenyaatti geessu irraa akka dhorkaniif erga-moonni qulqulloonni kaa'aman. Naannoo kanatti ergamoonni gama hundumaatiin ifni akka billaa calaqqisaan akka calaqqisu godhaniiru.

[45] # Boqonnaa 4ffaa—Furmaata

Hundumaattuu, dhalli namaa baduun, biyya lafaa kan Waaqayyo uume, rakkinni, dhukkubnii fi duuti kan itti dhufe isa balleesseef karaan ba'umsaa akka hin jirre waan hubataniif, Samiin gaddaan guute. Maatiin Addaamiin hundumaa du'uutu eeggate.

Yeroo kana Yesus karaan ba'umsaa kan badiisi itti dhufe dhala namaatiif akka qophaa'e macca ergamootaa sanatti beeksise. Abbaa isaa kadhachaa akka turee fi ofii isaa furii taasisee akka of kenne isaanitti hime. Murtii du'aa sana ofirratti akka fudhatu karaa isaa sanyiin namaa dhiifama akka argatu isaanitti dubbate. Karaa dhiiga ofii isaa fi seera Waaqaaf abboomamaa ta'uu isaatiin ayyaana Waaqayyoo argachuudhaan ishee bareedduu Jannata sanatti deebi'anii, muka jireenyaa sanattii nyaachuu danda'u.

[46] Yesus isaan duratti karoora fayyinaa sana bane. Dheekkamsa abbaa isaa fi yakka namootaa gidduu dhaabachuuf akka jiruu cubbuudhaa fi tuffii baachuuf akka jiru, haa ta'u immoo malee muraasni qofti akka Ilma Waaqayyootti akka isa fudhachuuf jiran isaanitti hime. Guutummaan namootaa isa in jibbani, isa didanis. Ulfina isaa hundumaa Samiitti dhiisee, akka nama tokkootti lafa gubbaatti in mul'ata, akka nama tokkoottis gadi of qaba; shaakala mataa isaatiin qoramsa baay'ee argee in qorama.

Dhuma irratti, akka barsiisaatti tajaajila isaa erga raawwatee booda harka warra hamootaatti kennamuudhaan hammina Seexannii fi duuka-buutonni isaa nama irraan ga'uu danda'an hundinuu isa gub-baatti ni raawwatama. Akka yakkamaa isa hun-dumaa irraa hammaatuutti waaqaa fi lafa gidduuutti fannifamuudhaan, yeroo dhiphinaa keessa darbuudhaa fi ergamoonni illee ilaaluu waan hin dandeenyeef ija isaanii kan aguuggatan du'a dhukubsaa hundumaa irra hammaatu in ajeefama. Dhiphina qaamaa qofa utuu hin taane dhiphinni qaamaa kan ittiin hin qixxaanne dhiphina sammuu dhiphateera.

[47] Ulfaatinni cubbuu guutummaa lafa irraa hundinuu isa irra in ta'a. Du'ees guyyaa sadaffaatti akka ka'uu fi samii gara abbaa isaattis

akka ol ba'uu akkasumas cubbuu kan hojjetan Ilmaan namaaf akka araarsu isaanitti himee ture.

**Tokkicha Karaa Fayyinaa** :-Ergamoonni isa duratti gugguufanii sagadaniiruuf. Jireenya isaaniis aarsaa godhaniiru. Du'a isaatiin, jireenyi ergamootaa oolchuu kan hin dandeenye namoota hedduu akka oolchu Yesus dubbateera. Jireenya isaa qofatu abbaan akka furii Ilmaan namootaatti fudhatama. Isa booddee warri inni oolche isaa wajjiniin ta'u, du'uu isaatiin namoota baay'ee furee, humna du'aa isa qabu Seexana immoo baleessa. Abbaan Isaa mootummaa fi guddina mootummaa waaqaa jala jiran hundumaa isaaf in kenna, inni bara baraan isaan qabaata. Samiis, ishee qulloofte lafa haaraas lammata akka hin jeeqneef Seexannii fi cubbamoonni in badu.

Garuu ergamootaaf immoo dhiphina isaa keessati Ilma Waaqayyoo kan boqochiisu gargaarsa jajjabinaa akka kennaniif ol ba'uudhaa fi gadi bu'uudhaan akka isas tajaajilaniif gahee hojii [48]
isaaniif kenneera. Akkasumas immoo, dukkana Seexannii fi ergamoonni hamoon naannoo isaaniitti darbatan irraa ayyaanicha in eegu. Warra badan oolchuuf jecha seera isaa jijjiiruun Waaqayyoof hin danda'amu. Kanaaf kan jaallatu tokkicha Ilma isaa daddarbaa isaaniif dabarsee kenneef.

Nama cubbuutti kuffisuu isaatiin, Ilmi Waaqayyoo Samii teessoo ulfnaa isaa akka dhiisee dhufu waan taasisef Seexanni ammas ergamoota isaatii wajjin in gammadan. Yommuu Yesus bifa namaa isa kufaa uffatu immoo isa in moona waan ta'eef, karoora fayyinaa irraa in ittifna jedhee ergamoota isaatti dubbata.

Addaamii fi Hewwaan hamma guyyaa seera Waaqaa cabsanii cubbuu hojjetanii keessaa ba'aniitti kan itti gammadan dhaabaa Eden sana keessaa Salphinaa fi gadda hamma kana hin jedhamneen ba'an. Haalli qilleensaa in jijjiirame. Akka yeroo cubbuun hin turinii kan hin jijjiiramne ta'uun hin jiru. Dhaamocha fi ho'ina isaa itti ba'an isaan irraa ittisuuf Waaqayyo wayyaa gogaa irraa tolfame itti uwwise.

**Kan hin Jijjiiramne Seera Waaqaa**:-Sababii abboomamuu [49]
dhiisuu fi Kufaatii Addaamii fi Hewwaaniif isa dheekamsi Waaqayyoo nama hundumaa irratti dhufe guutummaa Samiitu boo'e. Waaqaa wajjin adeemuu irraa citani jeequmsa abdii hin qabne keessa galan.

Seerri Waaqayyoo, bu'uurri mootummaa isaa waaqaa fi lafa gubbaatti akkuma Waaqayyoo kan qulqulla'e waan ta'eef Waaqayyo daddarbamuu seera isaatiif jireenya ergamootaa iyyuu fudhachuu hin daneenye. Ilaalcha isaa duratti seerri isaa ergamoota naannoo teessoo isaa jiran caala baay'ee barbaachisaadha. Abbaan, nama bakka kufaatii isaatti qaqqabuuf jecha seera isaa dhabamsiisuus ta'e, irraa hirrisuu hin danda'u. Garuu llmi Waaqayyoo warri abbaan wajjin isaaniin uume, Waaqayyoon biratti fudhatamaa kan ta'e, lubbuu isaa aarsaa kennee dheekkamsa abbaa isaa baachuudhaan gatii baasuu in danda'a. Ergamoonni Addaamiif akkuma cubbuun isaa du'aa fi badiisa fide Yesus Kristos immoo jireenya hin duune akkanni fidu odeeffannoo kennaniiruuf.

[50] **Mil''uu Fuula Durattii**:-Waaqayyo wantoota barbaachisoo gara fuula duraatti yeroo inni Edenii ba'ee jalqabee hamma bishaan badiisaatti, itti fufee isa duraatti dhufa Kristos, gara biyya lafaa, Addaamitti mul'iseera. Jaalalli inni Addaamii fi sanyii isaatiif qabu Ilma Waaqayyoo gadi butee akkanni bifa namummaa uffatu, gadi of qabuu isaa kanaan immoo kan isatti amanu hundumaa akkanni ol qabu taasise.

Aarsaan akkasii guutummaa biyya lafaa fayyisuu danda'eera. Karaa aarsaa dinqisiisaa isaanii kanaa fayyina isaniif kenname kan fudhatan namoota muraasa qofaa dha. Garri caalaan namootaa waamicha waan isaan irraa eegamu guutanii fayyina guddaa kana fudhachuu hin barbaadan. Qalbii jijjiirrannaa fi abboomamuu amantiidhaan aarsaa Waaqayyoo isa isaaniif dhi'aate irratti irkachuu irra seera Waaqaa irra daddarbuu fi cubbuu filatan. Aarsaan kun kan isa fudhate warqee qulqulluurra caalaatti gati jabeessa gochuu kan danda'u gatii dhuma hin qabne akkasii qaba.

[51] **Kennaa Aarsaa**:-Akka ajaja addaa isa Waaqayyo biraatti, yeroo Addaam cubbuu isaaf aarsaa dhi'eessetti, isaaf sirna baay'ee dhukkubsaa ture. Harki isaa Waaqayyo qofti kan kennuu danda'u lubbuu baasee aarsa dhi'eessuutu irra ture. Miidhamaa dhiigaa jiru sana yommuu kasu, du'aaf dhidhiitachaa isa jiru sana, inni amantiidhaan Ilma Waaqayyoo achi ilaallachaa ture; innis isa horiin qalame sun itti fakkeeffame, akka aarsaa sanyii namaatti isa du'u sana ture.

Kennaan sirna waaqeffannaa kun, kan Waaqayyo bu'uuresse itti fufiinsaan Addaamiif yaadachiiftuu yakka fi cubbuu ofii isaaf qalbii akkanni jijjiirratu kan argisiisu ture. Gochi lubbuu baasuu

kun dhimma daddarbaa isaa keessatti miira gadi fagoo ta'e kenneef, innis du'a Ilma namaa gaditti kan isa dhiqu akka hin jirre kan argisiisuudha. Gaarummaa dhuma hin qabnee fi jaalala dorgomaa hin qabne isa nama yakkamaa fayyisuuf furii kenname kana dinqisiifate. Addaam Hoolaa mudaa hin qabne sana ajjeesaa yommuu jiru dhiiga Ilma Waaqayyoo harka isaatiin dhangalaasaa waan jiru itti
fakkaata ture. Dhugummaatti Waaqayyoof jiraatee seera Isaa isa [52]
qullaa'aaf abboomameera utuu ta'ee duuti namaas kan bineeldaas hin jiraatu ture. Garuu kennaa aarsaa, isa guddaa fi guutuu, aarfamuu Ilma Waaqayyoo sana keessa, guutummaatti abdii dhabuu irraa isa na boqochiisu urjii abdii jireenya dukkanaa isa fuula duraa ibsuu danda'utu jira.

Jalqabuma irraa mataan maatii hundumtuu akka geggeessaa fi luba mana ofii isaatti ilaalama ture. Booda keessa immoo, akka qomoon namaa lafa ir-ratti baay'achaa adeemeen, namoonni addumaan Waaqayyo kaa'e sirna waaqeffannaa kana namootaaf raawachaa turan. Sammuun cubbamootaa dhiiga horii qalamuu kanaa, dhiiga Ilma Waaqayyoo wajjin wal bira qaban. Duuti horii qalamuu, gatiin cubbuu du'a akka ta'e namni hundinuu akka beekuuf ture. Gocha aarsaatiin cubbamoonni cubbuu isaanii beeksifatanii aarsaa isa guddaadhaa fi guutuu, aarsaa Yesus Kristos ta'e isa horiin qalamu sunuu itti fakkeeffame sana eeggachuuf amantii isaanii argisuuf ta'a. Aarsaa Ilma Waaqayyoo sana malee, eebbi yookiin fayyinni
Waaqayyoon biraa cubbamaatti darbus hin jiraatu. Ulfina seera isaa [53]
ol qabuu irratti dhimmamaa dha. Seera Waaqayyoo irra daddarbuun sodaachisaa kan ta'e gargar ba'uu Waaqaa fi cubbamaa gidduutti uuma. Waaqayyo yeroo Addaam hin yakkin sana kallattiidhumaan bilisa ta'ee uumaa isaa wajjin akka haasa'u godhee ture. Erga inni cubbuu hojjetee garuu. Gooftaan dhala namaa wajjin kan walquunnamu karaa Kristosii fi ergamoota isaa ta'e.

[54]

# Boqonnaa 5ffaa—Bilisummaa

Warra Isa irratti fincilan keessaatti akka waan hin jirree fakkaatan iyyuu Waaayyo yeroo hudumaa iyyuu namoota qaba. Fakkeenyaaf, bidiruu isa iddoo bishaan badiisaa jalaa itti baqatan akka ta'uuf Waaqayyo abboomee, Nohi tolche sanatti namoota sadetti, Nohii fi maatii isaa, qofatu gale. Bara Waaqa-malee ta'uun baay'ee ta'ee keessa Heenok Waaqayyoo wajjin adeeme. Waaqayyo qomoo isaa dhiisee Kana'aaniin akka dhaquuf Abrhaamiin waame. Ijoolleen isaa warri Israa'eloota jedhamanii beekaman, hamma yeroo beelli Gibxitti, lafa isaan booda keessa itti garboomaniitti, isaan oofuutti achi Kana'aaniin jiraatan. Kuni akkamittiin Waaqayyo dhaloota Kristos dura gara waggaa kuma tokkoo keessa warra garbummaa Misir jala turan inni itti bilisa baase seenaa dinqisiisaa dha.

[55] Baroota hedduudhaaf ijoolleeen Israa'el warra Gibxiif garboota ta'anii turan. Gara Gibxiin kan dhaqan maatii muraasa qofa yommuu ta'u, garuu achitti saba guddaa ta'an. Waaqa tolfamaadhaan marfamanii baay'een isaanii beekumsa Waaqa dhugaa gatanii seera Isaas irraanfataniiru. Akkasumas waaqeffannaa ija biiftuu, ji'aa fi urjootaa, akkasumas bineelda bifa fakeenyaa, hojii harka namaa isa kan warra Gibxii waaqefachuuf itti dabalamaniiru.

Garuu Ibrootuma gidduu beekumsa Waaqa dhugaa, uumaa waaqaa fi lafaa, kan ol kaa'an jiru turan. Warri amanamoon dhiphachaa turan waan ta'eef rakkina isaanii keessatti Waaqa isa nama garbummaa warra Misirii irraa bilisoomsu, Gibxii akkanni isaaniin baasee waaqa nam-tolchee waaqessuu fi haalota naannoo isaaniitii isaaniin mancaasu irraa bakka isaaniin bilisomanitti akka isaaniin geessuuf iyyatan.

Baay'een Ibrootaa kan waaqa tolfamaadhaan faalaman ta'ullee,
warri amanamoon jabaatanii dhaabatan. Amantii isaanii utuu hin
[56] haqin isaa tokkicha. isa dhugaa fi jiraataa kan ta'e Waaqa qofaaf
akka gugguufan dhugaa ba'aniif. Yeroo uumamaatii qabee jiraachuu
Waaqaa fi aangoo qabeessa ta'uu isaa irra deddeebi' anii raga ken-
naniif.

Boqonnaan kun Bau.5-15 kan hundaa'uudha.

Warri Misir amantii fi Waaqa warra ibrootaa beekuuf carraa argatan. Amantii amantoota warra Waaqa dhugaa waaqessan kanaa tuffachuu barbaadan, mareedhaanis, waan tokko tokko abdachiisuudhaanis, miidhaa hadhaa'aa geessisuudhaanis isaaniif raawwachuu waan dadhabeef immoo in jeeqaman.

Mootonni Gibxii warri dhuma irra teessoo mootummaatti ol baafaman gara jabeeyyii, warra saba Ibrootaa baay'ee miidhan turan. Jaarsoliin Israa'elootaa amantii Israa'el isa liqimfamaa ture sana abdii Waaqayyo Abrhaamiin abdachiise fi dubbii raajii isa Yooseef du'a isaa jala waa'ee gadi lakkifamuu Israa'eliin dubbate yaadachiisanii jajjabeessaa turan. Kaan kaan dhaga'anii amanaan; Kaan immoo haala gaddisiisaa keessa turan ilaaluudhaan abdii qabaachuu [57]
hin dandeenye.

Fari'oon immoo Waaquma harka isaa keessaa bilisa jara baasu arguudhaaf koormaadhaan in dubbata ture. Dubbiin kun immoo Isaraa'eloota hedduu duraa abdii isaanii balleesse. Haalli jiru kan mootichii fi gorsitoonni isaa dubbatan baay'ee kan fakkaatu ta'ee argame. Garboota akka ta'an waan beekaniif miidhaan hammamii yoo irra ga'e iyyuu danda'uudhaan akkaataa namni isaan hojjechiisuu barbaadetti hojjechuuf qophaa'oo turan. Ijoolleen dhiiraa isaanii barbaadamanii ajjeefamu turan. Jireenyumti mataa isaanii iyyuu ba'aa ture, kan isaan amanaanii fi waaqessan garuu Waaqa waaqotaati.

Haala mataa isaaniitii fi kan warra Gibxiin warra tasuma iyyuu Waaqa jiraataa oolchuufis baleessuufis aangoo isa qabutti kan hin amannee wajjin wal bira qabanii ilaalan. Kaan kaan isaanii bifa fakkeenyaa mukaa fi dhagaa irraa tolfaman waaqa tolfamaa waaqessu, kaan immoo ija biiftuu, ji'aa fi urjoota waaqessuu filatan. Haa ta'u malee garuu isaan sooreyyii fi fayya buleeyyi turan. Ibroota keessaa tokko tokko immoo Waaqni dhugaan utuu waaqota hundumaan oli [58]
ta'ee, silaa saba waaqa nam-tolchee waaqeffattu kanaaf garboota nun taasisu ture jedhu.

Waaqayyo kadhannaa saba isaa warra cunqurfaman deebisee biyya Misirii humna isaa isa dinqisiisaan, warri Misir waaqni Ibroota warra isaan tuffatan sun Waaqa hundumaa ol ta'uu isaa hamma dhugaa ba'anitti hojjetee isaaniin Yeroonni itti baasu in gahe. Waaqayyo sabni biraan waa'ee humna isaa akka dhaga'anii

fi hojii isaa isa dinqisiisaan akka na'an taasisuuf, sabni sunis isa ajaa'ibsiisaa hojii isaa akka odeessaniif, akka isaan waaqota namtolchee irraa deebi'aniif akkasumas waaqeffanna dhugaa akka isa waaqessaniif maqaa ofii isaa in kabajchiisa.

Israa'eloota warra Misir harkaa baasuu keessatti, Waaqayyo warra Misirtii, saba addaa kan Isaaf ta'an Ibrootaaf araara akka godhe mullinatti itti argisiise. Fari'oon karaa kamiinuu hin amanu waan ta'eef, Waaqayyo firdii isaa isa gubbaatti raawwachuun barbaachisaa akka ta'e arge, muuxannoo gaddisiisaan illee yoo ta'e inni waaqota hundumaa irra akka caalu akkanni beekuuf godhe. Inni humna Waaqummaa fi qajeelummaa isaa guutummaa biyya lafaatti
[59] akka dubbatamuuf hubatamaadhaa fi dhugaa hin haalamne saba hundumaaf in kenneef. Waaqayyo humna kana argisiisuu kan inni yaadeef amantii saba isaa akka inni jabeessuu fi dhalooti isaan booda dhufan amanmummaadhaan isa qofaa waaqessanii innis dinqii kana akka isaaniif raawwatuuf ture.

Labsii isa utuu cidiin hin kennaminiif xuubii hojjechuu Fari'oniin baase booda, Waaqayyo. Museen waan Isa hin beekin kan of fakkeesse ta'us, gaaffii isaa akkanni raawwatuuf, akka isa dhiibuu fi aangoo isa hundumaa olii akkanni qabu dhugaa ba'uuf akka jiru itti himeera.

**Dha'icha**:-Dinqiin ulee Bofatti deebisuu, galaana immoo dhiigatti jijjiiruu isa jabaa garaa Fari'ooniin akkanni Ijoollee Israa'eliin Gadi lakkisu hin taasifne, garuu jibba inni Israa'eloota irratti qabu jabeesseera. Hojiin xibaartotaa, Museenis xibaarummaadhaan dinqii sana hojjete jedhee akkanni amanu taasise. Garuu. dha'ichi fattee yommuu balleeffameef, dubbiin akka inni yaade akka hin taane ragaa baay'ee argate. Waaqayyo libsuu ijaatti dhabamanii akka isaan
[60] owwaaratti deebi'an gochuu in danda'a ture; inni garuu akkas hin goone ture mootichiif warri Misir hunduu hojii xibaaraati akka hin jenneef dhiise. Fatteewwan du'aniiru, namoonni walitti qabaniitu tuulan. Ofii isaanii duratti qaama fattee tortoranii qilleensa faalanii ilaalan. Asitti mootichii fi warri Misir hundumtuu duwwaa kan ta'e faalasama isaanii, hojiin kun firdii Waaqayyoo ti malee hojii xibaaraa akka hin ta'in ibsa kennuufii hin dandeenye ture.

Xibaartummaan Injiraanii isa akka dha'icha itti aanuutti fayyadu argamsiisuu hin dandeenye. Ofii isaanii warruma Misiriifuu dha'icha Injiraanii argisiisuuf Waaqayyos akka isaan kana godhaniif

hin eyyamneef. Sababii fari'oon hin amanneef hundumaa baasuu barbaade. Xibaartonni illee "kun quba Waaqayyoo ti" akka jedhan taasise.

Itti aansee dha'ichaa hoomaa titiisaatu dhufe. Akka titiisa warra miidhaa hin geessifne waqtii tokko tokko nu jeeqan miti. Utuu akkas hin taane Titiisonni Waaqayyo Misiritti fide gorguddoodhaaf kan nama hiddan turan. Ilkeen isaanii kan baay'ee namas horiis kan dhukkubsan turanii dha. Waaqayyo saba isaa wara Misir irraa [61]
addaan baasee naannoo isaaniitti Titiisichi akka hin argamne godhe.

Gooftaan dha'icha dhukkubaa horii isaanii irratti ergee yommuu kana immoo dha'ichi kun warra Ibrootaa akka hin xuqne taasise waan ta'eef kansaani keessaa tokko illee hin duune. Itti ansee dha'ichaa hiita madaatiin namaa fi horii hundumaa irratti ba'e; xibaartonni mataadhuma isaanii iraallee dha'icha kan ittisuu hin dandeenye. Gooftaan dha'icha cabbii abiddaan makame qawweessaa fi balaqqeessa qabu warra misiritti erge. Akka carraa ta'e akka hin jedhamneef Yeroon dha'ichoonni kun itti ta'an durfamee dubbatama ture. Guutummaan biyya lafa ajaja Waaqa ibrootaa jala akka jiru itti argisiise—Bakakkaan, cabbiin fi bubbeen sagalee isaaf akka abboomaman. Fari'oon gara jabeessi inni altokko "eenyuu dha Waaqayyo ani kanan dubbii isaaf abboomamu?" kan jedhe, gadi of qabee akkas jedhe, anatu yakke... Waaqayyo qajeelaa dha aniif sabni koo cubbamoota" jedhee Waaqayyoon kadhateefii qawweessaa fi balaqqeessa kana akka irraa dhaabsisuuf Musee kadhate.

Yeroo itti aanutti Waaqayyo sodaachisaa kan ta'e hoomaa [62]
hawwaannisaa itti erge. Israa'el Misirii ak-ka ba'aniif Waaqayyoof gadi dhiisuu irra mootichi dha'icha filate. Gaabbii tokko malee mootummaa isaa dha'ichoota firdii Waaqaa isaa sodaachisoo jala galche. Achii booda gooftaan Misiritti dukkana erge. Namoonni callisaniidhuma ifa hin dhabne; qillensumti isaalle arganuuf kan nama dhiphisu ture. Ibroonni garuu qilleensa haaraa fi ifas mana isaniitii qabu turan. Gaaffi Musee isa dhumaa kan morman mootichaa fi luboota Waaqa tolfamaa sana turan. Sabni sun Ijoolleen Ibrootaa akka adeemaniif eyamaniiru. Museen fari'oonii fi saba Misiriin amalaa fi dhiibbaa dha'icha dhumaa beeksisee ture. Ma-na hundumaa keessaa ilmi hangafni in du'a. Galgala gaafa sanaa Misiriif hamaa kan ta'e warra Ibrootaaf immoo baay'ee kabajamaa ture. Ayyaaneffannoo faasikaa jalqabameetu ture.

Mootii warra Misir isa of tuulaa fi saba waaqa namtolchee waaqeffatu sanaaf waan Waaqni waaqaa gaafatu fudhachuun baay'ee ulfaataa ture. Dha'ichi dha'icha boodaan warra Misiritti dhufee,
[63] mootichi aarii Waaqa biraa isatti dhufe caalaa waan biraan akka hin dhiibamin beekee abdii kutate.

Dha'ichi inni tokko xinnoodhuma isa duraan ta'e irraa siqeetu caalaa itti hammaatee dhufaa ture; inni kun immoo kan duraan ta'an hundumaa irra kan sodaachisu ture. Garuu mootiin of tuulaan sun gar malee aaruudhaan gadi of qabuus dide. Halkan sodaachisaa sanaaf warra Israa'el gidduutti qophaa'ummaan guddaan akka ta'aa jiru warri Gibxii yommuu baran, mallattoo dhiigaa Israa'eloonni michichila mana isaanii irratti godhatanitti in kolfan.

Israa'el qajeelfama Waaqayyo isaaniif kenne hordofan, ergamaan du'aa manaa gara manaatti warra Gibxiin gidduu yommuu darbe, isaan hundinuu adeemsaaf qophaa'anii eyyama mootii didaa sanaaf gurguddota isaa eegaa turan.

"Halkan walakkaa yommuu ta'e Waaqayyo biyya Gibxii keessaa angafa kan ta'e hundumaa, dhala mootichaa isa angafa teessoo isaa dhaaluu jalqabee hamma dhala nama hidhamee mana boollaa keessa
[64] jiru isa angafaatti akkasumas hangafa horii hun-dumaa in dha'e."

"Yommuus mootichi halkaniin Museefi Harooniin waamsisee, Ka'aa isin, Israa'eloonni saba koo kees-saa ba'aa! Akkuma gaafattanii turtan dhaqaa Waaqayyoof hojjedhaa. Akkuma jettan bushaa'ee keessan, saawwa keessan fudhadhaatii dhaqaa! Anis immoo eebba akkan argadhu godhaa! Jedheen. War-ri Gibxii, nuyi hundumti keenya in dhumna waan jedhaniif, jara biyya sana keessaa baasuudhaaf, jabeessanii itti ariifatan."

"Kanaaf jarri bukoo utuu raacitiin itti hin nammin fudhatanii, qoda bukoo isaanii wayyaa isaaniitiin hidhanii gatiittii isaanii irra kaa'atan. Israa'eloonni akka Museen isaanitti hime in godhan. Mi'a meetiif warqee irraa hojjetaman, uffatas warra Gibxii irraa argachuf in gaafatan. Waaqayyos wanta jarri gaafatan akka isaa kennaniifitti, jara warra Gibxiin duratti faara tolaadhaan akka ilaalaman in godhe; akkasitti jarri warra Gibxii irraa guurratanii in ba'an."

[65] Waqayyo kun utuu hin rawwatamin waggaa dhibba afur dursee Abrhaamitti beeksisee ture "Waaqayyo yommus Abraamiin, sanyii kee biyya kan isaanii hin ta'in keessatti gala ta'uuf, achittis garbummaatti hojjechuudhaaf, waggaa dhibba afur cunqurfamuuf akka jiran

dhugaa isaa beeki! Garuu ani saba isaa hojjetaniif sanatti adaba nan fida, booddees qabeenyaa guddaa fudhatanii achii in ba'u." Uma. 15:13,14.

"Sabni makaman baay'een isaanii wajjin adeeman bushaa'een sawwan baay'eenis." Ijoolleen Israa'el waan isatti hin gurguratiniif kan Fari'on kan in ta'in qabenyaa isanii wajjin, Gibxii ba'anii. Yaqobii fi ijoolleen isaa horii isaanii fudhatanii Gibxitti gadi bu'anii turan. Israa'eloonni lakkoobsaan biyyichatti hedduu guddatan. bushaa'ee fi saawwan isaa baay'ee dabalan. Dha'icha itti erguudhaan Waaqayyo Gibxitti murteessee waan isaan qabanii wajjin Israa'eloota ariitiidhaan akka isaan baasisan taasise.

**Utubaa Ibiddaa**:-"Jarri Suukootii ka'ani, Etaam qarqara lafa onaa buufatan. Waaqayyo akka isaan halkaniif guyyaa adeemuu danda'aniif, guyyaa utubaa duumessaatiin, isaan dura adeemee karaa [66]
isaan-itti argisiisee, halkan immoo utubaa Ibiddaatiin isaaniif ibse. akkasittiin isaan in geggeesse. Guyyaa utubaan dumessaa, halkan immoo utubaan ibiddaa fuula jaraa duraa hin dhabamne ture."

Warri Ibrootaa Gibxii ba'anii guyyaa muraasa booda warri Gibxii dhufan isaan ba'aniiru waan ta'eef lammata dhufanii siif hin hojjetan jechuudhaan mootichatti himan. Gibxii akka isaan ba'aniif eyyamuu isaaniif in gaabbani. Tajaajila Israa'elootaa dhabuun isaaniif dhabiinsa guddaa dha waan ta'eef akka isaan adeemaniif dhiisuu isaanii itti hin tolle ture. Firdiin Waaqayyo biraa kan ta'e gara jabina isaaniitiif irraa ka'e dhiphinni sun hundi irra ga'u iyyuu, humnaan dhaqani Israa'eloota deebisanii Gibxitti fiduuf murteeffatan. Mootichi warraana hedduu fi konkolaataa fardaa dhibba ja'a ofii wajjin fudhachuudhaan isaaniin faana bu'ee galaana qaraqara buufatanii utuu isaan jiranii isaaniin qaqqabe.

"Yeroo mootichi isaanitti dhi'aate, Israa'eloonni ol ilaalanii, kunoo, warri Gibxii booddee isaaniitiin isaan hordofaa akka dhufan argan; yommus Israa'eloonni guddaa sodaatanii gara Waaqayy- [67]
ootti in iyyan; Museedhaan immoo. biyya Gibxii keessaa iddoon owwaalaa waan hin jirreef, as lafa onaatti akka dhumnuuf nu fiddee? Inni ati biyya Gibxiitii nu baafte kun maal nurratti hojjechuu keeti? Wanti nuyi, 'kottu nu dhiisi, warra Gibxiif garba taanee in hojjetna!', Gibxii keessatti sitti himne isuma kana mitii ree? Nuyi lafa onaa irratti dhumuu irra, warra Gibxiif hojjechuu nuuf wayya ture jedhan"

"*Museen immoo, Saba sanaan, warra Gibxi warra har 'a argitan kana deebitanii akka kanatti lammaffaa waan hin argineef, hin sodaatinaa, jabaadhaa dhaabadhaatii, har a gochaa Waaqayyo isin fayyisuudhaaf raawwatu ilaalaa!*"

**Gadi Lakkifamuu Gaalaana Diimaa Biratti**:-"Waaqayyo yommus Museedhaan, 'maaliif gara kootti iyyatta, ka'anii gara fuula duraatti akka adeemaniif lsraa'elootatti himi! Atimmoo, ulee kee ol fuudhii, harka kee galaanicha irratti diriirsi, Israa'eloonni galaanicha yommuu ce'an lafa gogaa irra akka adeemaniif galaanicha gargar
[68] hiri'! Museen Waaqayyo akka saba isaaf hojjetu akkanni beeku barbaada. Wanti Museen barbaadu sun carraa Waaqaayyo fedhuu dha. Hamma danda'an ergaa adeemanii, amma iyyuu Museen fuuluma duratti akka isaa adeeman gaafachuudha. Ulee Waaqayyo isaaf kenne galaanicha ittiin gargar hiruudhaaf dhimma itti ba'uu qaba ture.

"Ani akka isaan mataa jabaatan nan godhaa,; ani yommuus mootichaa fi loltuu isaa hundumaa konkolaataa isaa, abboota fardeenii isaa irratti ulfina nan argadha; yeroo ani mooticha irratti, konkolaata isaa irratti, abboota fardeenii isaa irrattis, mo'icha argadhutti immoo, warri Israa'el ani Waaqayyo akkan ta'e kanaan in beeku jedhe.

"Yommus ergamaan Waaqayyo inni macca Israa'el dura adeemaa ture, ka'ee gara isaa booddeetti in darbe; utubaan duumessaa sunis isaa fuula duraa ka'ee isaa booda in dhaabbate. Utubaan duumessichaa sun macca warra Gibxii fi macca warra Israa'el gidduu goree gar tokkotti duumessaa'ee dukkaneesse. Gara kaanitti immoo halkan in ibse; akka kanatti halkan sana guutuu macci inni tokko isa kaanitti hin dhi'aanne ture."

[69] Duumessumti inni Israa'elootaaf ifu isaaniitti duumeessa dukkana limixii isaa dura waan tureef warri Gibxii warra Ibrootaa arguu hin dandeenye ture. Akkataa kanatti Waaqayyo saba isaaff jaalala fi eeggannaa isaaniif qabu ragaa kennee, amantii dhabuu fi guungummii isaaniif isaaniin ifatee, isa in amantumoo hin amantan kan jedhu qoruuf humna isaa mul'ise.

"Museenis harka isaa galaanicha irratti in diriirse; Waaqayyo immoo halakan sana guutuu qilleensa baha Biiftuu isa jabaadhaan galaanicha gara booddeetti in deebise; bishaanichis erga gargar hirame galaanicha gidduu lafa gogaa godhe. Israa'eloonni galaanicha

gidduu lafa gogaa irra in adeeman; bishaanichis mirga isaanii fi bita isaaniitti akka keenyanii isaaniif ta'e." bishaanni ol ka'ee gama lamaaniinuu akka keenyanii dhaabbate, Ijoolleen Israa'el galaanicha gidduu lafa gogaa irra adeeman.

Galagala gaafasii Israa'eloonn waan harka isaaniitti galaniif warri Gibxii gammadaa bulani. Fuula dura warra Israa'el galaanni diimaan diriiree waan tureef, loltoonni baay'een suni immoo du-
ubaan itti siqanii waan jiraniif Israa'elootaaf Karaan ba'umsaa akka [70]
hin jirretti yaadan. Ganama gara galaanichaatti siqani yommuu isaan ilaalan, karaa gogaatu galaanicha gidduu jira, bishanni hiramee garanaa fi garasiin akka keenyaniitti dhaabataa ture; sabni Israa'el laficha gogaa gubbaa adeemanii walakkaa galaanichaa ga'aniiru. Warri Gibxii itti aansee maal gochuu akka jiran murteessuu xiqqoo turan. Yeroo Ibroonni harkuma isaaniitti deebi'anii turan, qabachuus akka danda'an mirkaneeffatanii yommuu turan karaan tasuma iyyuu hin eegamne, galaanicha keessatti baafameef arganii abdii kutatannii dheekkamsaan guutan. Ammas duukaa bu'uudhaaf murteffatan.

"Warri Gibxi, fardeen mootichaa, konkolaattonni isaa, abboonni fardeenii isaa hundinuu Israa'elota ari'anii isaan booddeedhaan galaanicha lixan. Yeroo darbe dammaqa bariitti Waaqayyo utubaa abiddaa fi duumessaa keessaan macca warra Gibxii Sana gadi ilaalee gara itti goran isaa wallalchise. Akka isaan danqamaan adeemaniif geengoon konkolaattota isaanii rakkinaan akka naanna'u in godhe;
warri Gibxiis, Waaqayyo, nu warra Gibxii irratti Ka'ee warra Is- [71]
raa'eliif waan loluuf kottaa isaan duraa in baqannaa! Jedhan"

Karaa waaqayyo saba isaaf qopheesse irra warri Gibxii adeemuu dadhaban, eragmaan Waaqayyoos loltoota isaanii gidduu adeemee, geengoo Konkolaataa isaaniis buqqise. Dha'icha isaanitti ta'e. guddin isaanii baay'ee suuta ta'ee yaadda'uus jalqaban. Firdii Waaqni Israa'el biyya Gibxitti isaani irratti akka sabni isaa gadi lakkifamaniif Fide yaadatanii, amma immoo Waaqumti kun harka Israa'elootaatti guutummaatti dabarsee nu kennuuf jedhanii yaadan. Waaqayyotu Israa'eliif lolaa jira jechuudhaan waliif galan, guddaas sodaatanii isaaniin jalaa ba'uudhaaf fiigicha jalqaban; yommus Waaqayyo Museedhaan. bishaanichi warra Gibxii irratti konkolaattota isaaniif abboota fardeenii isaanii irratti walitti akka deebi'uuf, ati harka kee galaanicha irratti diriirsi! jedhe."

“Museen harka isaa galaanicha irratti diriirsee, barii lafaattis
warri Gibxii baqachaa utuu jiranii, galaanichi akka isaa duraatti
[72] in deebi’e; Waaqayyo akkasittiin warra Gibxiin galaana keessatti
in hanbise. Bishaanichi walitti deebi’ee, konkolaattota, abboota fardeenii, loltuu mootichaa warra isaan hordofanii galaana keessa lixan hundu in liqqimse: isaa keessaa namni tokko illee hin hafne. Israa’eloonni garuu bishaanichi gara mirga isaanii tii fi gara bita isaaniitiin keenyan ta’eef, galanicha keessa lafa gogaa irra adeemanii ce’an.”

“Waaqayyo akkasittiin gaafas warra Israa’el harka warra Gibxii in oolche; warri Iraa’el reeffa wara Gibxii qarqara galaanaati argan, sabni Israa’el Waaqayyo irree Isaa isa guddaadhaan warra Gibxii irratti waan hojjete yommuu argani, isa in sodaatan; isaa Waaqayyoon Musee garbicha Isaas in amanaan.”

Ibroonni isa dinqisiisaa irree Waaqayyoon badiisa warra Gibxiin keessatti mul’ateef farfannaadhaan, ho’a kan ta’e galata amansiisaadhaan dhugaa ba’an.

# Boqonnaa 6ffaa—Seericha [73]

### Abboommii Kurnan:

**Seera Waaqayyoo Isa Siinaatti Dubbatame** :- waaqayyo milikkita humna isaan akkasittiin kenneefii boda, inni eenyu akka ta'e isaanitti hime. "Ani Waaqayyo gooftaa kee isa mana garbummaa biyya Gibxii keessaa si baaseedhaa." Waaqumti inni warra Gibxitti humna isaa argisiisaa ture ammammoo saba isaatti dubbachaa jira.

"Waaqayyoolii kan biraa tokko illee ana biratti hin qabaatin, bifa qirixame fakkeenya wanta ol waaqa irra jiruu, gadi lafa irra jiruu, yookiis bishaan keessa lafa jala jiru hin tolfatin. Ati bifa fakkenyaa kanaaf hin sagadin, isaafis hin hojjetin, ani Waaqayyo Gooftaan kee, Waaqa inaafaadha, cubbuu abbootaa hamma dhaloota sadii
hamma dhaloota afuriittis harka ijoollee warra na jibbanii keessa nan [74]
barbaada, dhaloota warra na jaallatanii, abboommii koo eeganiitti garuu, kumaatama isaaniitti gaarummaa koo nan agarsiisa."

"Ani Waaqayyo nama akkasumaan maqaa koo dha'u utuun hin adabin waan ani hin dhiifneef, ati maqaa koo maqaa Waaqayyo Gooftaa keetii akkasumaan hin dha'in"

"Guyyaa sanbataa qulqullinatti eeguudhaaf yaadadhu, guyyaa ja'a hojii kee hojjedhu, jiruu kees hun-dumaa godhadhu, guyyaan inni **torbaffaan** garuu sanbata ana Waaqayyo gooftaa keetiif eegamuudha. Ati ilmi kee, intalli kee, hojjetaan kee, hojjettuun kee, horiin qe'ee kee, galaan kellaa kee keessa jirus isatti hojii tokko illee hin hojjetin. Ani Waaqayyo guyyaa ja'a keesatti bantii waaqaa fi lafaa, galaana wanta isa keessa jiru hundumaas umee, guyyaa torbaffaatti nan boqodhe kanaafis ani Waaqayyo guy-yaa sanbataa nan eebbisee, nan qulqulleesses.

Boqonnaan kun Bau.19, 20, 25-40 kan hundaa'uu dha.

"Biyya ani Waaqayyo Gooftaan kee siif kenne, keessa bara [75]
dheeraa akka jiraattuuf, abbaa kee fi hadhaa keef ulfina kenni.

"Hin ajjeesin.

"Hin ejjin.

“Hin hatin.

“Nama irratti sobaan dhugaa hin ba’in.

“Mana namaa duraa fudhachuudhaaf hin hawwin, haadha manaa namaa, hojetaa isaa, hojjettuu isaa, Qotiyyoo isaa, Harree isaa, waan kan isaa ta’e duraa fudhachuudhaaf hin hawwin.

Abboommiin inni duraa fi lammaffaan, kana Waaqayyo duubatte akka waaqa tolfamaa hin waaqessineedha, sababiin isaas waaqa tolfamaa waaqessuun, hamma nama aarsaa taasisanitti waan adeemsisu cubbuu fi fincilatti waan nama geessisuufiidha. Waaqayyo wantoota jibbisiisoo keessaa isa dhumaatti illee akka nuyi hin buuneef irraa nu eeguu barbaada. Abboommiin warri jalqabaa arfan hidhata namaa fi Waaqayyoon gidduu jiruuf kan kennamaniidha.
[76] Inni arfaffaan immoo Waaqa guddaa fi sanyii namaa kan walitti qabsiisuudha. Addumaan sanbatni immoo kennamuun fayidaa namaa fi ulfina Waaqayyof. Warra dhumaa ja’an walii walii keenyaaf waan nuyi gochuu qabnu kan argisiisuudha.

Sanbati namaa fi Waaqa gidduutti akka mallattoo ta’uuf kenname. Akka kanatti inni mallattoo— sanbataa kan eegan hundumti isaanii sana gochuu isaaniitiin waaqeffattoota Waaqa jiraataa isa waaqaa fi lafa uumee ta’uu isaanii argisiisu. Sanbatni hanga inni lafa kana gubbaatti kan isa tajaajilan qabuutti Waaqayyoo fi saba isaa gidduutti mallattoo ta’ee jiraata.

“Namoonni sun hundinuu qaqqawwee, guca boba’u, sagalee fiinoo, tulluu aarus in hubatan; kana irraan kan ka’es na’ani hoollatan, achi irraa fagaatanii in dhaabatan. Jarri yommus Museedhaan, ‘nuyi akka hin dhumnetti Waaqayyo nuu wajjin akka dubbatu hin godhin ati nuu wajjin dubbadhu!’ Jedhan.

“Museen immoo saba sanaan Waaqayyoon sodaachuun isin bira
[77] akka jiraatuf isinis cubbuu akka hin hojjenneef Waaqayyo qoree isin ilaaluudhaaf hin sodaatinaa jedhe. Yommus sabni irraa fagaatee in ijaajje; Museen garuu gara duumessa gurraacha dukkanaa’aatti in dhi’aate.

“Yommus Waaqayyo Museetti dubbatee, ati lsraa’elotaan Waaqayyo akkana jedha: ani waaqa irraa isinitti dubbachuu koo ofii keessanii iyyuu argitaniittu.” Ulfinaan Siinaatti mul”achuun Waaqayyoo, warra lafa irraa wajjin dubbachuu argamuun Isaa fide qaqqawweessaa fi balaqqeessi daawwannaa Waaqaa wajjin argame, sammu namoota sanaa sodaa fi safeeffannaa isa sodaachisaa arga-

muu Waaqayyoo irratti akka qabaatan taasiseera. Isa cimaa ulfina isaa baachuu waan hin dandeenye ta'ee isaaniin sodaachise.

**Balaa Waaqeffannaa waaqa nam-tolchee**:-Amma immoo Israa'eloota Waaqa tolfamaa irraa ittisuu barbaade. "Isin ana dhiiftanii Waaqayyolii meetii irraa, yookiis waaqayyoolii warqee irraa hojjetaman hin tolfatina!" isaaniin jedhe. Waaqa dhugaa bakka buufachuudhaaf bifa fakkeenya tolfachuudhaan Balaa fakeenyaa warra Gibxiin faana bu'uu keessa turan.

Waaqayyo Innumti qofaan kaayyoo waaqeffannaa akka ta'uu [78]
qabu akka isaan hubatan in barbaada ture. Saba naannoo isaanii warra waqa tolfamoo waaqessan yommuu injifatan, bifa fakkeenyaa isaanii guutummaatti akka balleessaniif malee akka kaa'ataniif hin turre. Waaqonni tolfamoon sun namoota waaqa tolfamoo waaqessan kana qoruu kan danda'an baay'een isaani gatii guddaa kan baasan babbareedoo hojii harka namaa waan turanif, waanuma miira hin qabne kanaaf ulfina kennuun Gibxiin keessatti beekamaa ture. Waaqa tolfamaa waaqessuun saba kanaa gara sadarkaa cubbuu sana hundumaatti akka saba sana geesse, waaqota tolfamoo isaanii balleessuu lsraa'eloota meeshaa godhachuu isaa sabni isaa akka beekaniif Goftaan barbaadeera. Museen Waaqayyo biraa Firdii kana ergaa fuudhee, sabaafis ergaa barreessee, abdii abboomamuu irratis hundaa'ee booda, Gooftaan akkana jedhe, "Waaqayyo yommus Museedhaan, ati, Aaron, Naadaab, Abihuu, jaarsolii israa'el keessaa
torbatamman asi gara koo gara Waaqayyoo kottaa, fagoo dhaabbad- [79]
haatii sagadaa! Ati qofaan gara koo gara Waaqayyootti dhi'aadhu malee, warri kaan hin dhi'aatin! Sabni matumaa sii wajjin ol hin ba'in."

"Museen dhufee wanta Waaqayyo jedhe hundumaa, seera isaas hundumaa saba sanatti in hime. Sabni immoo sagalee tokkichaan deebisanii, 'dubbii Waaqayyo dubbate kana hundumaa in goona jedhan."' Bau.24:l-3.

Museen kan barreesse abboommii kurnan utuu hin taane firdii Waaqayyo akka isaan hubatan isa barbaade fi abdii isa isaan isaaf abboomamuu irratti hundaa'e sanaadha. Kana saba sanaaf dubbisuudhaan isaanis waan Waaqayyo jedhe in goona jechuudhaan waadaa galan. Kanaa booddee Museen waadaa kabajamaa kan galmee irratti galmeessee waa'ee saba sanaaf Waaqayyoof aarsaa dhi'eesse. "Yommus macaafa kakuu sana fuudhee akka sabni sun

dhag'utti dubbise; isaani immoo "wanta Waaqayyo dubbate hundumaa in dhageenya, in goonas" jedhan. Museen dhiigicha fuudhee namootatti facaasee, "ilaa dhiiga kakuu isa Waaqayyo akka dubbii kana hundumaatti isiiniif dhaabe" jedhe.Bau. 24:7, 8.

[80] **Kan Waaqayyoo Seera Barabaraa**:-Seerri Waaqayyoo utuu namni iyyuu hin uumamin kan jiraateedha. Ergamoonni ittiin bulfamu. Seexxannis kan kufeef qajeelfama bulchiinsa Waaqaa irra Waan darbeefiidha. Waaqayyo Addaamiif Hewwaaniin ergaa uumee booda, seera isaa isaanitti beeksise. Yommus hin barreeffamin ture, garuu Waaqayyo isaaniin barsiiseera.

Jannata Eden keessatti Waaqayyo Sanbata Abboommii arfaffaa dhaabe. Waaqayyo waaqaa fi lafa erga uumee, namas lafa gubbaatti uumee booddee, sanbata isaaniif uume. Addaam erga yakkee booddees, seera Waaqaa irraa wanti tokko hin hir'anne. Qajeelfamni abboommii kurnanii inni kufaatii dura kan ture tartiiba qulqullaa'oo hundumaafuu kan ta'uudha. Kufaatii boodas qajeelfaamni abboommi kurnan keessaa hin jijjiiramne; garuu Waaqayyotu haala kufanii jiranitti namoota qaqqabuuf jecha seerrata dabalataa kenne malee.

[81] Dhugaa isa bofattiin Hewwaaniin akka hin amanne goote nama dura kaa'uuf Waaqayyo sirna aarsaa horii barbaadu hundeesse. Seera Waaqayyoo irra darbuun aarsaa ta'ee akka Kristos du'u fi cubbamaan karaa ittiin adabbi sana jalaa ba'ee, ulfina seerra Waaqaa sana qabaatu barbaachisaa taasise. Sirna aarsaadhaan, haala cubbuu keessa jiraniin, karaa isa abdachiifame Fayyisaa, isa duraan seera Waaqaa irra darbeef dhiifama argachuu danda'u, cubbamoonnni akka gadi of qabanii, akka qalbii jijjiirratan fi Waaqayyon qofa akka amantan kan barsiisuudha. Utuu seera Waaqayyoo irra daddarbuun hin taane ta'eeti, duutis jiraachuu hin danda'u ture, nama sadrkaa kufaatii inni keessa jirutti hubachiisufuu, seerrati dabalataan laataman sunis hin barbaadaman turan.

Addaam dhaloota isatti aananii dhufan seera Waaqaa barsiise, kunis isa dhaloota hundumaa keessatti namoota amanamoodhaan daddabarfamaa dhufeedha. Itti fufiinsaan cabuun seera Waaqayyoo bishaan badiisaa lafa gubbaatti fide. Nohii fi maatiin
[82] isaa seera Waaqayyo of keessaa kan qabaatan, gochaa gaarii godhan kanaaf, bidiruu dinqii Waaqayyootiin oolfamuu danda'aniiru. Nohis dhaloota isatti aananii jiran abboommii Kurnan barsiiseera. Ad-

daamii qabee achii asi, Waaqayyo, abboommiin isaa garaa isaanii keessa kan ture namoota ofiif hanbifateera. Waa'ee Abraamiin "dubbii koo waan dhaga'eef, ajaja koo, abboommii koo, seerrata koo, seera koos waan dhaga'eef, ani kana siif nan jabeessa" jedhe."Uma 26:5

Waaqayyo Abraamitti mul'atee akkas ittiin jedhe: "ani El-shaadaayiidha [El-shaadaayi jechuun Waaqayyo isa hundumaa danda'u jechuudha]; balleessaa kan hin qabne ta'i, fuula koo duraa deddeebi'i anis kakuu koo anaa fi si gidduu nan dhaaba. Hamma malees sin baayisa! "jedhe. Uma. 17:11.2. "Anis siif Waaqayyo ta'ee, si booddedhaanis sanyii keetiif Waaqayo ta'uufis kakuukoo, ofii koo fi si gidduutti, dhaloota si booddee jiran, sanyii isaanii hundumaa gidduuttis kakuu barabaraa godhee, cimsee nan dhaaba." Uma. 17:7

Sana booddee Abrhaamii fi sanyii isaa irraa, dhaqna qabaa isa gogaan foonii naanneffamee citu, isa Waaqayyo akka qabeenyaa [83]
dhuunfaa isaatti saba warra biraa irraa addaan baasuutti kan fakkeeffamu in barbaade. Mallatto kanaan waadaa kabajamaa saboota biroo wajjin akka wal hin fuune, yoo kana godhan kabaja Waaqa isaaniif isa qulqulluu seera isaaf qaban dhabuudhaan akkuma saba warra Waaqa tolfamaa waaqessan, warra naannoo isaanii jiran sa-naa in ta'u.

Gocha dhaqna qabaatiin, Gama isaanitiin haala kakuu Abrhaamii wajjin galame, innis, saba naan-noo jiran irraa adda ta'ee mudaa kan hin qabne nan ta'a jechuu argisiisu. Sanyiin Abrhaam saba naan-noo isaanii irraa uttuu adda ta'aniiru ta'ee, silaa waaqa namtolchee waaqessuutti hin harkifaman turan. Saba biroo irraa adda ta'uudhaan, namoonni shaakala cubbuun guute godhanii Waaqayyo irraatti akka fincilan kan taasisan qoramsa baay'ee hanbisu turan. Sana caalaatti immoo, hubatamaa kan ta'e, amanamummaa isaanii, amala qulqulluu, saba ormaatti makamuudhaan dhabaniiru. Isaaniin adabuudhaaf, lubbuu isaanii oolfachuudhaaf akka isaani
gara Misiritti gadi bu'an kan dirqisiise Waaqayyo laficha irratti [84]
beela fidee. Garuu sababii kakuu Abrhaamiif kakatee biyya Misiris yommu isaan turan isaaniin hin gatne ture. Dhiphina isaanii keessatti gara isaatti akka isaan deebi'anii tolaa fi araara qabeessa mootummaa isaa barbaadanii, ulaagalee inni gafatu eegan gochuuf warri Gibxii akka isaaniin cunqursan eyyame.

Gara jalqabaatti kan Gibxitti gadi bu'an maatii muraasa qofa turan. Isaanumti kun gara lakkosa guddaatti baayyatan. Kaan kaan isaanii seera Waaqaa ijoollee isaanii barsiisuuf kan eeggatan turan, garuu baay'een Israa'eloonni immoo waaqeffannaa waaqolii nam-tolchee baay'ee dhugaa-ba'anii yaadni isaan seera Waaqaaf qaban duraa jeeqame. Warri Waaqayyoon sodaatan hafuura gaddaatiin garbummaan isaanii cabee biyya boojuutii baafamanii isaaf akka hojjetaniif, gara Waaqatti iyyan. Waaqayyos iyya isaanii dhaga'eefii meeshaa ittiin saba isaa bilisa baasu Musee isaaniif kaase. Biyya Gibxiin erga gadi lakkisaniis, Waaqayyo isaanuma duratti bishaan galaana diima gargar qooduudhaan. Waaqayyo isa akka
[85] saba tokkootti saba biraa keessaa, mallattoo, qorumsaa fi dinqiidhaan isaan baase kana in amanatu yoo ta'e isaniin ilaale. Garuu isaan qorama kanas bachuu dadhaban. Sababii rakkinoota karaatti isaaniin mudataniin Waaqayyo irratti guungumanii, Gibxitti deebi'uu barbaadan.

**Gabatee Dhagaa irratti Barreeffame**:-Waan itti qabatan isaan dhabsiisuuf, Ulfinaan kan guute. ergamootaan kan marfame, Gooftaan ofii isaatti gaara Siinaa irra dhufuuf gadi of qabe. Karaa baay'ee hubatamaa ta'een haala qabatamu danda'uun seera abboommii isaa kurnanii isaanitti beeksise. Eenyuunuu akka isaan barsiifamaniif, ergamoota isaattillee, hin kennine; sagalee hundumtuu dhaga'uu danda'uun seera isaa dubbate malee. Yommusumaa qabee iyyuu, gabaabduu kan taate, waan barbaachisaa irraanfachuu kan dandeessu. yaada namaattuu utuu hin dhiisin, isa qulqulluu quba harka isaatiin gabatee dhagaa irratti barreesse. Barsiifatni akkan isa qulqulluu seera Isaa wajjin waliin makamu yookiin shaakala namaa keessatti wanti inni nama irraa barbaadu namaaf galuu diduu waan hin barbaadneef eeguu barbaade.

[86] Abboommiidhuma kurnan qofa itti laatee dhiisuu kan hin barbaadne saba isaa warra salphaatti karaa irraa kaachuu danda'anitti caalaattis siqee. Murtii fi seera, warra Waaqayyo abboome sana Museen akka barreessuuf itti himame, akkaataa kanatti, abboommii kurnan eeguuf gabatee dhagaa irratti barreesse. Salphaatti kan dogooggoran dhalli namaa, seera ka-na cabsuufis saaxilamoo warri ta'an akka eeganiif, xiyyeeffannoo isaanii harkisuuf qajeelfama fi ulaagaalee barbaachisoo adda ta'an kana kenne.

Kufaatii booda akka Addaamitti kennamee, Nohiin immoo bidiruu keessa kaa'ameetti, abrhaamiin im-moo eegametti dhalli namaa utuu seera Waaqayyoo eegeera ta'ee, silaa sirni dhaqna-qabaa hin bar-baachisu ture. Utuu sanyiin Abrhaam kakuu isa dhaqna-qabaan bakka bu'uu eeganiiru ta'ee, silaa qajeelfamni addaa inni Waaqayyo Museetti kennee, inni immoo macaafatti barreesse, silaa hin barbaachisan turan. Qajeelfamni hubatamaan Waaqayyo walii isaanii fi ormootaafis dirqama isaan qaban inni kenne, qajeelfamuma abboommii kurnan keessa jiran, salphifamee akka hubatamutti akka isaan hin dogoggorreef kennamanii dha.

Waaqayyo haala hubatamaa ta'een waa'ee aarsaa tokko tokkoo [87]
du'a Yesusiin xumuratti akka dhufan Musee barsiiseera. Sirni aarsaadhaa akka hoolaa mudaa hin qabneetti du'a Kristosiin kan argisiisan turan.

Gooftaan dursee kufaatii isaa booda Addaamii waj-jin sirna kennaa aarsaa bu'uuressuudhaan, Addaamis immoo dhaloota isa boodaa barsiiseera. Sirni kun, bishaan badiisaa duras bade ture; akkasumas ofii isaanii duuka-buutota Waaqaa, warra dhugaa irraa adda of baasanii, gamoo Baabeliin ijaaraniinis badeera. Waaqa waaqaaf aarsaa dhi'eessuu irra waaqa ofiin tolchataniif aarsaa dhi'eessan. Aarsaa dhi'eessuun isaanii Fayyisaan in dhufa jed-hanii waan amananiif utuu hin taane, kan manca'e iddoo aarsaa isaanii irratti horii baay'ee qalanii yoo gammachiisan waaqolii isaanii garaa ciibsa jedhanii waan yaadaniifiidha. Wantotuma fafakkaatanitti amanuun isaanii saamamuuf isaan saaxile. Namootas hammuma aarsaa gati jabeessa isa caalu kennan, hammuma sana immoo waaqota tolfamoo isaaniif gammachuun inni kennu gud- [88]
datee, akkuma sanammoo hawwaasa sana keessatti caalaatti eebb-ifamanii sooromu jedhanii barsiisan. Kanaafuu, namuma iyyuu waaqa tolfamaa isaanii warra miira iy-yuu hin qabneef aarsaa god-haniiru. Gochaalee namootaa to'achuudhaaf, hawwaasi sun baay'ee hamaa kan ta'an ittiin bulmaataa fi tumaa ofii isaanii qabu turan. Kan seerrata sana isaaniif tumu, geggeessitoonni warra garaan isaanii ayyaanaan hin makamin sana ture. Warra aangoo irra jiraniin, Yakka komachiisu, warra gurguddaa bira darbanii dogoggorri xixxiqoon adabbii guddaa hamaatu in kennu turan.

Yommuu inni Israa'elootaan "Kunoo, isin biyya dhuunfaa keessan godhachuudhaaf itti galtan kees-satti akka hojjettaniif, ani

akkuma Waaqayyo Goof-taan keessan na abboometti seerrataa fi wanta qajeelaa ta'e isin barsiiseera; Kun saba hundumaa duratti ogummaadhaa fi hubannaa keessan waan ta'uuf, isaan seerrata kana hundumaa yeroo dhaga'an, dhugumaan sabni guddaan kun saba ogeessaa fi qabataadha isiniin in jedhu; kanaaf isin kana duukaa
[89] bu'aa eegaa! Akkuma Waaqayyo Gooftaan keenya yeroodhuma nuyi
isa waammannutti nutti dhi'aatu kanatti, sabni guddaan waaqayyoliin isaa isatti dhi'aatan isa kamiree? Sabni guddaan seerrataa fi firdii isa ani har'a isin dura kaa'u kana hundumaa qabu isa kamiree?" Ked.4: 5-8 yommuu jedhu kana sammuu keessaa qaba ture.

## Mana Qulqullummaa Isa Lafa Irraa

Manni qulqullummaan sun akka abboommii Waaqayyootti hojjetame. Waaqayyo namoota oggummaa harkaa qaban kaasee, hojii baay'ee barbaachisaa sana akka hojjetaniif dandeettii uumamaa caalaatti qulqullinaan akka hojjetan taasise. Manni sun akkamitti namaan akka ijaaramu Museenis ogeeyyoti sunis hin karoorsine. Waaqayyo ofuma isaatii plaanii sana baaseetu, guddinaa fi boca isaa akkasumas mi'a inni ittiin ijaaramu ilaalchisee qajeelfama addaa wajjin Museetti laatee, meeshaan akkamiis isaa keessa akka taa'u addaan baasee itti hime. Moodela yookiin fakkeenya xinnoo kan mana qulqullummaa Waaqaa fakkaatu qopheessee wanti hundumtuu akka itti argisiifame sanatti akka hojjetamuuf itti hime. Museenis
[90] qajeelfamoota kana hundumaa kitaaba keesstti barreessee namoota
murteessoo ta'an hundumaaf dubbise.

Achii boodaa Waaqayyo akka isaaniin gidduu jiraatuuf, namoonni hundinuu kennaa jaalalaa akka fidanii mana qulqullummaa isaaf ijaaran gaafate. Yommus, guutummaan waldaa Israa'el Musee biraa ka'anii in adeeman' isaan dhuunfaatti tokkoon tokkoon isaanii garaan isaanii kan isaan dammaqse. hafuurri isaaniis kan isaa abboome, dunkaana itti wal ga'anii, hojii isaa hundumaaf, uffata qulqullaa'afis jedhanii Waaqayyoof kennaa in dhi'eessan. Dhiironnii fi dubartoonni warri garaan isaanii kennuuf fedha qabu hundinuu dirata warqee, amartii gurraa fi amartii garaagaraa, mia miidhaginaa, mi'a warqee hundumaas fidanii aarsaa sochoofamu Waaqayyoof in dhi'eessan."

Qophii guddaa fi minyaa ta'e gochuun barbaachisaa dha. Baay'ee kan hin argamne mi'i gati jabeeyyiinis walitti qabamuun in barbaachisa. Waaqayyoof bakka qopheessuu keessatti aarsaa garaa irraa ka'e gochuu fi hojichaaf kutannoodhaan ka'uudha. Ijaarsi mana qulqullummaa sun yeroo geggeeffamaa jiruu fi namoonni kennaa [91]
isaanii Museetti fidanii warra hojjetutti kennaa jiran, ogeeyyonni hojicha hojjetan hundinuu kennaalee sana qoratanii ilaaluudhaan wanti namoonni sun kennan hamma barbaachisu caalaa gahaa ta'uu isaa murteessan. "Museen immoo 'dhiirri yookiin dubartiin tokko illee kennaa godoo qulqullaa'aa sanaaf dabalee waan tokko hin godhin!' Jedhanii guutummaa buufata sanaa keessatti akka labsaniif in abboome. Kanaafis namoonni waa fiduu irraa in ittifaman."

**Dhaloota Boodaatiif kan Galmaa'e**:-Guungumuun ijoollee Israa'elii fi dheekkamsa Waaqaatiin adabbuun isaanii barreeffama qulqulluu keessatti barreeffamuun, bu'aa saba Waaqayyo warra bara dhumaa lafa kana irra jiraataniif. Sana caalaas immoo, namoota warra bara dhumaa keessa jiraataniif akeekkachiisa akka ta'uufiidha. Itti dabalataan immoo, gochi of laachuu isaanii fi humni isaanii akkasumas bilisummaadhaan kennaalee sana gara Museetti fiduun isaanii bu'aa saba Waaqayyootiif barreeffameera. Inni akka isaanii wajjin wal arguuf yommuu mana ijaaraniif aragmuu Waaqa qulqul- [92]
luu kan badhaasatti fudhatan, hammuma eebba waaqa irraa kan lafaa irra caalchifatan, hammuma sanammoo, hojii qulqulluu kana irratti humnaa fi fedhii guddaa argisiisu qabu turan. Waaqayyoof mana akka ijaaraa turan yaadaniiru ta'a.

**Akka Fakkeenya Sanaatti**:-Manicha qulqullumaa ijaaruu ergaa xumuranii booda, Museen hojii hundumaa ilaale, akka fakkeenya Waaqayyo isaaf kennamee sanatti ta'uu isaa ilaaluudhaaf wal bira qabe. Kutaan hundinuu akka fakkeenya laatameefitti ta'uu isaa fi saba sana eebbisuu isaa arge.

Waaqayyo fakkeenya saanduqa akkamittiin akkanni hojjetamu kan argisiisu qajeelfama addaa wajjin Museetti kennee ture. Saanduqi sun kan ijaarame akka gabatee dhagaa isa abboommiin kurnan quba Waaqayyootiin itti caafame sana akka baachuu danda'utti ture. Akka saaxinniitti tolfamee keessaa fi bakkeen isaa Warqee qulqulluun dibame. Irra isa keessaan gonfoo warqeetiin bareechamee ture. Qadaaddiin saanduqa qulqulluu kun teessoo araaraa jedhama; innis Warqee irraa kan tolfameedha. Barcuma araaraa kana gama [93]

lamaanuun iyyuu warqee qulqulluu jabaa irraa kan hojjetaman Krubeelotatu jira. Fuulli isaanii kan walitti garagale ta'ee sodaatti barcumaa araaraa akka ilaalanitti jiru. Kunis erga-moonni waaqa gubbaa sanduqa kakuu keessa isa jiru abboommii Waaqayyoo fedhii fi kabajaan akka isaa ilalanitti kan fakkeeffamuuudha. Krubeelonni kun koochoota qabu.

Koochoon ergamoota kanaa kan tokkoo tokkoo isaanii irraan yommuu diriiru kochowwan hafan tokko tokkommoo qaama isaanii aguugu. Saanduqi kakuu inni mana qulqullummaa lafaa keessa dur ture isaa dhugaa saanduqa kakuu isaa waaqaatti fakkeeffameera. Achi, saanduqa mana qulqullummaa samii sana bira, cinaacha saanduqichaa lamaaniin, lamaanuu koochoo isaaniitiin barcuma araaraa sana aguuguudhaan, isa irratti hiixatanii, kabajaa fi gadi of qabuu isaanii argisiisuuf, koochoon isaanii inni hafe dacha'ee, ergamoota jiraatootu dhaabata.

Museen gabatoota dhagaa sana sanduqa kakuu isa mana qulqullummaa lafaa keessa akka kaa'u itti gaafatamee ture. Isaa kun gaba-
[94] toota dhuga-ba'umsaa kan jedhaman yommuu ta'u saanduqichi immoo saanduqa dhuga-ba'umsaa jedhama ture, sababiin isaas dhuga-ba'umsa Waaqayyoo isa abboommii kurnan keessa jiru waan of keessaa qabuufiidha.

**Kutaalee Lamaan**:-Manni qulqullummaadhaa golgaadhaan kan gargar baafame kutaalee lama kan qabuudhaa. Meeshaan mana qulqullummaa sun hundumttuu warqee qulqulluu irraa kan tolfamee warqeedhumaan kan uffifamee ture. Golgaan mana qulqullummaa haalluu garaa garaa kan qabuu baay'ee bareechifamee kan toora naqame fi golgaa kanneen irrattis krubeloonni kirrii Warqee fi Meetiitiin kan hodhamanii dha. Kunis kan argisiisu lakkoobsa kan hin qabne ergmoota warra hojii mana qulqullummaa samii keessatti hidhata qabaniif saba Waaqayyo warra lafa irra jiraaniif ergamoota tajaajilan kan argisiisuudha. Golgaa lammaffaa wajjin isa iddoo sanduqi duga-ba'umsaa kaa'ame sana duratti golgaan baay'ee bareedaa ta'e sanduqa qulqullaa'aa sana duratti kaafameera. Golgaan inni kun fiixee manaa kan qaqqabu miti. Ulfinni Waaqayyo inni teessoo
[95] araaraa gubbaa jiru kutaa lamaani irraa iyyuu in argama ture; garuu isa jalaqabaa irraa xinnoodha kan inni mul'atu.

Fuula duraa saanduqichaa, kallattiidhumaan, garuu golgaan kan gidduu ture, warqee irraa kan hojjetame siree arsaatu ture. Gooftaan

ofii isaatii, siree aarsaa kana irratti abidda in qabsiisee guyyaadhaaf halkan mana qulqullummaa keessaa kan aaru irraas foolii ixaanaa gaarii ta'e infudhata. Fooliin aara isaa naan-noo mana qulqullummaatti fagaatee maayila hedduu in adeema. Lubni aarsaa ixaanaa fula Waaqayyootti yommuu dhi'eessu, gara barcuma araaraa in ilaala. Arguudhaa yoo baates, inni akka achi jiru ni beeka; akkuma aarri ixaanaa akka hurrii ol ka'een, ulfinni Waaqayyo teessoo araaraa irra buufatee kutaa qul-qulluu qulqullootaa guutuudhaan iddoo qulqulluuttis in argama. Ulfinni Waaqayyoo yeroo hedduu kutaa lamaan waan guutuuf lubni achi keessatti tajaajiluun dhibaa waan ta'eef gara balbala mana qulqullummaa dhaabata.

Lubni inni qulqulluu kadhannaa isaa amantiidhaan gara barcuma araaraa isa ofii argaa hin jirretti erguun isa sabni Waaqayyoo kadhata isaanii gara Krists isa baracuma araaraa bira jirutti dhi'eeffachuutti [96]
kan fakkeeffamuudha. Araarsituu isaanii ija fooniitiin arguu hin dandeenyetti. Garuu ija amantiitiin utuu Kristos barcuma araaraa bira jiruu in argu. Kadhannaa isaanii gara isatti in ergatu, shakkii malees bu'aa araarsuu isaa irraa argamu in fudhatu.

Kutaan qullaa'aan kun ifi akka ol galuuf foddaa kan hin qabneedha. Ibsaan, yookiin baattuun ibsaadhaa warqee qulqulluu irraa hojjetamee halkanii fi guyyaa kan ifu kutaa lamaanuufuu ifa in kenna ture. Ifni ibsaa sana irraa ifu deresumaa cinaacha ijaarsichaa jiru kan warqee irra tolfamanii, meeshaalee fi golgaa babbareedoo kirrii warqqee fi meetiin Krubeelota hodhaman qaban fi qulqulluu sana irratti balaqqeessa'u. Bareedina isa kutaaleen kun argamsiisan, jaallatamuu isaa kan qulqullaa'e ulfina isaa isaa afaanni ibsuu danda'u hin jiru. Warqeen mana qulqullummaa keessa jiru aakka qalama sabbata Waaqaa addadda kan ta'an haalluu golgaa sanaa callaqqisa.

Waggaatti yeroo tokko qofa, angafni lubaa qophaa'ummaa eeggannaa qabu ergaa godhee booda, iddoo isa hundumaarra qulqulluu ta'e sana lixuu danda'a. Angafa lubootaa malee iji nama [97]
tokkoo iyyuu qulqullina iddoo hundumaarra qululluu sana arguu hin danda'u; sababiin isaas, argamuu kan danda'u ulfianaa Waaqaatiif iddoo bultii addaa waan ta'eefiidhaa. Hangafn lubaa yeroo hundumaa sodaachaa yommu lixu namoonni immoo deebi'uu isaa callisuu guddaadhaan eeggatu. Fedhii guddaadhaan eebba Waaqayyoon gaafatu. Barcuma araaraa biratti Waaqayyo angafa lubaa wajjin in dubbata. Yeroo baratamee ol iddoo qulqulluu qulqullootaa yoo inni

tureef, yeroo baay'ee namoonni in sodaatu sababii cubbuu isaanii yookiin cubbuu lubichaa ulfinni Waaqayyoo isa ajjeese jedhaniii waan sodaataniif in dhiphatu. Garu sagalee callee wayyaa isaa irra jiruu yommuu dhaga'an baay'ee isaaniniitti fooyya'a. Achii booda ba'eetu saba sana eebbisa.

Hojiin mana qulqullummaa ergaa raawwatee booda,"Duumessi dunkaana itti wal ga'anitti uffise, ulfinni Waaqayyo godicha keesasa guute; Moseen immoo duumessi Godicha irra waan tureef, ulfinni
[98] Waaqayyoo godicha sana keessa waan guuteef, dunkaana itti wal ga'an sana keessa lixuu hin dandeenye. "Duumessi Waaqayyoo, guyyaa guyyaa dunkaanicha irra in buufata ture, ibiddi immoo halakan halakan duumessicha irra ture; namoonni Israa'el yeroo karaa adeemaa turan hundumaatti kana in argu turan."

Godoon qulqulaa'aan sun karaa isaanii hundumaattuu akka isaanii wajjin adeemuu danda'utti tolfame.

**Duumessa Geggeessu** :-Waaqayyo Israa'eloota adeemsa isaanii lafa onaa keessatti isaa geggeesseera. Gaarummaa saba isaa fi ulfina Waaqaaf yommuu ta'u, isaa dunkaana isaanii dhaabbatanii akka achi buuufataniif Waaqayyo bak-ka sana isaanif jaallachuu isaa kan inni argisiisu duumessa isaanitti gadi siqee dunkaanicha irra dhaabuudhaan ture. Hamma waaqayyo akka isaa adeeman barbaadutti achuma turu. Duumessi ulfinaa ol ka'ee godoo qulqulluu sanaa ol yommu ta'u ademuu jalqabu turan.

[99] Adeemsa isaanii hundumaa keessatti tartiiba guutuu ta'e qabaataniiru. Alaabaan isaanii mallatto maatii abbootaa kan ofirratti qabu ta'ee goosi hundumtuu akka sadrkaa isaaniitti dunkaana isaanii in dhaabbatu turan. Yommuu adeeman immoo, goosi hundumtuu akka akka goosa isaatti in iriira ture. Adeemsa isaaniittii yommuu boqotani godichi qulqulluun isaanii in dhaabata, hundumtuu naannoo godoo qulqulluu sanatti fageenya Waaqayyo isaanitti himeen dunkana isaa dhaabbata.

Namoonni yommuu adeeman sanduqi kakuu Waaqayyo, isaaniin dura baatamee in adeemama ture. "Duumessi aaqayyo guyyaa yommuu isaa gararraa ta'u, dunkaanicha keessaa ba'u. sanduqichi yommuu fuudhamuuf jedhu, Museen, "yaa Waaqayyo ka'i! Diinonni kee haa tamsa'anii, warri si jibban si dura haa baqatanii!" jedha. Yommuu inni boqotu immoo: Yaa Waaqi gara Israa'eloota kumaatamaatti deebi'i! Jedha.

# Boqonnaa 7ffaa—Fayyisaa isa Nama Furu [100]

Yeroon Yesus itti bifa namaa uffatee akka namaatti gadi of qabee qorumsa Seexanaa itti argu in ga'e. Ulfina lafaa malee dallaa keessatti dhalatee waan horiin itti nyaattu keessa ciibsame. Haa ta'us malee dhalooti isaa kan dhaloota nama hundumaa caalaatti kan kabajame ta'e. Ergamoonni Waaqaa dhalachuu Yesusiin tikfattootatti himan; ifnii fi ulfinni Waaqa biraa dhuga-ba'umsa isaanii faana bu'e. Jiraattonni samii kiraara isaanii rukutuudhaan Waaqayyoof ulfina Kennan. Mo'ichaan dhufaatii Ilma namaa isanni hojii fayyinaa raawwiitti fiduuf gara biyya lafaa kuftee dhufee, du'a isaatiin nagaa, gammaachuu fi jireenya barabaraa namaaf fide odeessan. Waaqayyo dhufaatii Ilma isaa in kabaje. Ergamoonnis isaaf sagadan.

**Cuuphamuu Yesus**:-Waggoota soddomii tokko (31) booda, erg- [101]
amooni ta'iinsa cuuphaa isarra golboban. Hafuurri Qulqulluun, bifa gugeetiin waaqa irraa gadi dhufee isa gubbaa qubate; utuu namoonni dinqifatanii ija isaanii isarra kaa'anii jiranii, sagalee Waaqayyo Abbaa waaqa irraa "'Ati Ilma koo isa jaallatamaadha, gammachuun koos sitti in raawwatama.'" utuu jedhuu in dhaga'ani. Mar. 1:11.

Yohaannis cuuphaan, inni galaana Yordaanos keessatti harka isaatti cuuphamuu dhufe kun, Fayyisaa ta'uu isaa sirriitti hin beeku ture. Waaqayyo garuu maaliin inni hoolaa Waaqayyoo akka ta'e Kan beeksisu waa isa abadachiisee ture. Yohaannis mallattoo kana kan beeke, yeroo hafuurri bifa Gugeen samiidhaa Yesus irra qubattee, ulfinni Waaqayyoo naannoo isaatti ife hubate. Yohaannis harka isaa hiixatee, Yesusiin argisiisuudhaan, sagalee guddaadhaan iyyee "ilaa! Hoolaa Waaqayyoo cubbuu biyya lafaa kan balleessu" jedhe. Yoh. 1:29.

**Tajaajila Yohaannis**:-Yesus Masihii isa abdachiifame, Fayyisaa biyya lafaa ta'uu isaa Yohaannis bartoota isaatti himeera. Akkuma
tajaajilli Yohaannis gara xumuraatti dhufaa deemeen bartoonni isaa [102]
Yesusiin barbaadanii akka barsiisaa jabaatti isa faana akka adeemaniif barsiisee ture. Jireenyi Yohaannis gaddaan kan guute jireenya mataa ofii ganuuti. Dhufaatii Kristoos isa duraa labsu iyyuu dinqii

inni hojjetuu fi humna inni argisiise dhugaa ba'uuf hin kennamneef ture. Yesus akka barsiisaatti yommuu ofii isaa fudhate, Yohaannis immoo innumti mataan isaa akka du'uu qabu beekeera. Sagaleen isaa lafa duwwaa keessatti malee hin dhaga'amne ture. Ji-reenyi isaa jireenya qopha galeessaa ture. Maatii abbaa isaatti hawwaasummaa isaaniitti gammaduuf of hin sossobne, ergama isaa raawwachuuf isaan biraa adeeme malee. Namoonni baay'een, magaalaa fi man-daroota hojiin itti baay'atu keessaa sagalee raajii dinqisiisaa kana dhaga'uuf lafa onaattii in yaa'uu turan. Yohaannis gara wiirtuu rakkina namootaa xuqe. Sodaa malee waan inni fiduuf Cubbuu ifachuudhaan, hoolaa Waaqayyoof karaa qopheesse.

Humna qabeessa kan ta'e dhuga-ba'umsa Yohaannis kallattiin godhu dhaga'ee, Herodis in raafamee, fedhii guddaadhaan bartuu
[103] isaa ta'uudhaaf gaafate. Yohaannis garuu Heroodis kun haadha manaa obboleessa isaa abbaan manaa ishee utuu lubbuun ji-ruu, akkanni fuudhuudhaaf jedhu beeka ture waan ta'eef kun seera miti jedhee Heroodisitti dubbate. Heroodis aarsaa barbaachisaa ta'e tokko iyyuu go-chuu hin barbaadne. Haadha manaa oboleessa isaa fuudheetu, isheedhaan dhiibamee, Yohaannisiin qabee booda gadi dhiisuuf yaadee mana hidhaa keessa issa kaa'e. Yohaannis achitti qabamee utuu jiruu, karaa bartoota ofii isaa isa dinqisiisaa hojii Yesusiin dhaga'e. Ayyaana qabeessa kan ta'e dubbii Yesus dhaqee dhaga'uuf waan hin dandeenyeef ergamoonni isaa waan dhaga'an itti himuudhaan isa jajjabeessaa turan. Utuu hin turin dhiibbaa haadha manaa Herodisiin kan ka'e mormi Yohaanis murame. Yesus faana kan bu'an ergamoonni baay'ee gadi of qaban, dinqii isaa kan dhugaa ba'an, dubbii dinqisiisaa inni godhu kan dhaga'an, Yohaannis cu-uphaa irra in caalu turan (Mat. 11:11); Kana jechuun. caalaatti kan ol qabamanii fi kabajaman fi gammachuu caalu jireenya isaanii keessatti akka qabanii dha.

[104] Yohaanis hafuuraa fi humna Eliyaasiin dhufaatii Kristoos isa du-raa lallabuuf dhufe. Luq. 1:17. Yo-haannis namoota bara dhumaatti hafuuraa fi humna Eliyaasiin adeemaanii guyyaa dheekkamsaa fi dhufa Yesus isa lammaffaa labasan kan bakka bu'uudha.

**Qorumsa**:-Cuuphaa Yesus Yorodaanosiin keessattii booda, Se-exanaan qoramuudhaaf, hafuuraan lafa onaatti geeffame. Hafuurri Qulqulluun adda kan ta'e ta'iinsa qorumsa dhiphisaa ta'e sanaaf isa qopheesse. Guyyaa afurtamaaf Seexanaan qoramee, guyyoota kana

homaa hin nyaanne ture. Wantoonni naannoo isaa turan hundumtuu kan hin gammachiifne, uumamumaan namni ofirraa fageessuu kan barbaadu turan. Bineensa bakkee fi Seexanaa wajjin lafa duwwaa keessa iddoo qophaa ture. Ilmi Waaqayyoo soomaa fi dhiphinaan daalachaa'ee, huuqatee ture. Karaan isaa isa duraa kaa'ameera; waan hojjechuuf dhufe raawwachuutus irra ture.

Seexanni carraa qorama Ilma Waaqayyootti dhimma ba'ee qorama baay'een isa dhiphisuu, akka namaatti dadhabee waan jiruuf nan mo'adha jedhee yaadaa ture. Seexanni qorumsa kanaa wajjin dhufe: "dhugumaan Ilma Waaqayyoo yoo taate, dhagaa kanaan [105]
buddeena ta'i jedhiitii abboomi!" jedhe. Inni Masihii ta'uu isaa dhugoomsuuf jecha mataa isaa isa duratti gadi qabee akkanni humna Waaqummaa isaa dhimma ba'uuf yaade. "Caaffata qulqullaa'aa keessatti 'namni nyaata duwwaan hin jiraatu"' jedhe. Luq. 4:3,4.

Ilma Waaqayyoo ta'uu Yesus irratti Seexanni falmii geggeessuu barbaada. Haalaa dadhabbii isaa, dhiphinaa isaa caqasuudhaan kooree ofii isaatii Yesus irra jabaa ta'uu isaa jabeesseef. Garuu dhugaba'umsi samiidhaa, "Ati Ilma kooti gammachuun koos sitti in raawwatama." kan jedhe (Luq. 3:22), dhiphina isaa keessa isa dabarsuuf ga'ahaa ture. Kristos humna isaa fi Fayyisaa biyya lafaa ta'uu isaa Seexanaaf mirkaneessuu isa hin barbachisne ture. Waa'ee aangoo Ilma Waaqayyoo fi isa kabajamaa iddoo isaa Seexanni ifaa kan ta'e ragaa qaba. Aangoo Kristositti of kennuu diduu isaatu samii cufaa isatti taasise.

Humna isaa argisiisuudhaaf, Seexanni Yesusiin Yerusaalemitti geessee, fiixee mana qulqulummaatti ol isa baasuudhaan, achitti Ilma Waaqayyoo ta'uu isaa mirkaneessuuf akkanni iddoo ol fagoo saana [106]
gubbaadhaa of darbatuuf isa qore. Seexanni kan barreeffame dubbii Macaafa Qulqulluu wajjin dhufe: "'dhimmanii akka si eeganiif ergamoota isaa siif in abbooma, isaanis miilla kee dhagaatti akka hin buunetti, harka isaanii irratti si baatu 'kan jedhu caafamee jira ittiin jedhe; Yesus yommus, 'Waaqayyoon Waaqa kee gar malee hin eeggatin' " Luq. 4:10-12.

Seexanni wanti inni barbaade, Yesus abbaa isaatti of laachuudhaan ergama isaa utuu iddoodhaan hin ga'in akka inni balaa keessa of galchu gochuu barbaadeetu ture. Karoorri fayyinaa in kufa jedhee abdate garuu karoorri sun Seexanni gara galchuu yookiin faaluu akka hin dandeenyetti baay'ee gadi fagaatee dhaabateera.

Kristos fakkeenya kristaanota hundumaati. Yommuu qoraman, mirgi isaanii yommuu sarbamu, obsaan baachuu danda'uu qabna. Sana gochuu isaatiin Waaqayyo kan irratti kabajamu yoo ta'uu baate, diina isaanii irratti mo'icha argachuudhumaaf, humna isaa akkanni
[107] argisiisuuf, maqaa Waaqayyoo waamuun mirga keenya jechuu hin qaban. Utuu Yesus bantii Mana qulqullummaa sanarraa ofii isaa darbateera ta'e, kun abbaa isaa hin kabachiisu ture, sababiin isaas ergamoota Waaqaa fi Seexana malee kan gochaa sana argee dhugaa ba'u waan hin jirreef. Kunis immoo, diina hamaadhaaf akka inni isaa ar-gisiisu Waaqayyoon qoruu ta'a. Isa Yesus mo'achuuf dhufe jalatti gadi of qabuu ta'a ture.

"Seexanichi itti aansee iddoo ol jedhaatti isa geese; hamma libsuu ijaatti mootummoota biyya lafaa guutummaatti isatti agarsiisee, achuman immoo, kana hundumaa irratti aboo siifan kenna, ulfina isaaniis siif nan dabala, isaan kun hundinuu anatti dabarfamaniiru; anis immoo abbaan jaalladheef nan kenna, kanaafis jilbeenfattee yoo anaaf sagadde, hundinuu kan kee in ta'a jedheen. Yesus immoo deebisee, 'Waaqayyo Gooftaa keetiif jilbeenfattee sagadi, isa duwwaafis hojjedhu!' kan jedhu caafamee jira jedheen." Luq. 4:5-8.

Seexanni mootummoota biyya lafaa karaa hawwataa ta'een Yesussitti argisiise. Utuu Yesus achumatti isaaf sagadeera ta'ee,
[108] waan barbaadu hundumaa qabeenya biyya lafaaf akka inni dhabuuf dhi'eessee ture. Karoorri fayyinaa raawwatamee, Yesus cubbamootaaf du'a ta'e, humni isaa akka daanga'aa ta'ee fi booda immoo akka irraa fudhatamu akkasumas akka balleeffamu Seexanni in beeka ture. Kanaafii in kan qoratame karoora isaa, yoo danda'ame, hojicha gudda Yesus jalqabe akka inni hin xumuramneef dhorkuuf ture. Karorri fayyinaa Waaqayyo qopheesse yoo hin raawwatamin hafe immoo, mootummaa yommus jedhu sana in hanbifata ture. Bakkaa mootummaa waaqaan qabadha jechuun of gammachiise.

**Inni qoru sun ifatamuu**:-Seexanni yommuu Yesus humnaa fi ulfina isaa lafa kaa'ee dhufe in gammade. Kun Ilma Waaqayyoo harka koo keessa naaf galche jedhee yaade. Qoramasi cimdii qulqulluu Sa-naa irratti Eden keessatti salphaatti ta'e sun; humna Seexanummaa sanaa fi gamnummaa sanaan, Ilma Waaqayyoo illee garagalchee jireenyaa fi moo-tummaa isaa oolfachuuf in abdate. Jaalala abbaa isaa irraa isa kaachisuuf, Yesusiin qoruu danda'eera utuu
[109] ta'ee akeeki isaa raawwatameefii ture. Garuu Yesus ifachuudhaan

Ana duubaa fagaadhu! Ati Seexana nana"jechuudhaan Seexanatti dhaqee. Abbaa isaa qofaaf sagaduutu irraa eegama waan ta'eef.

Seexanni mootummaan biyya lafaa hundumtuu akka waan kan isaa ta'eetti dubbachuudhan Yesusiin dhiphina isaa hunda dhabamsiisuuf, mootummaa lafaa kanas kan ofii isaa godhachuuf Yesus du'uu akka hin barbaachifne abdachiise. Salphaadhumatti yoo jilbeenfatee sagadeef, qabeenyaa lafa irraa fi ulfina isa irratti mo'uu hundumaa argachuu dandeessa jedha. Garuu Yesus kan hin sochoonee dha. Mootummaa isaa lubbuu ofii isaatiin Seexana harkaa baasee, yeroo sana boodaa guutummaan Waaqaa fi lafaa isatti kennamuuf, yeroon dhufaa akka jiru Yesus in beeka ture. Jireenya dhiphisaa jiraatee du'a sodaachisaa du'uudhaan akkaataa abbaan isaa dhaaltuu mootummaa lafaa isaa taasisee waan hundumaa akka qabeenya barabaraatti akkani qabaatu barbade sana filate. Seexannis immoo lammaffaa Yesus fi warra ulfina isaa deebifamanii bitaman akka hin dhiphifneef balleeffamuuf harka isaatti in kennama.

**Tajaajila Yesus**:-Seexannis qoruu isaa ergaa raawwatee booda, [110]
yeroodhaaf Yesusiin dhiisee adeeme. Ergamonni lafa onaa keessatti nyaata isaaf qopheessanii isaa jajjabeessan; eebbi Abbaa Isaas Isarra in ta'e. Kan Seexanaa qoramsi cimaan sun akka inni yaade hin taane waan ta'eef amma iyyuu fuula duratti Yeroo garaagaraa mala isaa kan irratti yaalu yeroo tajaajila Yesus in eggata ture. Amma iyyuu warra barumsa isaa hin fudhanne irratti kakaasee isa jibbanii akka isa balleessan gochuudhaan isa mo'uuf in abdata ture.

Seexann fi ergamoonni isaa yeroo tajaajila Yesus keessa, namooti akka hin amanne gochuuf, jibbaa fi tuffii namoota kakaasuudhaaf baay'ee Kan hojiin isaanitti baayyatu turan. Yeroo baay'e yommuu Ye-sus cubbuu isaanii kan argisiisu dhugaa qara ta'an tokko tokko inni dubbatu namoonni baay'ee aaru. Seexannii fi ergamootni isaammoo, jireenya Ilma Waaqayyoo akka isaa balleessaniif isaaniin kakaasu. Yeroo tokko caalaa dhagaa fuudhanii isatti darbachuuf ka'aniiru. Garuu ergamoonni isa eeganii uummata aaree jiru gidduu dhaa iddoo nagaatti isa geessaniiru. Ammas akkuma dhugaan
hidhii isaa isa qulqulluu keessaa argameen gara qarqara tulluutti [111]
isa geessanii namoonni achi irraa isa gatuuf yaalaniiru. Isaan maal gochuuf akka qaban wal falmiin isaaniin gidduutti geggeeffamaa ture; ammas yeroo ergamoonni agartuu uummata sanaa duraa isa dhoksan innis isaanuma gidduu darbee adeema ture.

Seexanni amma iyyuu inni guddaan karoorri fayyinaa waan kufu itti fakkaataa ture. Garaa namootaa jabeessee Yesus irratti hadhaa'ummaan akka itti dhaga'amu taasisuudhaaf humna isaa hundumaan hojjete. Namoota muraasa qofatu akka Ilma Waaqaatti isa fudhata jedhee abdachaa ture waan ta'eef dhiphinnii fi aarsaan ani godhe garee muraasa kanatti waan baay'ee guddateedha jedhee yaada itti fakkaate. Yesusiin akka Ilma Waaqayyootti kan fudhatan namuma lama qofa iyyuu utuu ta'anii, fayyinaaf immoo isatti amananii, karoora sana hinuma raawwata ture.

Warra Dhiphatan Boqochiisuu:Yesus hojii isaa kan inni jalqabe warra dhiphatan irraa aangoo Seexanaa cabsuudhaan ture. Warra
[112] dhibaman fayyummaatti isaaniin deebise, warra hin argine agartuu isaanii baneef, warra okkolan in fayyisee, gammachuu fi galata Waaqaaf akka isaan utaalan taasise. Warra dhukkubsachaa baroota dheeraadhaaf aangoo Seexanaa isa hamaa sanaa jala turan fayyummaa isaaniitti isaan deebise. Jecha garraamummaatiin, warra dadhaban, warra roqoman, war-ra abdii kutan in jabeesse. Dadhaboota, Seexanni isaaniin mo'atee warra dhiphatan Yesus qabaa isaa keessaa isaan baasee, fayyummaa qaamaa, iiiiiee fi gammachuu isaaniif argamsiise. Warra du'an jireenyatti kaasee, isaanis isa mul'ate humna Waaqayyoof galata galchan. Warra isatti amanatan hundumaafuu humna guddaadhaan hojjete.

Jireenyi Yesus gochaa fi jechoota garraamummaa, gara laafinaa fi jaalalaan kan guute ture. Rakkoo warra isa bira dhaqanii dhaggeeffatee furmaata kennuuf yeroo hundumaa qophiidha. Lakkoobsi isaanii baay'ee kan ta'e qaamni warra fayyanii ragaa humna Waaqummaa isaa baatee adeema ture. Garuu waan hedduu ergaa isaaniif raawwatee booda, salphaa fakkaatee, garuummoo lallabaa jabaa ta'e sanatti
[113] in leeyya'an. Sababiin isaa geggeessitoonni isatti hin amanne waan tureef sabni sunis Yesusiin fudhachuu waan hin barbaadiniif ture. Inni nama gaddaa fi muddamatti bareedha. Gammachuu biyyi lafaa kennu arganii gammaduu barbaadan. Garuu warri kaan immoo Ilma Waaqayyoo faana bu'anii, dubbii isaa dhageeffachaa, ayyaanatti, hidhii isaa irraa kan coccobu dubbii isaa akka dhangaatti fudhataniiru. Dubbiin isaa hiikkaa hedduu kan qabu garuu immoo dadhaboonni illee hubachuu kan danda'an hubatamaadha.

**Mormii Bu'aa hin Qabne**:-Seexannii fi erga-moonni isaa ija warra Yihuudotaa jaamsanii hubannaa isaan dukkaneessuudhaan,

jireenya fayisaa balleessuudhaaf angafoota fi geggeessitoota saba sanaa kakaasaniiru. Geggeessitoonni Yesusiin gara isaaniitti akka fidaniif warra biraa erganiiru, garuu isaan kun naannoo bakka inni turee yommuu dhaqan isaani iyyuu baay'ee dinqisiifatan. Yommuu inni waa'ee dhiphina namaa dhugaa ba'u, gara laafinaa fi garraamummaadhaan guutuu ta'uu isaa dhaga'an. Warra dadhabootaa fi miidhamtootatti akkaataa isaaniin jajjabeessutti jaalalaa fi eeggannaadhaan utuu inni dubbatuu dhagaa'an. Sagalee aango qabeessaan [114]
utuu inni humna Seexanaa ifatee booji'amtoota sana bilisa gadi dhiisisuus dhaga'aniiru. Sagalee isaa isa ogummaan guute dhaga'anii booji'amaniiru. Isa qabuu hin dandeenye. Yesusiin utuu hin qabin gara lubootaa fi angafootaatti deebi'aniiru.

"Maaliif Yesusiin hin dhi'eessine?" jedhanii Yommuu gaafatan, isaan immoo, waa'ee dinqii inni godhuu waan argan, akkasuma qulqulluu kan ta'e dubbii ogummaa, jaalalaa fi beekumsaa dhaga'an itti himan. " 'Akka namicha kanaatti takkaa namni dubbatee hin beeku' jedhanii dhaaban. Yoh. 7:45, 46. Isaanis gowwoomfamuu isaaniitiif luboonni isaa hammeessanii, geggeessitoonni tokko tokko immoo to'annoo keessa waan isa galchuu dadhabaniif in yeella'an. Geeggeessitoota keessaa namni tokko illee akka isatti hin amanneef luboonni dheekkamsaan akeekkachiisan. Garuu baay'een abbootii seeraa fi angafoonni Yesusitti amananii Seexanni akka isaan of hin beeksifanne taasise. Waaqayyoon sodaachuu irra dheekkamsa namootaa sodaatan.

Hanga kanatti itti maluu fi jibbi Seexanaa karoora fayyinaa hin [115]
cabsine. Kaayyoo biyya lafaa dhufeef Yeroon Yesus itti raawwatu dhi'aachaa jira. Seexannii fi ergamoonni isaa waliin mar'atanii sabuma Yesusiin kakaasanii dhiiga isaaf iyyanii hamminaa fi tuffii isa irratti akka walitti qabamu walii galan. Tarii Yesus waan akkasii waan jibbuuf gadi of qabuu fi garraamummaa isaa eeggachuu in dadhaba jedhanii abdatan.

Seexanni karoora isaa baafachaa yommuu jiru, Ye-sus immoo suuta eragmoota isaatti maal keessa darbuuf akka jiru itti himaa ture. Akka fannifamu fi guyyaa sadaffaattis akka ka'u. Hubannaa waan dhabaniif waan in jechaa ture galuufii hin dandeenye.

**Jijjiiramuu**:-Jijjiiramuu isaa irratti yeroo Kristos ulfina uffatee sagaleen waaqa irraa waa'ee amala waaqummaa isaa utuu dubbatuu dhaga'uu isaaniitiif amantiin bartoota Isaa jajjabeeffameera

(Mat. 17:1-8 ilaali) yeroo dhiphinaa fi gadda isaanii waa'ee fannoo Isaa keessatti guutummaatti amantii isaanii akka hin dhab-
[116] neef, inni Masihii abdachiifame ta'uu Isaaf Waaqayyo ragaa cimaa duuka buutota Yesusii kennuu jaallate. Yeroo Jijjiiramuu Gooftaatti dhimma dhiphinaa fi du'a isaa akka duddubbataniif Musee fi Eliyaasiin ergeef. Akka Ilma isaa wajjin haasa'aniif ergamoota erguu irra, Waaqayyo warruma ofii isaaniitii dhiphina lafaa kessatti qorama argan erguu jaallateera.

Eliyaas Waaqayyoo wajjin adeeme. Karaa isaa Waaqayyo cubbuu Israa'eliin waan argisiiseef, hojiin isaa dhukkubsaa fi qorama ture. Eliyaas raajii Waaqayyoo ta'ee utuma jiruu, lubbuu isaa oolfachuudhaaf, iddoodhaa gara iddootti baqachaa ture. Sabuma isaatu isa balleessuudhaaf akka bineensa bosonaa isa adamsaa ture. Garuu waaqayyo Eliyaasiin in jijjiire. Utuu du'a hin mi'eeffatin ergamoonni ulfinaa fi mo'ichaan samiitti isa geessan.

Museen kan isa dura jiraatan hundumaa irra kan caaluudha. Waaqayyo guddisee kabaja kenneeraaf. Akka namni Michuu isaa wajjin haasa'u, Gooftaa wajjin fuulaa fi fuulatti haasa'uudhaaf carraa argateera. Ifa calaqqisaa fi ulfina hundumaa caalu isa Abbaa marsee
[117] jiru arguu danda'eera. Karaa Museedhaa Waaqayyo Israa'eloota garbummaa Biyya Misir irraa bilisa baaseera. Museen yeroo baay'ee saba isaa fi dheekkamsa Waaqayyoo gidduu dhaabatee saba isaaf kan kadhatuuf ture. Yeroo amantii dhabuu isanii, guungummii isaaniif, cubbuu isaaniif dheekkamsa Waaqayyoo, Israa'el irratti jabaateen, jaalala Museen isaaniif qabutu qoramee ilaalame. Waaqayyo isaaniin balleesse saba jaba ofiif kaafachuu barbaadee ture. Museen garuu jaalala Israa'elotaaf qabu bakka isaanii ta'ee kadhachuudhaan argisiise. Dhiphinaan Waaqayyo dheekkamsa isaa isa akka ibiddaa boba'u sana irraa akka deebi'u fi Israa'eliif dhiifama akka godhu yookiin immoo maqaa isaa galmee isaa irraa akka balleessu kadhate.

Museen du'a keessa darbee, utuu dhaqni isaa hin tortorin, Mikaa'eel dhufee jireenya isaaf kenne. Seexanni, inni kan kooti jechuudhaan, qaama isaa qabachuu barbaadeetu ture; garuu Mikaa'el du'aa isa kaaseetu gara samiitti isa fudhate. Seexanni baayyisee Waaqayyo irratti aare, kan inni adamsee miidhuuf ture isa harkaa waan baaseef, Waaqayyo qajeelaa miti jedhe. Garbichi Waaqayyoo
[118] kufuun kara hojii Seexanaa ta'ullee, Kristos garuu diina isaa kana

hin ifanne ture. Gara laafinumaan abbaatti isa kennuudhaan "Gooftaan sitti haa dheekkamu jedhe" Ergaa Yihudaa 9.

Yesus bartoota isaatti, as isaa wajjin dhaabachaa kan jiran keessaa mootummaa Waaqayyo humna isaatiin utuu hin argin du'a kan hin mi'eeffanne jiru jedhe. Bakka jijjiiramaatti abdiin kun raawwatame. Fuulli Yesus achitti jijjiiramee akka ija Biiftuu ife. Uffati isaa adiidhaa fi calaqqisaa ture. Warra du'anii dhufaatii Yesus lammaffaatti du'aa ka'an bakka bu'uudhaaf Museen achi ture. Eliyaas immoo warra utuu du'a hin argin deebii Kristositti foon hin duune uffachuutti jijjiiramanii fi utuu du'a hin argin gara samiitti kan jijjiiraman bakka bu'a. Sodadhaa fi dinqifannoodhaan isa dinqisiisaa surraa Yesus fi duumessa isa aguuge arganii, sagalee Waaqayyoo isa sodaachisaa "Kun Ilma koo isa jaallatamaadhaa, isa dhaga'aa" utuu jedhuu dhaga'an.

[119] # Boqonnaa 8ffaa—Aarsaa

## Gurguramuu Yesus:

eexanni Yihuudaa Gowwoomsee bartoota Gooftaa warra amanamoo keessaa akka isa tokkootti akkanni ofii isaa yaadu taasise ‘garaan isaa yeroo hundumaa akka fooniitti ture. Isa guddaa hojii Kristosiin argeera; tajaajila isaa hundumaa keessatti isaa wajjin ture, inni Masihii ta’uu isaa humna isaaf ragaa argeera, Yihuudaan garuu doqnaa fi ofittoo ture. Horii jaallata. Urgooftuu dibataa gati jabeessa Maryaam Yesus irratti dhangalaafteef baay’ee aaree dubbate.

Mariyaam Gooftaa jaallatte. Inni kan baayyate cubbuu ishee dhiiseeraaf; jaallatamaa obboleessa ishee du’aa kaaseeraaf; kanaaf Yesusiif gochuuf wanti gati jabeessi kanaan qixxaatu akka hin jirretu galeef. Gatiin dibata sanaa akkuma minya’aa ta’aa adeemu,
[120] hammuma sanatu galata isheen Fayyisaa isheef qabdu isaaf gochuudhaan ibsaaf.

Doqnummaa isaaf sababii itti qabataa godhachuuf urgooftuun kun gurguramee utuu hiyyeessotaaf kennamee jedhe Yihuudaan. Sana jechuun isaa garagaarsa hiyyessotaaf dhimma waan qabuuf hin turre. Inni mataa isaa kan jaallatu waan tureef, hiyyeesso-taaf kennamuudhaaf, horii akkanni eeguuf itti kenname fayidaa dhuunfaa isaaf waan oolfatuuf ture male. Yihuudaan waan Yesusiin akka itti tolu godhus ta’e waan dirqama Yesusiin barbaachisuuf dhimma ittii hin qabu ture, of jaallachuu isaan yeroo baay’ee hiyyeessota ija dura qabata ture. Gochi arjummaa Mariyaam goote sun, mala mataa ofii jaallachuu isaa kan ifatuudha. Kun qoramni Seexanaa garaa Yihuudaatti akka fudhatamuuf karaa kan qopheesseedha.

Luboonnii fi geggeessitoonni warra Yihuudotaa Ye-susiin jibbani, garuu lakkoobsi isaanii guddaa kan ta’an namoonni barsiisa ogummaa isaa dhaggeeffatanii isa guddaa hojii isaa dhugaa ba’an. Namoon-ni fedhii guddaan raafamanii, gorsa isaa dhaggeeffaChu-
[121] udhaaf- fedhiidhaan barsiisaa ajaa’ibaa kana dhaggeeffachuuf isa faana bu’an. Baay’een geggeessitoonni isatti amanan, garuu mana

qulqullummaa keessaa akka hin ari'amneef jecha hin himanne turan. Luboonnii fi maanguddoonni. xiyyeeffannoo namootaa Yesus irraa kachisuuf jecha wanti tokko ta'uutu irra jira jedhan. Namni hundinuu isatti amanuu hin oolu jedhanii yaadda'an. Ofii isaaniitii iddoo itti oolfaman waan qaban isaanitti hin fakkaanne yookiin taayitaa isaanii dhabuu kanaan achi immoo Yesusiin ajjeesuutu irra ture. Isa ajjeesanis immoo, dhuga-baatota humna isaatu jira.

Yesus Alaazariin du'aa kaaseera waan ta'eef yoo isaan Yesusiin ajjeesan, Alaazar immoo isa jabaa hojii isaa dhugaa ba'a jedhanii sodaatan. Namoonni namicha du'aa kaafame ilaaluudhaaf baayyisanii in yaa'u turan waan ta'ee geggeessitoonni ammas Alaazaariin ajjeesanii dinqifannoo sana lafa gochuu barbaadu turan. Achii booda namoota gara barsiifataa fi barsiisa aadaatti deebisanii, gara dhimma Kurnaaffaa waan hundumaa keessaa baasuu fi gaabbiitti deebisanii dhiibbaa isaan irratti qabaachuutti isaaniin geessuuf yaadan. Yeroo [122]
inni qofaa jirutti Yesusiin qabuu barbaadan, sababiin isaas utuu namoonni isatti fedhii guddaa qabaatanii jirani yoo uummata giddudhaa isa qaban akka dhagaadhaan hin rukunneef ture.

Yihuudaan Yesusiin argachuudhaaf hammam dhimmamoo akka isaan ta'an beeka ture, meetii muraasaan isa kennuudhaaf angafa lubootaa fi maanguddootaa wajjin walii gale. Jaalalli inni horiidhaaf qabu, harka diinota isaa warra hadhaa'ootti, Gooftaa isaa akkanni gurguruuf walii galu isa taasise. Seexanni Kallattiidhumaan Yihuudaa keessaan hojjechaa ture, yaadatamaa kan ta'e yeroo Irbaata isa dhumaa, inni gantuun sun Gooftaa isaa gurguruuf karoora baasaa ture. Yesus yaada gaddaatiin sababii Isaa hundi isaanii iyyuu galgala sana abdii kutachuuf akka jiran bartootatti dubbate. Pheexiros garuu dafee hundinuu utuu isa gananii iyyuu inni akka isa hin ganne jabeessee dubbate. Yesus Pheexirosiin "Seexanni akka qamadii isin gingilchuuf isin falmateera. Ani garuu amantiin kee iddoodhaa akka hin badneef siif kadhadheera; ati yeroo itti gara kootti deebitu, [123]
obboloota kee jajjabeessi!" Luq. 22:31.32.

**Iddoo Qonnaa Sanatti**:-Yesus bartoota isaatii wajjin Iddoo qonnaa Geetasamaanee ture. Gadda guddaa keessa utuu jiruu qoramatti akka hin galleef dammaqanii akka kadhataniif isaanitti hime. Amantiin isaanii ilaalamuuf akka jiru, abdiin isaaniis gara abdii dhaabuutti akka adeemu waan beekeef, jabeenya isa dammaqanii kadhachuu keessaan argamu waan isaan barbaachisuuf. Boo'ichaa fi iyya gud-

daadhaan, Yesus in kadhate. “Yaa Abbaa, kun fedha kee yoo ta’e, xoofoon dhiphinaa ani fudhaachuuf jiru kan ana irraa fuudhi! Luq. 22:42

Ilmi Waaqayyoo dhiphina keessatti kadhate. Coccobbiin dhiigaa fuula isaa irratti walitti qabamee lafatti coccoba ture. Ergamoonni haala sana ilaaluudhaaf bakka sana irra balali’aa turan, garuu tokkicha qofatu Ilma Waaqayyoo dhiphina isaa keessatti jajjabeessuuf ergame.

Yesus erga kadhatee booda gara bartoota isaa dhufee, isaan garuu
[124] rafaa turan. Yeroo sodaachisaa akkasii keessa, ergamootuma isaa biraallee kadhannaadhaaf kan isaa yaadu hin qabaanne. Phexiros, yeroo muraasa fuula dura baay’ee dhimmaa kan ture, hirriba ulfaataa keesssa ture. Yesus isa inni duraan gaarummaadhumaaf dubbate sana yaadachiisee akkas ittiin jedhe. “Egaa isin immoo saa’atii tokkittii anaa wajjin dammaquu hin dandeenyee?” Mat.26:40. Ilmi Waaqayyo yeroo sadii dhiphina keessa utuu jiruu kadhate.

**Yihuudaan Yesusiin Gurgure**:-Kana booddee Yihuudaan garee loltootaa wajjin mul’ate. Akkuma beekamaa ta’etti nagaa gaafachuuf barsiisaa isaatti siqe. Gareen loltootaa Yesusiin marsan, “eenyuun barbaaddu?” “Anaa?” yommuu jedhe sana humna Waaqummaa isaa argisiisee ture. Isaanis duubaan lafatti kufan. Isaan humna isaa dhugaa ba’uu akka danda’anii fi yoo barbaade isaan harkaas ba’uu akkanni danda’u akka beekaniif gaaffii kana isaaniin gaafate. Bartoonni tuuta billaa fi bokkuu qabatee ariifataa dhufan yommuu arganii abdachuu jalaqaban. Akkuma dammaqanii Ilma Waaqayyootti naanna’aniin, Phexiros billaa luqqifatee gurra
[125] naa’oo angafa lubaa tokko irraa kute. Yesus billicha achii akkanni deemsisuuf “Ani abbaa kootti dhageessifachuu hin danda’u sitti fakkaataaree? Innoo ammuma ergamoota duula kudha lama irra caalan iyyuu anaaf in erga ture”Mat.26:53 jechuudhaan abboome. Jechoota kana jedhe fuulli ergamootaa abdiidhaan guutame. Abboomaa isaaniitti naanna’uudhaan tuuta aariidhaan guute sana bittimsuuf yaadanii turan. Garuu ammas yommuu Yesus “silaa immoo akkas ta’uun akka isa irra jiru kan dubbatan caaffatni qulqullaa’oon akkamittiin raawwatamuree? jedhe” Mat.26:54 jedhee yommuu itti dabale gaddi isaa irratti mul’ate. Garaan ergamootaa, yommuu Yesus diina isaan geggeeffamuutti of kenne, gaddaa fi abdii kutannaa hadhaa’aa keessatti liqimfame.

Bartoonni jireenya mataa isaaniif iyyuu yaadda'anii qofaa Isaatti dhiisanii baqatan. Yommusii qabee Seexanaaf mo'icha akkamiiti! Ergamoota Waaqaaf immoo yeroo gaddaa fi dhiphinaa akkamiiti! Gareen ergamoota qulqullaa'anii hundinuu, tokkoo tokkoo isaaniirra ergamaa isaan ajaju akka geggeessaatti kan qaban haala sana akka dhugaa ba'aniif ergamman. Arrabsoo fi hammina Ilma Waaqaa [126]
irratti geessifame hundumaa galmeessuuf, dhukkubbii Yesus arguuf jiru hunda galmeessuuf namoonni haala sodaachisaa sana argan hundinuu jireenya keessatti deebi'anii akkuma waan inni ammas ta'ee arganitti, waan eeganif sana godhan.

## Qoramuu Kristoos

Seexannii fi ergamoonni isaa galma murtii sana keessatti miira garraamummaa namoota keessaa dhabamsiisuuf waan ojjetaniif, hojiin itti baayyachaa ture. Qilleensumti duraa dhiibbaa isaaniitiin manca'ee, faalamee ture. Dhalli namaa baachuu kan danda'u caalaatti Yesusiin akka arrabsaniif lubootaa fi maanguddoota kakaasaa turan. Arrabsoonii fi gochi suukanneessaan akkasii Ilma Waaqayyoo keessaa guungummii tokko kaasee, humna Waaqummaa isaatti fayadamuudhaan warra isa miidhan sana harkaa of baasuudhaan akka kanatti karoorri fayyinaa waan danqamu itti fakkaatee Seexanni abdachaa ture.

**Ganuu Phexiros**:-Pheexiros Gooftaan erga dabarfamee kennamee [127]
booda iyyuu, isa faana bu'aa ture. Waan Yesus irratti ta'u arguu in fedha ture. Bartoota Isaa keessaa isa tokko ta'uu isaaf yommuu himatame, nagummaa isaaf sodaachuun. namicha hin beeku jechuutti isa geesse. Bartoonni qulqullina afaan dubbataniitiin beekamu, Pheexiros immoo, inni bartoota Kristos keessaa tokko akka hin ta'in amansiisuuf jedhee, himata sana yeroo sadaffaatti of abaaruudhaa fi kakachuudhaan haale. Yesus, Phexiros irraa xinnoo fagaatee kan ture, fuula isaa gaddaan guutee jiru akka ifannaatti itti naannesse. Kana booddee, bartuun sun waan mana ol aanu keessatti, Yesus itti dubbate akkasumas isa ofii isaatii nan godha "isaan hundinuu si mamanii yoo Si buusan iyyuu, an gonkumaa Siin hin buusu" jedhe sana yaadate. Mat.26:33. Kakadhaa fi of abaaruudhaan Gooftaa isaa gane iyyuu, Yesus kan baqe garaa Phexirosiin fayyise. Gaddee

boo'uudhaan, isa guddaa cubbuu isaa himatee, yaada garaas jijjiir-
rate, bakka itti obboloota isaa iyyuu jabeessu irra kaa'ame.

**Galma Murtichaa keessatti**:-Uummatichi dhiiga Yesusiif iyye.
[128] Loltoonni hamminaan isa garafan. Moofaa kan ta'e uffata mootum-
maa bifa dhiilgee irra buusan. Isa qulqulluu mataa isaatti gonfoo
qoraattii naannessan. Ulee harka isaa keessa kaa'anii dura jilbeenfa-
tanii sagaduudhaan, qoosaadhaan nagaa isa gaafatan. "Attamiree yaa
mootii Yihuudotaa" jedhan. Yoh.l9:3. Sana booda ulicha isa harkaa
fuudhanii ittiin mataa isaa keessa dha'an, qoraattichi mataa isaatti
galee dhiigni fuulaa fi areeda isaarra akka dhangala'u taasisuuf.

Ergamoonni haala gadi of qabuu Isaa kana akka dhugaa ba'an
Yesus ni beeka ture. Uummata sana dadhabsiisee, Yesusiin harkaa
baasuuf Ergamaan inni hundumaa irra dadhabaan iyyuu, in danda'a
ture. Abbaa isaa yoo gaafate, ergamoonni battalumatti akka gadi
dhiisisan ni beeka ture. Karoora fayyinaa raawwachuuf jecha, rukut-
taa namoonni cubbamoonni isa irraan gahaniin dhiphachuun bar-
baachisaa ta'e argame.

Sabni ariidhaan guute sun maqa balleessii baay'ee gadhee
yommuu Isarratti dhi'eessan Yesus garraamii fi kan gadi of qabe
ta'eetu dhaabate. Fuula Isaa isa gaaftokko duraa dhokkachuu jiran,
[129] fuula Iisaa isa magaalaa Waaqayyoof ifa kennee isheen/magaalat-
tiin/aduu caalaatti calaqqisuuf jirtu sanatti tufan. Kristos warra Isa
miidhan duratti haaraa ta'ee hin mul''anne ture. Mataa isaa wayyaa
moofaadhaan aguuganii. akka hin argine taasisuudhaan fuula isaa
rukutanii, in gaafatu turan; "raajii keetiin nutti himi! enyuudha kan
si rukute?" Luq 22:64.

Bartoonni kaan kaan isaanii hamma bakka Yesus turetti seenanii
waan isarra ga'e arganii dhag'uu danda'aniiru. Humna Waaqummaa
isaa argisiisee waan harka diinota isaa keessaa ba'ee gocha hammi-
naa isaan Isa gubbaatti raawwataniif isaaniin adabu itti fakkaataa
ture. Abdiin isaanii akka wanti biraa mul'achaa adeemeen ol ka'ee
kufaas ture. Al tokko tokko in gowwoomnee laata kan jedhu sodaan
isaan qabachaa ture. Garuu sagaleen isaa gaara jijjiirama isa irraa
dhaga'an, ulfinna isaa achitti arganii, inni Ilma Waaqayyoo ta'uu
Isaatiif amantii isaanii jabeesseef. Waan argan hundaa dinqii utuu
Yesus godhuu argaa turan, dhukkubsataa fayyisuu, ija warra qaro
dhabeeyyii banuu isaa, gurra duude banuu, ifatee hafuura hamaa
[130] baasuu isaa, warra du'an jireenyatti deebisuu akkasumas qilleensaa

fi galaana abboomuu isaa keessatti waan inni hojjete yaadachuu yalan.

In du'a jedhanii amanuu hin dandeenye. Ta'us humnaan akka inni ka'uu fi sagalee abboommii Isaa sanaan ka'ee saba sana bittimsee, akka isa gaafa ma-na qulqullummaa keessaa daldaaltotaa fi warra horii jijjiiran, warra mana Waaqayyo iddoo itti daldaalaan godhatan sana, akka waan homaan warraanaa isaan ari'uutti isaaniin baasee sana, ammas akkasuma godha jedhanii amanaan. Inni mootii Israa'eliin ta'uu isaa humna Waaqummaa isaa fayyadamee amansiisa jedhanii abdatan.

**Dhuga-ba'umsa Yihuudaa**:-Yihuudaan gocha gantummaa isa Yesusiin gurgureef gaabbii hadhaadhaa fi qaanitu itti dhaga'ame. Miidhama Fayisaa irra ga'e hundumaa yommuu arge inni in mo'atame. Yesusiin in jaallata ture, garuu caalaatti horii waan jaallateef malee. Namoota warra isa qabuu dhaqan, warra ofii itti geesse sanatti, Inni of kenna jedhee hin yaadne ture. Dinqii hojjetee isaan-iin harkaa of baasa jedhee abdatee ture. Garuu namoota dheekkamsaan gu- [131]
utan, kan dhiiga dheebotan, mana murtichaa keessatti yommuu arge yakka isaatu gadi-fageenyaan itti dhag'ame. Yeroo namoonni baay'een jabeessanii Yesusiin hammeessan, Yihuudaan ariifachaa saba sana gidduudhaan dhiiga qulqulluu kana dabarsee kennuu kootiif gaabbeera jedhee himate. Lubootaaf horii isaan kennaniif sana deebiseefii, Yesusiin akka isaan gadi dhiisaniif kadhate, inni raawwatee yakka kan hin qabne ta'uu isaas dhugaa ba'e.

Yeroo gabaabaadhaaf, aariidhaa fi waan godhan wallaaluun yaada lubootaa qabatee callisan. Duuka buutota Yesus warra beekamoo keessaa, nama tokko Yesusiin akkanni dabarsee kennuuf qacaruu isaanii namni akka irratti beeku hin barbaadne turan. Akka hattuutti Yesusiin adamsuu fi dhoksaatti qabuu isaanii dhoksuu barbaadan. Garuu dhuga-ba'umsi Yihuudaa fi bututee akka reebichaan dadhabbetti dhi'aachuun isaa, luboota sana saba sana duratti ak-ka isaan Yesusiin qabaniif kan kakaase jibba akka ta'e isaaniin duraa saaxile. Akkuma Yihuudaan sagalee isaa ol kaasee Yesus kan yakka hin qabne ta'uu Isaa dubbateen, luboonni immoo [132]
"nuun maaltu dhiberee, atumti faladhu malee! jedhan." Mat.27:4. Yesusiin harkaan ga'ataaniiru waan ta'eef karoora isaanii bakkaan ga'uuf ittuma fufan. Yihuudaan dhiphinaan guutame, horii isa amma

jibbe kana miila luboota warra isaaf kaffalee jalatti darbatee, gaddaa, dhiphinaan achii adeemee ofii isaa hudhe.

Namoota naannoo isaatti walitti qabamanii jiran keessaa kan isaaf gaddanis baay'ee qaba ture, gaaffii gaafatamu baay'ee sanaaf, deebii kennuu dhiisuun isaa immoo saba sana in ajaa'ibsiise; fuula gurraachessuun, mallattoon jeeqamuu fuula isaa irraa hin argamu ture. Ayyaana qabeessaa fi kan gab jedhe ture. Ilaaltonni dinqifannoodhaan isa ilaalan. Guutuu fi jaba kan ta'e bifa isaa, dhaabbannaa ayyana qabeessaan isa irraa mul''atu warra Isatti faraduuf taa'anii wajjin wal bira qabanii ilaalanii, geggeessitoota iyyuu utuu hin taane caalaatti inni mootii fakkaata jedhan. Mallattoon yakkamaa ta'uu irraa hin argamu. Iji isaa tasgabbaa'aa, sodaa kan hin qabne qulqulluu, addi Isaa bal''aa fi ifaa ture. Mal-lattoon Isarraa hundinuu garraa-
[133] mummaa fi amala gaarii kan argisiisaniidha. Obsi Isaa fi of qabuun Isaa akka namoota kaanii waan hin ta'iinif namoota raase. Philaaxosii fi Herodis iyyuu amala garii isa kan Waaqaa fakkaatu sanatti guddaa jeeqaman.

**Yesusiin Philaaxos duratti**:-Yesus akka namoota kaanii akka hin taane Philaaxos silumaa iyyuu amaneera. Amalli isaa hundumaa irra kan caalu, waan ittiin isa komatan kanattii bilisa akkanni ta'e inni amaneera. Ergamoonni warri dhimmicha hordofaa turan amanuu mootii warra Roomaa kanaa hubataniiru. Yakka sodaachisaa Kristosiin du'aaf kennu kana isa oolchuudhaaf jecha kan abbaa manaa ishee biratti sakatta'amaa jiru Ilma Waaqayyoo ta'uu isaa fi qoratamaa mudaa hin qabne ta'uu isaa karaa abjuu odeeffannoo isheedhaaf kan kenne ergamaan tokko, haadha mana Philaaxositti ergamee ture. Isheenis achumaan daftee Philaaxositti ergaa ergitee, sababa namicha Yesus jedhamuu abjuutti akka dhiphachaa turtee fi inni nama qulqulaa'aa waan ta'eef homaa tokko iyyuu akka isa hin goone akekkachiiftee itti dhaamte. Ergamtoonni sun ariitiidhaan
[134] saba sana gidduu dhiibanii darbuudhaan, xalayicha Philaaxositti kennan. Akkuma isa dubbiseen, roqomee bifni isaa daalachaa'e, innis Yesusiin akka ajeefamu akka hin goone murteeffate. Yihudonni dhiiga Yesusiin kan barbaadan yoo ta'e, inni ofii dhiibbaa irratti gochuu dhiisee, akkanni bilisa gadi lakkifamu yaade malee.

**Heroodistti Ergamuu**:-Heroodis Yerusaalemiin jiraachuu isaa Philaaxos yommuu dhaga'e, sakatta'iin Yesusiin balleessuuf godhamu keessatti mataa isaa itti gaafatama jalaa baasuuf waan abdateef,

yaadni isaa guddisee boqote. Yommuudhuma sana Yesusiin himattootaa wajjin gara Herodisitti erge. Geggeessaan kun nama cubbuu keessatti jabaate ture. Ajjeesisaan Yohaannis cuuphaa, yaada isaa irraatti, qalama inni ittii of bilisoomsuu hin dandeenye irratti hanbise. Waa'ee Yesusii fi hojii ajaa'ibsiisaa Isaan hojjetamuu yomuu dhaga'e, Yo-haannis cuphaatu du'aa ka'e jedhee waan amaneef sodaatee raafame. Yommuu Philaaxos Yesusiin gara isaatti ergu Heroodis gocha sanaa akka beekamtii humna, aangoo fi firdii isaatti fudhate. Gochi kun geggeessitoota warra yeroo sanaa dura diina turan sana lamaan walitti araarse.Heroodis Yesusiin arguu gam- [135]
madeera, akka itti quufuufis dinqii tokko tokko naaf godha jedhee abdate. Garuu nageenya ofii isaaf argachuuf jedhee nama waa arguu fedhu gammachiisuun hojii Yesus hin turre. Inni humna Waaqummaa isaa dhimma ba'ee waan ajaa'ibaa hojjechuun fayyuu namoota birootiif malee gama ofii isaaf hin turre.

Yesus gaaffii Heroodis isa gaafate hunda deebii hin kennine, warra jabeessanii isa komatan diinota isaafis homaa hin deebifne. Yesus aangoo isaa /aangoo Heroodis/sodaachuufii waan dideef Heroodis aaree loltoota isaa wajjin Ilma Waaqayyootti qoosee, arrabse. Garuu innis, gar-malee salphisee yeroo inni isa miidhu amala gaarii isa kan Waaqayyoon fakkaachuu Yesus argisiiseen dinqifatee, isa ajjeesisuu sodaatee innis Philaaxosumatti deebise.

Seexannii fi eragmoonni isaa Philaaxos irratti hojjetanii gara badiisa isaatti isa geessaa turan. Yesusiin balleessuu keessatti qooda hin fudhatu yoo ta'e, warri kan biraan kan inuma godhu jedhanii yaada kees satti uuman. Sabni baay'een sun dhiiga isaa dheebochaa [136]
turan waan ta'eef Philaaxos Yesus akka fannifamuuf dabarsee hin laatu taanaan, aangoo fi kabaja isaa lafarraa dhabuu fi akka amanaa waliindhooftuutti lakkaa'ama jedhan. Sodaa humnaa fi aangoo isaa dhabuu kana keessaan, Philaaxos ajjeefamuu Yesus irratti walii gale. Dhiiga Yesus warra isa hammeessan irra kaa'u iyyuu, uummati sunis "dhiigni isaa nuyi irra. ijoollee keenya irras haa barbaadamu" Mat.27:25 jedhanii iyyan illee,, Philaaxos itti gaafatama jalaa hin baane; inni dhiigni Yesus kan irra barbaadamuu dha. Fedhii ofittummaa mataa isaaf, jaalala ulfina gurguddoota lafaa irraa argatuuf jecha, nama yakka hin qabne du'atti dabarsee kenne. Philaaxos akka yaadni mataa isaa isa amansiisetti utuu adeemeera ta'e, Yesusitti faraduu keessatti homaa tokko qooda hin fudhatu ture.

Bifaa fi jechi Yesus yeroo qorama isaa argisiise, sammuu namoota achi turan hundumaattuu dhiibbaa gadi fagoo uumeera. Bu'aan dhiibbaa kanaa, du'aa ka'uu booddee mul'ate. Warra ergasii waldaatti dabalaman keessaa, namoota gidduu Yesus qorame
[137] amanan of keessaa qaba ture.

Hamminni inni Yihuudonni akka Yesus irratti godhan taasise hunduu xiqqoollee kana na gootan jedhee Yesusiin hin dubbachiisin hafuu yommuu beeke Sexanni guddaa gadde. Bifa namaa ofi irratti fudhatu iyyuu, waan humna Waaqaa fakkaatuun keessa darbeera; fedhii abbaa isaa irraammoo waan xiqqoo illee hin kaanne.

## Fannifamuu Kristos

Kristos, jaallatamaan Ilmi Waaqayyoo; fannifamuudhaaf baafamee jaratti kenname. Bartoonni fi amantoonni naanna'aa sanaa uummata Qaraaniyyootti isa geessanitti makaman. Haati Yesusis, Yohaannisiin ergamaa jaallatamaa sanaan tumsamtee, achi turte. Garaan ishee dhiphina batamuu hin dandeenyeen kan guute ta'u iyyuu, isheenis bartootumaa wajjin haalli dhiphisaan sun jijjiiramuuf akka jiru in abdatti turte, Yesusis akka Ilma Waaqayyootti humna isaa argisiisuudhaan diinota isaa dura in dhaabata. Wantoota
[138] guyyoota sana isa irratti raawwataa jiran jechoota ifaadhaan innumti dubbatee yommuu yaadattu garaan haadha isaa in mooga'a ture.

Utuuma Yesus balabala Philaaxosiin darbee hin turin yommusuma fannoon Baarbaadhaaf qophaa'ee ture dhufee isa garafamee dhiigaa jiru saggoo isaarra kaa'ame. Yesus wajjin fannifamuuf warra jiran michoota Baarbaa irras fannoon in kaa'ame. Sababii dhangala'uu dhiigaa, humnaa ol isatti ta'e dadhabbii fi dhukkubbii irraan kan ka'e, gaggabee waan kufeef, fannoo yeroo gabaabduu qofa baate.

Yesus yommuu achi gahe, ammas fannichi sago isaa irra kaa'amee, fuula duratti akka adeemuuf dirqisiifame. Tarkaanfii muuraasa, fannoo isaa baadhatee fuula duratti daddarbatamee, akka waan lubbuu hin qabneetti lafatti kufe. Gara duraa du'eera jedhanii, gara dhumaatti lubbuun keessa deebite. Luboonnii fi geggeessitoonni isaa dhiphisaa jiran kanaaf garaa hin laafne turan, garuu immoo, meeshaa ittiin isa dhiphisan, fannoo kana caalaa baachuu akkanni hin dandeenye arganiiru. Waan godhan yaadaa utuu isaa

jiranii, Simon namni biyya Qareenaa, achii as itti deemaa dhufee
saba sanatti dabalame. Kaka'umsa lubootaan fannoo Kristosiin [139]
baachuudhaaf dhiibame. Ijoolleen Simon bartoota Yesus, garuu inni ofii Yesusii wajjin wal argee hin beeku ture.

Namoota hedduutu gara fannootti Fayyisaa faana deemaa ture. Baay'een isaanii itti qoosaa, itti gayisaa, garuu muraasi immoo boo'aa galata isaas odeessaa adeemu turan. Warri inni dhibee garaagaraa irraa isaa fayyise, warri inni du'aa kaase dhimmamaniitu gochaa dinqisiisaa inni godheef himaniitu, waanuma akka yakkamaatti akkasitti isa adabsiisu in gaafatu turan. Guyyaa muraasa dura, yeroo inni mo'ichaan Yerusaalemiin seene gammachuudhaan Hosa'inaa jedhanii wajjin ayyaaneffachaa, dame meexxii kan afaniif turan. Garuu sana gochuun waanuma beekamaa tureef, baay'een kan iyyani isa galateeffatan ammammoo "fannis, fannisi" jedhanii iyyan.

**Fannootti Waqrame**:-Iddoo itti firdii du'aa sana raawwatan yommuu ga'an warri ajjeefamuuf jiran meeshaa dhiphina/fannootti/ isaanii sanatti hidhaman. Hattoonni sun lamaan warra fannoo ir-
ratti isaaniin diriirsuu yaalan yommuu wallaansoo qaban, Yesus [140]
ofirraa faccisuu tokko iyyuu hin argisiifne ture. Haati Isaa haala gaddaatiin liqimfamteetu, tarii dinqii hojjetee of oolcha jettee abdachaa ilaalaa turte. Harki Isaa fannoo gubbaatti diriiruu argiteeharka jaallatamaa eebba kennaa ture yeroo hedduu warra dhiphatan gargaruuf diriiru ture. Amma egaa Mismaarrii fi waqaraan in fidaman. Akka eeboo jaallatama foon isaa keessa darbee fannootti maxxansee, garaan isaanii kan cabe bartoonni isaas haala dhiphisaa sana keessatti akkuma haadha Kristos sana garaa isaaniitti dhukkubbiin dhaga'ame.

Yesus komee tokko illee hin dhageessifne. Fuulli isaa akkuma diimatetti nagaan kan irraa dubbifamu ture, garu coccobbii dafqaa gurguddaatu fuula isa irraa argama. Harki isaaf dhimmee dafqa du'aa kana fuula isaa irraa haxaa'u hin turre, sagaleen jajjabinaa fi amanamummaa hin jijjiiramnee garaa namummaa isaa jabeessuuf hin turre. Qophaa isaa cuunfaa wayinii dhiitaa ture, kan achi jiran keessaa isaa wajjin kan ture hin jiru. Loltoonni isa sodaachisaa hojii isaanii hojjechaa yommuu turan, innis isa baay'ee dhukkubsaa ta'e dhiphina isaa utuu baatuu, Yesus dinota isaatiif kadhate."yaa
abbaa, isaaniif dhiisi, waan hojjetan hin beekanii" Luq.23:34 jedhe. [141]

Kadhannaan Kristos diinota isaaf godhe sun guutummaa lafaa kan hammatuudha, hamma dhuma yerootti cubbamaa lafarra jiraate hundumaa kan ilaallatuudha.

Yesus fannootti erga maxxanfamee booda, namoota humna qaban hedduudhaan ol kaafame humna guddaadhaan, Ilma Waaqayyoo baay'ee dhiphisa jedhamee bakka isaaf qoheeffame keessa kaa'ame. Achii booda wanti baay'een dhukkubsaan ta'e. luboonni fi geggeessitoonni, beektonni macaafaa, hojii isaanii isa qulqulluu dhiisanii, gayistootatti dabalamanii " yoo dhuguma mootii Yihuudotaa taate ofii kee oolchi " Luq.23:37, jechuu jalqaban. Kaanis walii isaanii gidduutti "Inni namoota biraa oolcheera, ofii isaammoo oolchuu hin danda'u."waliin jedhan Mar.15:31 jechudhaan itti qoosan. Kabajamtoonni mana qulqullummaa, loltoonni gara jabeeyyiin, hattuun fannoo gubbaa,kabajja warri hin qabnee fi hamminaan kan guutan namoonni hundinuu Yesusiin arrabsuu irratti immoo walii galan.

[142] Hattoonni warri Yesusii wajjin fannifaman, isaa wajjin dhukkubbii qaamaa wal fakkaatu dhiphatan: garuu tokko qofatu dhukkubbii isaatiin abdii kutate. Gayisuu lubootaa fi arrabsoo isa jarri jedhan irra deebi'ee "Ati Kristos yoo taate, ofi oolchi, nuunis oolchi." Jedhe. Luk 23:39. Kan duuti itti faradame inni kaan yakkamaa garaan isaa jabaate hin turre.haasaa namicha yakka keessatti miiltoo isaa ta'e kanaa yommuu dhaga'e, "isa ifatee, namana, akkuma isaa firdiidhaan dhiphachaa utuu jirtuu, Waaqayyoon illee hin sodaattu moo? Nuyi qajeeltootti nutti faradamee, hojii keenya nyaanne; inni kun garuu homaa hin yakkine jedheen." Luq. 23:40, 41. Achii akkuma garaan isa gara Yesus dhaqeen ifni samiidhaa sammuu isaa keessa lola'e.

Yesus, isa reebamee, itti qoofamee fannoo irratti fannifamee jiru keessatti fayisaa isaa argee amantii salphaadhumaan isatti himate. "Yaa Yesus Mootummaa keetiin yommuu dhuftu na yaadadhu! Jedhe. Yesusis immoo "dhuguman sitti hima, Har'a , anaa wajjin jannata keessatti in argamta" jedheen. Luq 23: 42, 43.

[143] Dinqifannoodhaan, eragmmoonni isa dhuma hin qanbe jaalala Waaqayyoo ilaalanii, baay'ee dhukkubsaa kan ta'e dhukkubbii qaamaa fi sammuu keessa utuu jiruu, warra kaan keessaa cubbamaa amanuuf kadhachaa jiru qofa jabeessuudhaaf ilaale. Jireenya isaa du'a keessatti dhangalaasaa utuu jiruu, kan badaa jiran sanyii

namootaaf jaalala isaa isa du'a irra caalu sana hojii irra oolcheef. Namoonni baay'een waan Qaraaniyootti ta'e sana hunda argani, booda keessa haalli sun amantii Kristos keessa isaaniin dhaabuu isaa in hubatan.

Amma egaa diinonni Yesus abdii obsa hin qabneen eeggatan. Duuti isaa baruma baraan oduu humna Waaqummaa fi dinqii hojii isaa isa ajaa'ibsiisaa isaa barabaraan callisiisu itti fakkaatee ture. Lammata sababii dhiibbaa inni uumuu akka hin dhiphanne ofitti dubbbatan. Isa booda loltoonni homtuu itti hin dhaga'amne, warri qaama Yesusiin fannoo gubbaatti diriirsan wayyaa isaan walii isaanii gidduutti hirmaatan; wayya xiyyoo hodhamu malee dha'ame tokko irratti wal qaban. Dhuma irratti carraa irratti buufachuudhaan waliif galan. Barreeffamni kitaabaa kanaa sirriitti kaa'a: "warri akka saree [144]
adamsan ana in naanna'an, gareen warra hamaa godhaniis ana in marsan, harka koo fi miilla koos huranii in fullaasan. Isaan uffata koo in hirmaatan. Wayyaa koottis muka in buufatan." Far. 22:16, 18

**Barumsa Jaalala keessaa Maatiidhaaf**:-Iji Yesus du'a isaa ilaaluudhaaf saba walitti qabame sana gubbaa naanna'ee, miilla fannoo biratti Yohaannisiin Maariyaamiin, haadha isaa, utuu inni gargaaruu arge. Gara haala dhukkubsaatti deebitee, mucaa ishee irraa addaan baafamuu dadhabdee turte. Barumsi dhumaa Yesus kenne waa'ee jaalala maatii ti. Gara fuula haadha isaa ishee gaddi cimaan rukutee ilaalee" Hadha ko ilaa Ilma kee! Jedhe" achii booda immoo bartichaan, ilaa! Haadha kee" Yoh. 19:26, 27. Yohaannis dubbii Yesusiin fi kennattaa qulqulluu inni isatti kennate sirriitti hubate. Yommusumas hadha Kristosiin hala sodaachisaa Qaraaniyoo sana keessaa baase. Sa'atii sana irraa qabee akka mucaa abboomamaatti, gara mana isatti ishee geessuudhaan isheedhaaf in eeggataa ture. Guutuu kan ta'e jaalalli mueaa kan Kristos kun ifa hin dukkanoofneen baroota keessatti in ifa. Dhiphina guddaa keessa utuu jiruu, haadha [145]
isaa irraanfachuu hin dandeenye, gara fuula duraa isheetiif iyyuu kan ta'u haala isheef mijeesse malee.

Ergamni Kristos yeroo lafa gubbaa jiraatuu amma gara raawwachuutti dhufee ture. Arrabni isaa gogee. "nan dheebodhe" jedhe. Daadhii dhangagga'aa waan akka cumaa buqqee hadhaa'aa isa bishaan daqnatti xuuxu tokkotti guutanii hanxaxii Hisoophiitti kaa'anii afaan Yesusitti qaban. Innis yommuu afaaniin qabe, in dide. Egaan Gooftaan jireenyaatii fi ulfinaa furii sanyii namaa ta'ee du'uuf.

Xoofoo inni keessaa dhugus hadheessee garaa Ilma Waaqayyoon cabsee akka bakka bu'aa keenyaatti dheekkamsa Waaqayyoo kan isatti fide miira cubbuudha.

Yakki dhala namaa hundumtuu akka bakka bu'aa keenyaatti Kristosirra kaa'ame. Cubbamoota abaarsa seeraa ittii bituudhaaf akka cubbamatti lakkaa'amee. Yakki namootaa bara Addaamii qabee garaa isaa gadi qabaa ture. Sababii yakka dheekkamsi Waaqayyoo fi mul''achuun namaatti gammachuu dhabuu isaa lubbu Mucaa isaa
[146] gaddaan guute. Yeroo gaddaa hundumaa irra caalu keessatti fuulli Waaqayyoo abbaa Fayyisaa keenya duraa fudhatamuun, gadda namni guutummaatti ibsuun dhibaa ta'uun onnee isaa waraane.

Dhukkubbiin Ilmi Waaqayyoo fannoo irratti baate hundinuu, coccobbiin dhiigaa mataa, harkaa fi miilla isaa irraa coccobu, eenyummaa isaa kan raase hargansuun dhiphinaa sun, fuulli abbaa isa duraa dhokachuun gaddi inni itti galche, yakki kun akka irra kaa'amuuf eyyamuun Ilmaa jaalalaaf jedheeti jechuudhaan nutti dubbata. Daangaa du'aa ofii isaatii siif saamee balabala jireenyaa fi du'a malee jiraachuu siif baneera. Inni, guuboo galaanaa hamaa dubbii isaatiin kan callisiise, guuboo galaanaa akka hoomachaa irra kan adeeme, hafuura hamaa hollachiisee, dhukkubni xuquu isaa jalaa baqatan, warra du'an jireenyatti inni kaase,ija warra jaamanii kan bane fannoo gubbaatti cubbamootaaf akka aarsaa dhumaatti ofii isaa dhi'eesseera. Inni, baattuun cubbuu, akka seeraatti adabbii yakkaa baachuudhaan nuuf jedhee cubbuudhuma ta'eera.

Seexanni qorumsa cimaadhaan garaa Yesusiin cafaqeera.
[147] Cubbuun, ija isaa duratti akkas jibbamee, hamma inni baachuu danda'uu olitti irra tuulame. Namummaadhaan yeroo sodaachisaa sana keessatti dhiphachuun isaa gaaffii hin qabu.abdii kan nama kutachiisan dhiphina Ilma namaa ergamoonni arganiiru; dhiphina qaama isaa irra iyyuu, isa boodaatu is dhukkubse. Tuuti samii keessaa dhiphina isaa ilaaluu sodaatanii fuula isaanii aguuggatan.

Uumamni lubbu dhabeeyyiin illee gadda isaanii isa arrabsamee du'e uumaa isaaniif argisiisan. Iji biiftuu haala gaddisiisaa sana arguu didde. Guutummaan ifa isaa gara walakkaa guyyaatti lafa ibsaa turee, booda akka waan tasuma badee ta'e. Dukkanni limixiin fannoo fi naannoo sanatti akka 'kafana' reeffaa marame. Dukkannichi sa'atii sadii guutuu fudhate. Saa'atii sagal irratti dukkanni cimaan sun namoota sana irraa ka'e, garuu yommusuma iyyuu akka

wayyaatti Fayyisaatti maramee ture. kan aaran balaqqeessi yommuu inni fannootti fannifamee jiru. waan itti darbataman fakkaatan. “Sa’atii sagalittis Yesus sagalee guddaadhaan, Elo’ii, Elo’ii, lamaa sabaktanii?’ Jedhee waammate. Waaqayyo koo, Waaqayyo koo malliif Na dhiifte jechuutti in hiika ma.” Mar. 15:34

**In raawwatame**:-Namoonni callisanii haala sodaachisaa kana [148]
in eegu turan. Iji aduu ammas in baate, garuu fannoon dukkanaan marfamee ture. Dingata yeroo qayyooti sun fannoo irraa kaafame, akka sagalee malakataa guutummaa uumamaa bira kan ga’e Yesus yommus sagalee guddaadhaan iyyee “in raawwatame” “Yaa Abbaa koo Hafuura koo harka keettan kennadha” jedhe. Ifni tokko fannootti marse, fuulli Fayyisaa keenyaa akka aduu ulfinaan ifee argame. Sana booda mataa isaa qoma isaa irratti kuffisee, du’e.

Yeroo Yesus du’e, golgaa mana qulqullummaa isa iddoo qulqulluu fi qulqulluu qulqullootaa gargar baasu duratti kan tajaajilaa turan lubootatu ture. akka tasaa lafti isaan biraa socho’ee itti dhaga’ame.Akkasumas golgaan mana qulqullummaa, gati jabeessa kan ta’e, akkuma quba harkaa isa mana mootummaa Belshaazaar keessatti dubbii firdii barreessee, harki dhiiga hin qabne, gararraadhaa hamma goodaatti bakka lamatti tarsaase.

Yesus hamma hojii dhufeef raawwatutti lubbuu isaa hin ken- [149]
nine ture, hafuura isattii adda ba’aa jirtuun “in raawwatame “jedhe. Karoorri fayyinaa mo’ichaan waan xumurameef.sagalee kana dhaga’uutti ergamoonni in gammadan. Karaa jireenya abboomamuu, ijoolleen Addaam dhuma irratti kabajaan gara teessoo Waaqayyootti waan dhi’eeffamaniif amma samiitti gammachuutu ta’e. seexanni in mo’amee, mootummaan isaas akka bade in beeke.

**Owwaalcha** :-Waa’ee reeffa barsiisaa jaallatamaa kanaa maal gochuu akka qabu Yohannis dhiphachaa ture. Yaada loltoota warra humna qabeeyyii namaaf hin yaadne sanaan fuudhamee iddoo owwaalchaa kabaja hin qabne sanatti geeffamaa laata kan jedhu yaadaan sodaachaa ture. Geggeessitoota Yihuudotaa biratti faara tolaan akka hin ilaalamne ni beeka ture, Philaxos irraas waa baay’ee waan abdatu hin qabu ture. Yeroo rakkisaa akkasii keessa Yoseefii fi Niqodimos dhufan. Lamaanuun isaanii iyyuu miseensa warra seera muranii waan turaniif Pilaxosiin in beeku turan. Lamaanuun isaanii
iyyuu qabeenyas dhageettii warra biroos qabu. Kanaaf isaan qaamni [150]
Yesus owwaalcha kabajaa akka argatu murteeffatan.

Yoseef Sodaa malee gara Philaaxosiin dhaqee akka owwaalamuuf qaama Yesusiin kadhate. Kanaaf Philaaxos ajaja seeraa qaamni Yesus akka owwaal-amuuf Yoseefitti akka kennamu ajaja dabarse. Utuu Yohaannis waa'ee qaama barsiisaa isaa isa jaallatamaa kanaa inni yaadda'uu Yoseef namani Armaatiyaa sun, namoonni mooticha biraa ergaman, Niqoodimos, bu'aa haasaa Philaaxosii wajjin godhamee eeggaa kan ture . Qumbii fi urgooftuu gati jabeeyyii gara Paawoondii dhibbaa kan ulfaatu qabatani. Warri baay'ee Yerusaalemitti kabajamoon du'a irratti akkas kabaja argatanii hin beekan.

Suuta kabajaan, qaama Yesusiin harka ofii isaaniin meeshaa dhiphisaa, fannoo sana irraa buusanii, isa tumamee fi gar malee moccoqame yommuu ilaalaa imimmaan jaalala dhangalaasuudhaan, eeggannaan dhiqanii dibaa dhiigaa irraa baasan. Yoseef kan ofiif tolfate, dhagaadhaan kan bareechifame owwalcha haaraa qaba ture.
[151] Qaraaniyyootti dhi'oo ture waan ta'eef Owwaalcha kana Yesusiif qopheesse. Qaamicha Urgooftuu Niqoodimos fidee wajjin, eeggannaadhaan hucuu Nayilooniitiin maranii, ergamoonni sadii ba'aa isaanii isa gati jabeessa kana baatanii iddoo owwaalcha haaraa kan takkumaa namni itti hin owwaalaminitti geessan. Jilba hokkate qajeelchanii, harka tumame sana qoma hargansuun keessa hin jirre irratti dachaasan. Dubartoonni Galiilaa wanti hundumtuu isa lubbuu hin qabne jaallatamaa barsiisaa isaaniif ta'uu isaa ilaaluudhaaf dhufan. Ilmi Waaqayyoo iddoo boqonnaa kaa'amee, dhagaan guddaan balabala owwaalcha sanaa irra kaa'amuu isaa argan. Dubartoonni fannoo birattis bakka owwaalchaatti dhuma irra jiru.

Geggeessitoonni Yihuudotaa Ilma Waaqayyoo ajjeesuudhaaf, karoora isa kan Seexanaa raawwatan iyyuu, yaaddoon isaanii irraa hin fagaanne, du'a Kristosiin amanuu dhabuun isaan hin dhiifne. Gammachuu haalloo isaanii guuttachuu wajjin waliin makamee sodaa ta'ee hin beekin, qaamni isaa inni owwaalcha Yoseef keessa ka'ame jireenyaan ka'a jedhanii yaadda'an. Kanaafuu '"angafni lubootaa fi
[152] Fariisonni Philaaxosiin biratti walitti qabamanii, gooftaa, inni wallaalchifataan sun, utuu jiruu, "guyyaa Sadii booddee nan kaafama akka inni jedhe yaadanneerra. Kanaaf owwaalichi hamma guyyaa sadaffaatti akka eegamu abboomi! Kun yoo ta'uudhaa baate garuu bartoonni isaa dhufanii, isa hatanii namootaan immoo, inni du'aa ka'eera in jedhu. Wallaalchisuun inni gara dhumaa kun immoo, isa duraarra in caala" Mat.27:62-64. Isa Yesus humnaan du'aa ka'ee,

warra isa ajjeese yakka isaaniitiif isaan balleessu irraatti akkuma warri Yihuudotaa waan fedhii hin qabneef, Philaaxos, akkuma luboonni jedhanitti garee loltoota Roomaa tokko owwaalchicha bira kaa'e.

Yihuudonni naannoo owwaalcha kanaa loltuu kaa'uun bu'aa akkamii akka inni qabu hubataniiru. Dhagaa afaan owwaalchaa cufu irratti chaappaa gochuudhaan, utuu hin darbatamin waan hin jeeqaamneef, qaama Yesusiin ilaalchisee bartoonni isaa akka nama hin gowwoomsineef eeggannaa barbaachisu hundumaa taasisan. Garuu karoorrii fi eeggannoon isaan godhan hundumtuu, mo'cha du'aa ka'uu sana guutuu ta'ee dhugaan caalaadhumaatti guutuu ta'e [153]
dhaabuu qofaaf dhimma baase.

[154] # Boqonnaa 9ffaa —Mo’icha

### Du’aa Ka’uu:

Yeroo Yesus mootiin ulfinaa, owwaalacha keessa kaa’amee jiru, bartoonni guyyaa sanbataatti boqotanii, du’a Gooftaa isaaniif boo’aa turan. Akkuma galgalli dhi’aachaa adeemeen, loltoonni bakka Fayyisaan kaa’amee jiru eeguudhaaf sochii malee kan eegaa turan yommuu ta’u ergamoonni immoo iddoo qulqulluu sana irra in balali’u turan.

Galgalichi suuta suuta darbaa adeeme, ammallee sirriitti utuu hin ifin, ergamoonni yeroon itti, inni jaallatamaan abboomaan isaanii, Ilmi Waaqayyoo gadi dhiifamu akka gahe beeku turan. Yeroo mo’ichaa sana fedhii guddaan eeggachaa utuu isaan jiranii ergamaan cimaan tokko ariitiidhaan Samiidhaa dhufe. Fuulli isaa akka balaqqeessaa, wayyaan

[155] isaa adii akka cabbii ture. Ifni isaa karaa isaa irraa dukkana balleessee, ergamoota hamoo warra injifannoodhaan qaama Yesusiin eeggatan ifaa fi ulfina sana irraa akka isaan baqatan taasise. Ergamaan tokko, haala gadi of qabuu Kristosiin kan arge iddoo boqonnaa isaas kan ilaalaa ture, ergamaa isa Samiidhaa dhufetti dabalamee iddoo owwaalchaatti gadi bu’an. Akka isaan dhi’aataniin lafti sochootee raafamte, sochiin lafaa guddaanis ta’e.

Loltoota Roomaa yaaddootu qabate. Qaama Yesusiin ittisuudhaaf amma humni isaanii eessa jira egaa? Wa’ee dirqama isaanii yookiin isa ergamooni achii isa hatanii hin yaanne. Akka ifni ergamiichaa, inni aduu calaatti ifu sun, naannoo isaanitti ifeen, loltoonni Romaa akka namoota du’anii lafatti kufan. Ergamoota sana keessaa inni tokko, dhagaa guddichattii bu’ee afaan owwalchichaa irraa garagalchee ofii isaatii irra taa’e. Ergamaan inni biraan immoo, owwaachichatti seenee kafanicha mataa Yesus irraa hiike.

“**Abbaan Kee si Waama**”, kana booddee, Ergamaan inni waaqa
[156] irraa dhufe Sagalee isaa kirkira lafaa kaase sanaan iyyee, “Yaa Ilma
Waaqayyoo, abbaan kee si waama! Kottuu ba’i!” jedhe. sana boodee

duuti isa irratti aboo qabaachuu hin dandeenye. Yesus du'aa ka'e, mo'icha kan argate ta'e. Fedhii guddaadhaan ergamoonni achitti walitti qabamanii haalicha ilaalan. Yemmuu Yesus boollicha keessaa ba'u, faarfannaa mo'ichaatiin isaaf sagaduudhaa fi nagaa gaafachuuf lafattii gadi jedhanii qoomma'an.

**Gabaasa Loltoota Roomaa**:-kutati ergamoota samii naannoo owwaalcha sanaa akka gaddhiisaniin, ifnii fi ulfinni akka darbeen, loltoonni Roomaadhaa naannoo isaanii ilaaluudhaan mataa isaanii ol qabatan. Dhagichi afaan owwaalchichaa sana irraa garagalee, qaamni Yesus fudhatamee arguu isaanii in dinqifatan. Waan argan lubootaa fi maanguddootatti beeksisuudhaaf gara magaalaatti jarjaraa sokkan. Warri ajjeeftonni sun gabaasa ajaa'ibsiisaa kana akkuma dhaggeeffataniin, fuulli hunduma isaanii in daalachaa'e. Waan godhaniif soda guddaatu isaan qabate. Gabaasi isaa yoo
dhuguma ta'e, isaan kan badan ta'an. Yeroodhaaf callisanii ta'anii, [157]
waan godhanii fi waan jedhan wallaalanii fuula walii walii isaanii ilaalan. Gabaasa kana fudhachuun ofii isaanii balleessuudha. Waan godhan mari'aachuudhaaf qobaatti ba'an. Gabaasi waardiyoota kanaa yoo namoota gidduutti odeeffamee, warri Yesusiin ajjeesan, akka ajjeeftota isaatti ajjeefamu.

kanaaf loltoonni kun, kana iccitaan akka qabaniif horiitu kaffalameef. Luboonnii fi maanguddoonni maallaqa guddaa kennaniifii "waa'ee isaa immoo, 'bartoonni isaa halkan dhufanii utuu nuyi rafnuu, reeffa isaa hatanii sokkan' jedhaatii namootatti himaa." Mat. 28:13. Iddoo eeguutti ramadamanii, rafuu isaaniitiif yoo gaafataman waan nurra ga'uuf maal goona jedhanii gaafannaan, geggeessitootoonni warra Yihuudotaa mootii warra Roomaatti nageenya keessaniif isniif himna jedhanii waadaa galaniif. Horichaaf jedhanii, wardiyyoonni warra Roomaa ulfina isaanii gurguranii maree Lubootaa fi maanguddootaatti galani.

**Firii Fayyinaa isa Duraa**:-Yesus fannootti fannifamee utuu
jiruu, "In raawwatame" jedhee yommuu iyye, dhagoonni in dad- [158]
day'an, lafti in raafamte, owwaalonni tokko tokko in banaman. Du'a fi Si'ol irratti mo'acha ergaa argatee booda, lafti raafamtee, ulfinni Samiidhaa naannoo quliqlaa'aa sanatti ibse. Baay'een toloonni du'an, waamicha isaaf abboomamanii, owwaalcha isaanii keessaa ba'anii, du'aa ka'uu Yesusiif ragaa ta'an. Carraan isaaniif ta'ee kan du'aa kaafaman toloonni ulfinaan kaafaman. Isaan yeroo uuma-

maatii eegalee hamma Kristositti kan turan dhaloota hundumaa keessaa qulqulloota filataman turan. Kanaafuu, Yeroo geggeessitoonni Yihuudotaa, du'aa ka'uu Ye-susiin dhoksuuf yaalaa turan. Waaqayyo immoo miiltoo isaa owwaalchuma isaanii keessaaa kaasee, Yessus du'aa akka ka'e arganii ulfina isaa akka odeessan taasise.

Du'aa ka'uu Yesus boda warri jireenyatti deebifaman, namoota hedduutti mul'atanii, aarsaan namaaf yaadame sun akka fiixaan ba'e, Yesus inni warri Yi-huudotaa fannisanis du'aa akka ka'e oddeesaniiru. Dubbii isaaniis mirkaneessuuf "nuyyuu isaa wajjin
[159] kaane" jedhan. Isaan owwaalcha keessaa waamamuun, isa guddaa humna isaa akka ta'e dubbatan. Gaabaasi sobaa naanna'aa jiraatu iyyuu. du'aa ka'uun Kristos, seexanaan. ergamoota isaatiin. angafoota lubootaatiin dhokfamuu hin danda'u: sababiin isaas, miiltoon qulqul'aa'oon owwaalcha isaanii keessaa baafaman, isa dinqisiisaa oduu gammachuu sana waan labsaniif. Yesusis immoo, garaan isaanii gaddaan kan cabe, gadda keessa warra turan bartoota isaatti mul'achuudhaan, sodaa isaanii balleessee, gammadanii akka ililchan taasiseera.

**Dubartoota Owwaalcha Biraa** :-Jalqaba torbanii, ganama obboroodhaan, utuu baay'ee hin ifin, dubartoonni amantiitti cimoon ta'an tokko, urgooftuu foolii gaarii qabatanii, qaama Yesus dibuudhaaf, gara owwaalcha dhufan; balbala owwaalchaa sana irraa dhagichi guddaan garagalee, reeffi Yesusis akka achi hin jirre argan. Garaan isaanii na'ee, diinonni isaanii qaama sana hatanii laata jedhanii yaadda'an. Akka tasaa, uffata adii kan uffatan ergamoota fuulli isaanii ifaa fi calaqqisaa ta'e argan. Uumamni samii kun waan dubartoonni kun achi turanif beekaniiru waan ta'eef yommusuma Yesus
[160] akka achi hin jirre itti himan. Inni ka'eera, bakka inni kaa'amee ture ilaaluu danda'u turan. Dhaqanii akka dubartoonni kun bartoota isaatti, isaaniin dursee Galiilaa dhaqu itti himaa jedhe.Sodaadhaa fi gammachuu guddaadhaan dubartoonni sun gara bartoota warra gadda irra jiranii deemanii waan arganii fi dhaga'an itti dubbatan.

Bartoonni garuu Yesus du'aa ka'uu amanuu dadhaban iyyuu, dubartoota odicha fidanii wajjin ariitiidhaan gara owwaalchichaatti fiiguu jalaqaban. Yesus akka achi hin jirre baran. Ucuu Naayiloon, uffata owwaalchaa sana arganisgaruu, oduu gammachu, Yesus du'aa

ka'uu amanuu hin dandeenye. Waan arganii fi waan dubartoonni sun itti himaniin dinqifachaa gara manaatti deebi'an.

Maariyaam garuu wanti isheetti dhaga'amuu fi isheen argitu kun yaada isa gowwoomfamaan jiraa laata jedhuu sanaan jeeqamtee, yaadaadhuma, naannnoodhuma owwaalchaa sana turuu filatte. Qorama kan biraatu na eeggata jettee yaade. Gaddi ishee itti haara'ee gadditee boosse. Gadi jettee owwaalcha keessa ilaaltee ergamoota
wayyaa adii uffatan lama argite. Inni tokko bakka mataan Yesus [161]
kaa'ame, inni kaanis bakka miilli isaa kaa'ame taa'anii turan. Gara laafinaan maaliif akka isheen boossu gaafatan, isheenis, "Gooftaa koo fudhataniiru, ani iddoo isa ka'an hin beeku" jettee deebifteef.Yoh. 20:13

"**Ana hin qabin** " akkuma owwaalcha irraa ol jetteen, Yesus itti dhi'aatee ijaajjee argite, garuu isa hin hubanne turte. Jaalalaan isheetti dubbate, maaliif gaddaa waan feetu sana akka isheen barbbaadu gaafate. Nama iddoo qonnaa sana hojjetu itti fakkaateetu, yoo inni Gooftaa ishee achii fuudheera ta'e eessa akka inni kaa'e isarraa hubattee deebiftee fuudhuuf gaafatte. Yesus sagalee ofii isaa isa Samiitiin, "Maariyam" jedhee ishee waamnaan, sagalee jaallatama isheen beektu waan ta'eef, "barsiisa!" jettee sagalee isheen isa waamtee, isa hammachuu barbaadnaan, Yesus immoo "ana hin qabin, ani amma iyyuu gara abbaatti ol hin baane, gara obboloota koo dhaqi! Ani gara abbaa kootii fi abbaa keessanii, gara Waaqyyo Kotii fi Waaqayyo keessaniitti ol nan ba'a" jedhe Yoh. 20:17. Gam-
machuudhaan oduu gaarii kana qabattee gara bartootaatti sokkite. [162]
Yesus dafee gara abbaa isaatti, afaan isaa irraa aarsaan isaa fudhatamaa ta'uu isaa dhaga'uudhaa fi aboo waaqaa fi lafaa fudhachuudhaaf ol ba'e.

Yesus ulfina isaatiin marfamee bakka Waaqayyo abbaan jiru yommuu ture, bartoota isaa lafa gubbaa jiran hin daganne ture. Gara isaaaniitti deebi'ee akkka humna isaaniif kennuuf jecha, abbaa isaa harkaa humna fudhate. Gaafuma sana deebi'ee ofii isaa bartoota isaatti mul'ise. Ergasii booda, gara abbaa isaatti ol ba'ee humna argateera waan ta'eef, akka isaan isa xuqaniif in eyyameef.

**Toomaas Shakkituu**:-Yeroo kana Toomaas bira hin turre. Jaabeessee ofitti amantaadhaan quba ofii isaa bakka mismaarri ure haraka Yesus irraa keessaa fi cinaacha isaa bakka eebboon hamminnaan guute waraane sana keessa yoo kaa'e malee, tasuma inni

gadi of qabee gabaasa bartootaa hin fudhatu ture. Akkasittiin obboloota isaarraa amantaa dhabe. Utuu hundumti isaanii ragaa wal
[163] fakkataa barbaadanii, har'a namni Yesusiin fudhatee du'aa ka'uu isaatti amanu hin jiraatu ture. Garuu kan ofii isaaniitii du'aa ka'uu isaa arganii hin dhageenyes gabaasa bartoota fudhachuu akka qaban fedhiidhuma Waaqayyoo ti.

Amanuudhaa baannus, Waaqayyo Toomaasitti hin gammadne ture. Yesus yeroo lammata deebi'ee bar-toota isaa wajjin wal arge, amma Toomaas isaanii wajjin jira waan ta'ee gaafa Yesusiin argu in amane. Garuu ilaaluu isaa irratti dabalee yoo qaqqabee arguu baatee akka itti hin quufne dubbate. Yesus ragaa inni barbaade kenneef; Toomaas in iyye, "Gooftaa koo, Waaqayyoo koo!" Yesus immoo garuu amanuu dhabuu isaaf, isa ifate, " Yaa Toomaas, waan ana argiteef amantee? Utuu ana hin argin kan amanaan akkam haa gammadan!"ittiin jedhe. Yoh. 20:28, 29.

**Kufaatii Isa Kristosiin Ajjeesisee** :-Oducha mandaraa gara mandaraatti, magaalaadhaas gara magaalaatti tatamsa'een geggeessitoonni Yihuudotaa jireenya ofii isaaniitiif sodaataniitu jibba bartoota irratti qaban dhokfatan. Tokkichi abdiin isaan qabu turan oduu soba sana tamsaasuu qofa ture. Kristos ka'uu isaa yommuu dhaga'e Phi-
[164] laaxos in hollate. Dhuga-ba'umsa laatame shakkuu hin danda'u waan ta'eef yommusii qabee hamma inni jiraate hundumaatti nagaan isa dhiisee biraa deeme. Ulfina biyya lafaaf jedheetu, akka inni du'uuf Yesusiin dabarsee kenne. Dhiiga nama qulqulluu qofaadhaaf utuu hin taane egaa amma, Ilma Waaqayyootiif iyyuu itti gaafatamaa ta'uu isaa in beeke. Abdii kutannaa fi dhiphinni miira abdii fi gammachuun guute cabse. Jajjabaachuu dadhabee haala baay'ee gadhee ta'een obbaafate.

**Bartootaa Wajjin Halakan Afurtama**:-Yesus bartoota isaa wajjin guyyoota Afurtama dabarsuudhaan, dhugumaa mootummaa Samiidhaa caalaatti akka isaa beekan gochuudhaan gammachuu fi ililleedhaan isaaniin guute. Dhiphina du'aa fi du'aa ka'uu isaa ilaalchisee waan arganii fi dhag'an biyya lafaaf dhugaa' akka ba'aniif isaaniin erge. Inni cubbuudhaaf aarsaa akka of godhee fi kan gara isaa dhufuu barbaade dhufee isa argachuu akka danda'u akka himaniif isaan irraa eegame. Gara-laafina amanamaadhaan akka isaan ari'atamanii fi jibbaman isaanitti dubbate, garuu shaakala keessa darbanii fi dubbii inni isaanitti hime yaadachuudhaan bo-

qonnaa akka argatan isaanitti dubbate. Inni ofii isaatii qoramsa Seexanaa akka mo'ate, qoramaa fi dhiphina irraa mo'icha akka argate isaanitti hime. Isa irratti sanaan booda Seexanni humna hin qabu; garuummoo kallattiidhumaan qorama sana isaanii fi warra maqaa isaatti amanaan hundumaa irratti fida. Akkuma inni mo'ate isaanis in mo'atu. Yesus bartoota isaaf humna ittiin dinqii hojjetan isaaniif kennee, namoota hamootaan ari'ataman illee, yeroo dhaa gara yerootti akka isaaniin oolchaniif eragmoota isaa isaaniif ergee, hanga eragma isaanii raawwatanitti lubbuun isaanii akka hin fudhatamne itti hime. Dhuga-ba'umsa laatan garuu dhiiga isaaniitiin in caappessu ta'a. [165]

Kan yaadda'an duuka-buutonni isaa, barsiisa isaa fedhiidhaan in dhaggeeffatanii tokkoo tokkoo dubbii afaan isaa keessaa ba'u akka dhangaatti in fudhatu turan. Amma egaa dhugaadhumatti inni Fayyisaa biyya lafaa ta'uu isaa fudhataniiru. Dubbiin isaa gad -fagaatee garaa isaanii keessa galee, garuu barsiisaa samiidhaa dhufe kanattii addaan waan ba'uuf jiraniif lammata isa isaaniin jajjabeessu dubbii isaa, isa ayyaana qabeessa sana hin dhageenyu jedhanii gaddan. [166]
Garuu Yesus dhaqee iddo isiniif qopheessee, anaa wajjin yeroo hundumaa akka jiraattaniif, isin nan fudhadha yommuu jedhe, ammas immoo garaan isaanii jaalalaa fi gammachuu guddaadhaan ho'ifame. Kan isaaniin jabeessu dhugaa hundumaatti kan isaaniin geessu. Hafuura Qulqulluu isaaniif erguuhdaafis waadaa isaaniif gale. "Harka isaa ol kaasee isaaniin eebbise" Luq. 24:50.

**Ol ba'uu Kristos**:-Samiin hundumtuu, Yero Yesus gara abbaa isatti ol ba'u, yeroo mo'ichaa sana eegachaa turan. Ergamaan, mo'ichaan gara samiitti isa geggeessuudhaaf, Mootii ulfinaa fudhachuudhaaf in dhufan. Yesus bartoota isaa erga eebbisee booda, isaan irraa addaan ba'ee ol fudhatame. Akkuma gara samiitti ol butachaa adeemeen, booji'amtooni warri yeroo du'aa ka'uu isaa kaafaman baay'een sun isa faana bu'an. Baay'een kan walitti qabaman eragmoonni Samiidhaa, isaan duukaa yommuu bu'ani, samii irratti immoo hamma kana kan hin jedhamne ergamoota baay'eetu dhaquu isaa eegaa ture.

Kana booddee samiirra kan jiraatan hundinuu isa ulfaataa ajajaa isanii kana naanna'anii, kabaja guddaadhaan isa duratti sagadanii isa calaqqisaa gonfoo isaanii miilla isaa jala kaa'an. Isa booda kiraara warqee isaanii rukutanii hoolicha isa qalameef amma immoo jiraataa [167]

ta'ee ulfinaa fi kabajaan jiruuf, sagalee minyaawwadhaan, sagallee Muuziqaatii fi farfannaa guutummaa samii keessa guuchisan.

### Abdii Deebi'uu:

Bartoonni yeroo dhumaatiif isa ol ba'aa jiru Gooftaa isaanii arguuf gaddanii gara waaqaa ilaalanii yommuu hafan,ergamoonni wayyaa adii uffatan lama isaniin bira dhaabatanii "Isin namoota Galiilaa maaliif dhaabattanii waaqa keessa ilaalaa jirtu? Yesus inni isin biraa gara Waaqaatti ol fudhatame kun akkuma amaa itti gara waaqaa dhaquu isaa argitan kanatti immoo deebi'ee in dhufa" HoE 1:11 jechuudhaan isaanitti dubbatan. Bartoonni gochaalee isaa warra dinqisiisoo, aakkasumas takkaa ta'ee kan hin beekiin ta'iinsa kabajamaa yeroo gabaabaa keesstti raawwate sana dubbatan.

[168] **Dheekkamsa Seexanaa**:-Ammas Seexanni ergamoota isaa wajjin mari'atee, jibba guddaa mootumma Waaqayyoo irratti qabuun, humnii fi aangoon inni lafa irratti qabu yoo deebi'eef, dhama'iinsi isaa duuka buutota Yesus irratti godhan dacha kudhan kan baay';atuu dha jedhee dubbate. Kristosiin rukutanii mo'achuu waan hin dandeenyeef yoo danda'ame duuka buutota isaa garagalchuu irra jiraata. Dhaloota hundumaa keessatti warra Yesusiin amananiif kiyyoo qopheessu. Sana boodee Seexanni akka Leenchaa aaduudhaan duukabuutota Yesusiin liqimsuu barbaade.

# Boqonnaa 10ffaa—Humna [169]

Waan raajonni waa’ee isaaf barreessaniif, Yesus hubannaa bar-
tootaa erga banee, waaqaa fi lafa irratti humni akka isaaf kenname
isaaniif mirkaneesseefii, dhaqanii akka wangeela uumama hundu-
maatti lallaban itti hime. Tasa haareffamuu abdii isaanii, isa Yesus
Yerusaalemitti Teessoo Mootummaa Daawwit irra taa’uutiin, bar-
toonni “Yaa gooftaa si’a kana Israa’eliif gooftummaa deebiftaafi-
iree?” HoE 1:6 jedhanii gaaffii gaafatan. Fayyisaan waa’ee kanaatiif,
“yeroo yookiin bara abbaan gooftummaa isaa itti dhaabe beekuun
isiniif hin kennamne” jechuudhaan mirkaneeffannaa malee isaaniin
hanbise. HoE 1:7

Bartoonni, inni dinqisiisaan bu’uun hafuura qulqulluu, Yesusiin
fudhachuuf Yihuudota irratti dhiibbaa in uuma jedhamee ture. Ha-
fuurri qulqulluun guutummaatti akka dhufu, sammuun isaanii akka
ifuuf jirus waan beekuuf, Fayyisaan kana caalaatti ibsuu in dide. Ho- [170]
jii isa jiru guutummaatti hubachuudhaan, bakka inni hojicha dhaabe
irraa kaasanii itti fufu.

Bartoonni mana ol aanutti dubartoota amananii, Maariyaam
haadha Yesus, akkasumas obboleessa isaa wajjin kadhataaf walitti
qabaman. Obboloonni kun, kan hin amanne amma du’aa ka’uuf
ol ba’uu Yesusiin, guutummaatti amantii isaanii irra dhaabatan.
Namoonni walitti qabaman dhibba tokkoo fi digdama ta’u turan.

**Bu’uu Hafuura Qulqulluu**:-“Ayyaanni guyyaa shantammaffaa
inni Phenxeqostee jedhamee waamamu yommuu ga’e hundinuu
iddoo tokkotti walitti qabamanii turan. Dingatas huursaan waaqa
irraa akka bubbee bubbisuutti dhaga’ame, manicha isaan keessa ji-
ranis guute. Arraba ibiddaa kan fakkaatan isaanitti mul’atan, gargar
tamsa’aniis, wanti akka arraba ibiddaa kun tokkoo tokkoo isaanii
irra taa’an. Yommus hundumti isaanii Hafuura Qulqulluudhaan guu-
tamanii dubbachuu isaa isaaniif kennetti, afaan garagaraa dubbachuu
jalqaban.” Hafuurri qulqulluun,akka arraba ibiddaa isa fiixee irraan [171]
gargar hirameetti, garee walitti qabaman irra bu’ee mallattoo kennaa
isaan irratti kennamee yommuu ta’u takkumaa dubbatanii kan hin

beekne afaan garaagaraa baay'ee dubbatan. Akkaataan ibiddi sun itti mul'ates fedhii guddaa isa isaan hojjetanii fi humna jechoota isaanii faana deemu kan argisiisuudha.

Ifa samii jalatti, heertuun Kristos isaaniif ibse sammuu isaanii ifa callaqisaa fi jaallatamuun hubatamaa fi dhuga humna qabeessaan guute. Waan Kristos hanbise akka hin argineef kan isaaniin golge golgaan amma kaafamee, kaayyoo dhufaatii ergama Yesus fi amala isa guutuu ta'e, mootummaa isaa ifaadhumatti hubatan.

## Humna Pheenxeqosteetiin:

Yihuudonni saba hundumaa keessa tamsaafamanii afaan garaagaraa dubbatan. Karaa dheeraa kan ta'e gara Yerusaalem dhufanii, waa'ee ayyaneffannoo amantiitiif yeroodhaaf, waan isaan irraa eegamu raawwachaa in turan. Achitti kan waaqeffatan saboonni
[172] afaan hundumaa irraati kan dhufan. Garaagarummaan afaanii kun barsiisa Yesusiin gara biyya hundumaatti tamsaasuudhaaf, gufuu guddaa ture. Garuu Waaqayyo karaa dinqii ta'een waan bartoonni barbaadan guutee, akkasittin namoota sanaaf kun karaa milkaa'aa ta'een dhuga-ba'umsa Kristos kana akka dhugaaba'an taasise. Hafuurri qulqulluun waan isaan baruma jireenya isaanii hundumaattuu ofiin godhachuu hin dandeenye godheef. Sirriitti afaan nomoota tajaajilan sanaa fayyadamuudhaan, amma egaa dhugaa wangeelaa ballisanii, fageessannii tatamsaasuu in danda'an. Kennaan ajaa'ibaa kun kan ergaman mirkaneessuu samiitiin ta'uu isaa kan ibsu kennamuus kan danda'u ragaa hundumaarra caaluu dha.

"Yihuudonni Waaqayyoon sodaatan, Yerusaalemiin kan jiraatan, saba irra lafaa hundumaa keessaa kan dhufan turan. Jarreen kun hundinuu huursaa kana yommu dhaga'an, iddoo kun ta'etti dacha'an, warri hafuura qulqulluudhaan guutaman kun, afaan tokkoo tokkoo isaaniitiin akka dubbatan dhagenyaan, waan jedhan wallaalan, na'anii dinqifatanii, warri dubbachaa jiran kun hundinuu Galiilota
[173] miti moo? Jedhanii gaafatan. Dabalaniis, tokkoon tokkoon keenya attamittiin afaan itti dhalanneen isaan dhageenya?"

Luboonnii fi geggeessitoonni guddinaa dinqisiisaa Yerusaalemi fi naannawaa isheetti ta'ee dhaga'ameef cimsanii aaran. Garuu jibba namootaaf of saaxiluu waan hin barbaadneef gocha isaanii isaa hamaa gochuuf yaadan hin goone. Barsiisaan akka ajjeefamu

taasisaniiru, garuu hojjettoota isaa Galiilaa keessaa iyyuu warra hin barannetu isa dinqisi-isaa waan raajiin dubbatame raawwachisanii afaan dubbatamu hundumaan immoo barsiisa Yesusiin barsiisu. Humna hojii Fayyisaa isa ajaa'ibsiisaa Sa-naa fi aarsaa Ilma Waaqayyootiin dubbatan. Dubbiin isaanii kan isaaniin dhageeffatan kumaatamaan kan lakkaa'aman amansiisee isaaniin jijjiire. Barsiisa aadaa fi amantiin waaqa tolfaammatti amanuu, kan luboonni barsiisan sammuu isaanii keessaa haqameera, akkasumas qulqulluu kan ta'e barsiisa dubbii Waaqayyoo fudhataniiru.

**Lallaba Phexros**:-Wanti isaan argaa jiran kallattiidhumaan raawwatama raajii Iyyo'el ta'uu isaa Phexros isaanitti hime, innis ho- [174]
jii addaaf isaaniin qopheessuudhaaf humni akkasii saba Waaqayyoof dhufuf akka jiruudha. Akka isa kabajamaa toora hidda Daawwititti, Phexros hidda dhalootaa Kristos keessaa qaba. Karaa dhugaa ofii qabatee jiru dhugoomsuuf barsiisa Yesus kamiin iyyuu dhimma hin baane ture, sababiin isaas, ilaalcha biraa waan qabaatuuf bu'a qabeessa akka hin taane waan beekuufiidha. Kanaaf inni Daawwitiin, isa sabni sun, abbaa isa kabajamaatti fudhatuun qabee dubbata. Phexros:"Daawwit waa'ee isaatiif, "yeroo hunduma Goofticha fuula koo durattan ilaala, akka ani hin sochooneefis inni gara mirga koo jira; kanaaf garaan koo gammadee, arrabni koos in ililcha; foon koos abdii keessa in buufata. Lubbuu koos iddoo warra du'aniitti hin dhiiftu, dhuunfaa kees tortoratti dabarsitee hin kennitu."'

Asiti Phexros, Daawwit, waa'ee Yesusiin malee waa'ee mataa isaa akka hin haasa'in argisiise. Daawwit akkuma namoota warra kaanii du'eera. Owwaalchi isaa, biyyoo kabajamaa of keessaa qabuun, eeggannaa guddaadhaan hamma yerosiitti tureera. Akka [175]
mootii Israa'elii fi akka raajiitti, Daawwiti nama addumaan Waaqa biratti kabajameedha. Mul"ata raajii keessatti, jireenyaa fi tajaajila Yesus isa gara fuula duraa isatti argisiiseera. Didamuu, qoramuu, fannifamuu isaa du'aa ka'uu fi gara waaqaatti ol ba'uu isaa argeera.

Lubbuun Kristos Si'ol /owwaalcha/keessatti akka hin hafne Daawwit dubbateera, foon isaas tortoruuf akka hin dhiifamin. Phexros, Yesus namni Naaziret raajii sana akka raawatte dubbata. Waaqayyo dhuguma iyyuu utuu foonni isaa tortoruu hin eegalin du'aa isa kaaseera. Samii ol aanutti inni amma kabajamaa dha.

Lakkobsi isaanii kan guddate hamma yeroo sanaatti yaada isaa namni gadi deebi'an Yesus llama Waaqayyoo ta'uu qoosaa kan turan

dhugaadhaan jijjiiramanii inni Fayyisaa ta'uu isaa dubbachuunYeroo yaadatamuu qabuudha. Namoonni kumni sadii waldaatti dabalaman. Ergamoonni hum-na Hafuura qulqulluutiin dubbatan, namni dubbi isaaniitiin morme tokko illee hin turre. Ergaan isaanii dinqii
[176] gurgudaan degeramee, bu'uu hafuura Waaqayyootiin kan hojjetameedha. Bartoonni mataan isaanii mul''achuu humna Waaqayyoo fi isa daddafee walitti qabamu, /sassaabamuu/amantootaa kana dinqifitan. Naamoonni hundinuu dinqifannoodhaan guutan. Dhiphina sammuu fi yaada hin taane qaban dhokfachuu dadhabanii hojii guddaa kana dhaabuu akka hin dandenyetu isaaniif gale. Sagaleedhaans ta'e miidhaa umuudhan tayitaan isani yeroodhuma muraasa qofaaf ta'e.

Falmiin ergamootaa qofaan, yaada qulqulleessee kan amansiisu qofaan, ilaalcha dhiphummaa Yihuudotaa isa ragaa hedduu ofi irraa ittise baasuu hin dandeeye. Garuu hafuurri qulqulluun falmii akkasii humna waaqummaatiin garaa isaanii keessaa baase. Isaan gooftaa ulfinaa didanii isa isa fannisan yakka isaanii, isaaniin yaadachiisuudhaaf akka xiyya qaramaa isa kan Waaqayyoo ti. "amma kana ergaa dhaga'anii, gara kuteenyaan, Phexrosif ergamoota hafanitti dubbatan 'jarreen obboloota nana maal goonu?' kana booddee Phexros yaada garaa keessan geddaradhaa, isin keessaa namni hundumtuu maqaa
[177] Yesus Kristositti haa cuubamu, dhiisuu cubbuutiif; kennaa hafuura qulqulluus in fudhattuu isaaniin jedhe.'"

Pheexros saba amansiifame sanaan daddafee, lubootaa fi geggeesitootaan waan gowwomfamtaniif Kristosiin fudhachuu diddanii turtan jedhe. Utuu ofii akkas hin godhin, Lubootaa fi geggeessitoota Kristosiin nutti him nu gorsa jedhanii utuu eeganiiru ta'e silaa tasuma iyyuu isa hin fudhatan turan. Namoonni jajjaboon kun dhimma qulqullummaa dubbatan iyyuu, isaan soorumaa fi ulfina lafaafis fedhii fi hinaaffaas qabu turan. Ifa fudhachuudhaaf gara Yesus tasuma iyyuu hin dhufan turan. Yesus Ilma Waaqayyoo ta'uun ragaa baayyinaan utuu qabanii, boqu-jabinaan amanuu dhabuu isaaniitiif adabbiin sodaachisaan saba sanatti dhufuuf akka jiru Yesus dursee dubbateera.

Yerosi qabanii gara fuula duraatti, afaan isaanii dhalootaas ta'e afaan biyya ormaaa yommuu dubbatan, haasaan bartootaa, qulqulluu, salphaatti kan hubatame fi dubbiittis akkataa jechuuttis sirrii ta'e. Namoonni gadi qabamoon kun, mana barumsaa raajotaatti

kan hin baratin, kan isaaniin dhaga'an kan ajaa'ibsiise, akka kana ol qabanii qulleessanii. dhugaa-yeroo dhi'eessan. Ofuma isaaniitii [178] hanga daarii lafaatti adeemuu hin dandeenye, garuu gama biyya lafaa hundumaatti dhangaa isaanii kan hirmaachaa turan namootatu ture waan ta'eef, isaan kun dhugaa fudhatan gara biyya biyya isaaniitti galanii saba isaanii gidduutti tamsaasuudhaan lubbuu Kristosiif booji'an.

**Barumsa bara keenyaaf**:-Akkamittiin waldaan Kristaanaa akka dhaabbate, seena qulqulluu qofa uttuu hin taane dhuga-ba'umsa akkanaa iraa barumsas in qabaanna. Warri maqaa Kristosiin qaban hundinuu garaa tokkoon walii wajjin eeguu, dammaquu fi kadhachuutu irraa eegama. Garaagarummaa hanbisuudhaan tokkummaan akka jiraatu goonee, jaalalli gubaan waan hundumaa irratti akka mo'u gochuutu nurra jira. Isa booda kadhati keenya jaba kan ta'e amantii dhugaadhaan gara abbaa keenya waaqaa bira dhaqa. Kana booda raawwatamuu abdii keenya obsaa fi abdiidhaan eegganna.

Deebiin isaa ariitiin akkatasaa fi humna cimaadhaan dhufuu ni danda'a, yookiin immoo, guyyootaa fi torbanootaaf turee amantiin keenya iyyuu ilaalamuu danda'a. Garuu yoomii fi akkamittiin akka [179] kadhata keenya deebisu Waaqayyo ni beeka. Waaqayyotti of qabsiisuun gahee keenya. Waaqayyo gahee ofii isaatiif itti gaafatamaa dha. In kan abdachiisef amanamaa dha. Gama keenyaan wanti barbaachisaan fi cimaan, hinaaffaa fi hammina hundumaa lafa keenyee sammuu fi garaadhaan tokkummaa'uu dha. Yesus bakka bu'aa fi geggeessaan keenya, warra guyyaa shantammaffaatti qophiin eeggateef kan godhe nuufis gochuuf qophii dha.

[180] # Boqonnaa 11ffaa—Gantummaa

Carraa Yerusaalemiin mudachuuf jiru fi haala dhufa isaa lammaffaa yommuu bartoota isaatti hime, yeroo isaan biraa fudhatamee kaasee hamma deebii isaa isa humnaa fi ulfinaan isaaniin bilisomsuuf dhufuutti waan saba isaa mudachuuf jirus dursee isaanitti dubbateera. Gaara Ejersaa irraa Fayyisaan bubbee waldaa ergamooti ijaaruuf jiran irratti dhufu argee, caalchisee yeroo fuula duraa keessa ilaaluudhaan, baroota dukkanaa fi ari'atamaa keessa qoramsa isa akka ibiddaa duuka buutota isaa irra ga'uuf jiru ilaale. Karaa gadi of qabuu, balleeffamuu fi dhiphinaa isa barsiisaan isaanii irra adeeme gubbaa duuka buutonnis adeemuu qabu. Jibbi inni Fayyisaa biyya lafaa irratti xaaxa'e, warra maqaa isaa amanaan hunduma irratti in argama.

[181] Seenaan waldaa jalqaabaadhaa dhugummaa dubbii Fayyisaa kan mirkaneessuu dha. Humneetiin lafaa fi si'ol nameenya duuka buutota isaa keessatti Kristos irratti wal ga'an. Waaqa dharaa waqessuun, wangeelli kan mo'atu yoo ta'e manni sagadaa ishee fi iddoon aarsaa ishee dhiqamanii badu kan jedhu dursa argite. Kanaaf humna ishee Kristaanota balleesuuf iriirsite. Hari'atamni cimaan in qabsiifame. Kristaanota irraa qabeenyaa isaanii fudhatamee ma-na ofii isaanii keessaa baafaman. "Wallansoo guddaa ulfina of keessaa qabu, obsan danddeessan sana yaadadhaa!" "Warri kaan ga'oof ta'an, in reebaman,funyoo sibiilaatiin iyyuu in hidhaman, mana Hidhaatti in galfaman." Ibr. 1032, 11:36. Lakkoobsi isaanii guddaa kan ta'e namoonni aarsaa isaanii dhiga ofii isaaniitiin qadaadan. Warri birmadduu fi garboonni, sooressii fi hiyyeessi, kan baratanii fi kan hin baranne haala wal fakkaatuun ho'a malee ajjeefaman.

Dhama'insa Seexanni humnaan waldaa Kristosiin balleessuuf yaalu akkasumaan ta'e. Wallaansoon guddaan inni bartoonni Kristos keessatti lubbuu isaanii kennan yommuu safartuun warri amanamoon kun bakka isaaniitti boqotan achuma irratti hin
[182] dhaabbanne. Mo'atamuudhaan mo'atan. Hojjetoonni Waaqayyoo in ajjeefaman; hojiin Isaa garuu ariitiidhaan fuula duratti adeeme.

Wangeelli tatamsa'uu ittuma fufe, namoonni isatti qabamanii jiraatan dabaluu isaanii itti fufan. Naannoo itti hin seenamin, loltoota Roomaatti illee, haaraa itti lixan. Kristaanni tokko akkas jedhe, ari'annaadhaan warra isaa duukaa jiran geggeessitoota ormaatti yommuu iyyatu: "nu ajjeessuu, nu dhiphisuu, nu balleessuu... jallinni keessan iyyuu nu yakka kan hin qabne ta'uu in dubbata... hammeenyi keessanis isin... hin gargaaru" jedhe. Warra kan biraa Kristositti akka amanuuf fiduun affeerraa guddaa ta'ee ture. "Akkuma yeroo baay'ee dhiitamnu, hammuma sana immoo lakkoobsaan guddanna, dhiigni Kristaanaa sanyii dha"

Kumaatamaan kan lakkaa'amni hidhamanii ajj-eefaman, kaan immoo utaalanii iddoo isaanii in bu'u. Warri amantii isaaniitiif qalaman, Kristositti of kennatanii akka mo'attootaatti lakkaa'amaniiru. Lola gaarii sana lolaniiru, yommuu Kristos dhufu gonfoo ulfinaa sana in fudhatu. Dhiphinni isaan argani akka Kristaanonni walii isaanii fi Fayyisaa isaaniitti siqan taasise.

**Maree warra Waqa tolfamaa Waaqessanii wajjin**:-Alaabaa [183]
isaa waldaa keessa dhaabbachuudhaan mootummaa Waaqayyoon loluudhaaf Seexanni caalaatti karoora isaa baase. Utuu duuka buutonni Waaqayyoo gowwoomanii Waaqayyoon gaddisiisuutti geeffamaniiru ta'ee silaa jabeenyi, obsaan danda'uun fi jabinni isaanii kufee salphaatti irbaata Seexanaa ta'u turan.

Diinn guddichi sun, waan humnaan fudhachuu dhabe gowwoomsaan fudhachuu barbaadeera. Hari'annaan in dhaabbate; bakka isaa gammachuu qabeenya yerooti fi ulfina biyya lafaatiin bakka buuse. Waaqeffattoonni waaqa nam-tolchee, gara dhugaa barbaachisaa dhiisuudhaan, gar-tokkoo amantii Kristaanaa fudhachuu eegalan. Yesusiin ak-ka Ilma Waaqayyootti fudhachuu, du'uu fi du'aa ka'uu Isaa akka amanaan, in dubbatu; garuu cubbuun isaanii itti argamee qalbii jijjirrannaa yookiin geddarama garaa hin barbaadne turan. Gama isaaniitiin dhiifama tokko tokko gochuudhaan Kristaannoonni
akkasuma walii dhiisanii wal tajjii amantiin Kristosittii tookko akka [184]
ta'uuf yaada dhi'eessu.

Amma waldaan balaa sodaachisaa keesa galte. Kanaa wajjin yoo wal bira qabamu, hidhamuun, reebamuun ibiddii fi billaan eebbatti kan lakkaa'amu ta'a. Kristaanonni tokko tokko, amantii irratti marii hin goonu jechuudhaan, jabaatanii dhaabatan. Warri kaan immoo amantii isaanii keessaa waan tokko tokko fooyyessanii warra gar

tokko amantii Kristaanummaa fudhatanii wajjin tokkummatani, kun karaa nuyi ittiin guutummaatti jijjiiramnu ta'uu danda'a jedhanii sodaatan. Yeroon sun amanamoota kan turan duuka buutota Yesusiif yeroo gaddisiisaa isa gadi fagoo ture. Qola Kristaana fakkaachuutiin, amantii isaanii mancaasee sammuu isaanii dhugaa irraa deebisuudhaaf, Seexanni gamnummaadhaan waaldaatti ofii isaa galchaa ture.

Dhuma irratti Kristaanonni baay'een sadarkaa amantii isaanii gadi buusanii Kristaanummaa fi amantii maleessummaa tokkummaa uuman. Waaqeffatoonni waaqa tolfamaa nuyyuu in jijjiiramne jedhanii waldaatti dabalaman iyyuu, yommusuma iyyuu waaqa
[185] tolfamaatti qabamanii meeshaalee waaqeffanna isaanii qofa gara fakkii Yesus, Maariyaamii fi tolootaatti jijjiiran. Kan manca'e raacitiin waaqa tolfamaa waaqessu. akkasittiin waldaatti galee. isa mancaasaa ta'e hojii isaa itti fufe. Barsiisi amanamaa hin taane, akkaataa Waaqa tolfamaa ittiin waaqessan fi sirni isaa, amantii waldaa fi Waaqeffannaatti gale. Akkuma duuka buutonni Kristos warra waaqa tolfamoo waaqessanii wajjin walitti makamanin aamantiin Kristaanummaa faalamee waldaan qulqullummaa fi humna ishee dhabde. Waliin makamuu kanaan karaa irraa kan hin kaatin, muraasi garuu turaniiru. Abbaa dhugichaaf amanamanii Waaqa dhugaa kan waaqeffatanii amanamummaa isaanii eeggatan.

Nuyi garee Kristos kan jedhan keessa yeroo hundumaa kutaa lamatu jira. Gareen warri tokko jireenya Fayyisaa yommuu qoratanii jallina isaanii sirreeffatanii fakkeenya sana fakkaachuuf fedhii gudda qabaatan, gareen warri biraan immoo, dogoggora isaanii kan bakkeetti baasu dhugaa hubatamaa fi qabatamaa dhabamsiisu. Yeroodhuma baay'ee gaariidha jedhamu iyyuu waldaan guutum-
[186] maatti dhugaa, qulqulluu. amanamaa kan ta'an irraa walitti hin qabamne. Warri fedhiidhaan cubbuu keessa of galchan waldaatti hin fudhataman jedhee barsiiseera. Garuu immoo inni ofii isaatii namoota amala dogoggoraa qabaatan, mataa isaanii akka ilaalanii sirrataniif carraa isaaniif kennuuf jecha, isaanitti hidhatee barsiisaa fi fakkeenyummaa isaa irraa akka isaan fayyadamoo ta'an mirkaneesseef.

Garuu mootii ifaa fi mootii dukkanaa gidduu tokkummaan hin jiraatu, duuka buutota isaanii gidduus tokkummaan hin jiraatu. Kristaanonni warra walakkaa jijjiiraman warra waaqa tolfamaa waaqessanii wajjin tokkummaa uummachuuf yaadan dhugaa irraa isaaniin

fageessaa kan adeemuu karaa achii gadii deemu jechuudha. Seexanni akkasittiin duuka buutota hedduu waan wallaalchiseef in gammade. Ammammoo humna isaa akka fudhatan taasisee caalaatti warra Waaqayyoof dhugaa ta'anii jiran hari'achuuf isaaniin kakaase. Dhugaa akkamittiin akka morman, warra duraan dhugaaf mormaa turan caalaa kan beeku hin turre. Amantoonni irraa kaatan kun, miiltoo isaanii warra gartokkoon isaanii waaqa tolfamaa waaqessanii wajjin walitti dabalamanii, baay'ee barbaachisaa kan ta'e barsiisa Kristos irratti waraana qajeelchan. [187]

Warri amanamoo ta'uu fedhan. wayyaa lubaa uffatee waldaa kan seene gowwoomsaa fi xuraa'ummaa kana dura jabaatanii dhaabachuun barbaachisaa ta'uu hubataniiru. Macaafni qulquluun akka safartuu amantiitti fudhatamuun hin hafe. Barsiisi bilisummaa amantii akka barsiisa sobaatti dubbatamee, warri baattuu kanaa ta'an jibbamanii dheekamaman.

**Addaan BaafamuuBarbaachisaa**:-Wal dhabdee bara dheeraa fi dhukkubsaa booddee, warri amanamoon muraasi sun, waldoota dhugaa irraa kaatan hundumaa wajjin, sobaa fi waaqa tolfamaattii guutummaatti yoo of qulleessuu baatan akka irraa hiikkatan murteessan. Dubbii Waaqaaf abboomamuun barbaachisaa ta'ee yoo argame isaan irraa adda ba'uun barbaachisaadha. Lubbuu isaaniif doggora balaa du'aa qabu kana hojjetanii, lubbuu ijoollee fi ijoollee ijjoollee isaaniif fakkeenya ta'uuf obsuu hindandeenye. Tokkummaa fi nagaan akka jiraatuuf, dhugaa isa kan Waaqayyoo wajjin kan waliif galu waan barbaachisaa hundaa gochuuf qophii turn, garuu qajeelfama kan aarsaa kan taasisu yoo ta'e, nageenyi iyyuu baay'ee [188]
minya'aa akka ta'u itti dhaga'ameera. Nageenya dhugaa fi qajeelummaa mareetti fiduudhaan qofa kan dhufu taanaan, waraana iyyuu yoo ta'e, wanti addaa haa ta'u. Waldaafis biyya lafaafis gaarii kan ta'u qajeelfamni inni amantoota jaboo keessa jiru, garaa saba Waaqayyoo warra jedhamanii keessatti yoo haara'eedha.

Ergamaan Phawulos,"akkasuma nama Waaqayyoo ta'ee jiraachuuf kan hawwu hundinuu, ar'atamuuf jira" 2Xim.3:12 jedhee dubbate. Erga akkas ta'ee, maaliif ari'annaan, caalaatti waan rafe kan fakkaateef? Sababiin tokkicha waldaan gara sadrkaa biyya lafaatti gadi waan of buteef kun immoo mormii hin kakaasu waan ta'eef. Amantiin jabana kana nuyi qabnu akka amantii Kristaanaa isa bara ergamootaa, amalatti makaa kan hin qabnee fi qul-qulluu

miti. Sababii hafuurri cubbuu wajjin waliif galu jiruuf, sababii inni guddichi dhugaan dubbii Waqayyoo maal na dhibeedhaan akkasiitiin ilaalameef, sababii Waaqayyoon fakkaachuun muraasi qofti waldaa keessa jiruuf qofa, Kristaanummaan akka kanatti biyya lafummaatiin beekame. Haara'umsi hafuuraa fi humni waldaa jalaqabaa
[189] haa jiraatu, hafuurri hari'atamuu ka'ee, ibiddi ari'atama deebi'ee in qabsiifamaa.

## Iccita Cubbuu:

Xalayaa isaa gara Tasalonqee isa lammaffaa keessatti, eragamaan Phaawulos waa'ee gantummaa guddichaa isa humna Phaaphaasummaa bu'uuressuun xumuramuu dursee dubbateera. "Waaqayyoon mormanii isa irratti ka'uun utuu hin dhufin, inni hamaan seera malee jiraatu ilmi badiisaa sun utuu bakkeetti hin baafamin guyyaan sun hin dhufu" jedhee dubbate. Inni bakkeetti baafamuuf jiru sun, ol of qabuudhaan Waaqayyoon kan jedhamuun waanuma namni itti sagaduunis in morma. Ofuma isaatii Waaqayyo ofiin jechuudhaanis mana qulqullummaa Waaqayyoo keessa taa'umsa in dhaabbata. Caalaatti immoo ergamichi amantoota akka isaa kan akeekkachiisu, "humni inni dhokataan sun kanumaan dura iyyuu hojii irra jiraachuu isaati." 2Tas.2:3, 4. 7. Baruma jalqabaa iyyuu, karaan guddina Phaaphaasum-maa gara waldaatti qaxxisaa akka ture inni argeera.

Xinnoo xinnoodhaan, jalaqaba dhokatee, sagalee dhoksee, achii
[190] immoo, mul'inatti humna jabeeffatee sammuu namaa to'annoo jala galche, humni cubbuu inni dhokataan hojii isaa isa wallaalchisaa fi arrabsaa hojjetate. Karaa hin hubataminitti akkaataan amantii malee ta'uu waldaa Kristositti gale. Hafuurri mareetti dhi'eessanii walii galuu yeroo hari'atama cimaa duraanii, isa waldaan bara waaqa tolfamaa argaa turte sana kan jalqabe. Garuu ari'atamni dhaabatee, Kristaanummaan manneen murtii fi masraa mootummaa seenuudhaan gadi of qabummaa Kristosii fi ergamootaa lafa keessee bakka wantoota Waaqayyo barbaaduu, barumsa fi barsiifata namaa itti galfatte. Jaarraa arfaffaa gara jalqabaa keessa, maqaadhumaaf jijjiiramuun Konstaantiin, gammachuu guddaa argisiisee biyyi lafummaan wayyaa tolummaa uffattee waldaatti ol seente. Hojiin jallinaa ariitiidhaan fuula duratti adeeme. Waaqa tolfamaa waaqessuun, waan badde fakkaattee, mo'attuu taatee turte. Hafuurri ishee waldaa

to'ate. Barsiisi ishee, sirni ishee, waaqeffannaan ishee inni fayida dhabeessi, amantii fi waaqeffannaa warra nuyi duuka buutuu Kristos jedhaniitti ol gale.

Walii galteen amantii waaqa tolfamaa fi Kristaanummaa, gud-
dina nama cubbuu isa durfamee raajiin dubbatame isa mormuu fi ofii [191]
isaa Waaqaa olitti ol of qabu jedhame bu'uuressuun raawwate. Inni guddichi sirni amantii sobaa, humna Seexanaa isa dursaa dha—siidaa dhama'iinsa isaa, isanni teessoo irra of ka'ee akka fedha isaatti biyya lafaa bulchuu yaaduu ti.

Guutummaa biyya lafaatti aangoo isa caalu phaaphaasotaa fi lubootaa irratti qabaachuudhaan Phaaphaasiin hubatamaa kan ta'e mataa waldaa addunyaati kan jedhu barsiisa warra Roomaa isa dursaa dha. Kana caalaas immoo, maqaadhuma Waaqni ittiin waamamu ofii fudhate.

Maacaafni qulqulluun, namoonni akka isaan gowwomsaa isaa beekanii humna isaa dura dhaabatan akka godhu, Seexanni sirriitti beeka. Dubbii kanaaniidha kan Fayyisaan keenya mo'atamuu of irraa ittise. Miidhaa hundumaa keessattuu Kristos "barreeffamee jira" kan jedhu gaachana dhugaa barabaraa godhate. Yaada diinni isaaf dhi'eessu hundumaa keessattuu ogummaa fi humna dubbichaatiin itti dhaqaa ture. Seexanni dhiibbaa isaa namoota irratti gochuuf
Phaaphaasii seera malee teessoo qabachiisuuf kitaaba qulqulluu [192]
akka isaan hin hubanne isaaniin gochuu qaba.

Macaafni qulqulluun Waaqayyoon kabachiisee, namoota warra dhiiraa fi dhalaa warra daanga'oo ta'an immoo bakka isaaniif dhugaadhumaan ta'u isaaniin kaa'a. kanaaf, dhugaan qulqulluun isa keessa dhokfamee in cunqurfama. Waggoota dhibbootaan lakkaa'aman kitaabni qulqulluun akka hin tatamsaane dhorkamee ture. Namoonni akka hin dubbifne, mana isaanii keessaa akka hin qabaanne akkasuma dhorkamani seera malee kan ta'an luboonnii fi oggantoonni mana qulullummaa waan yaadan jabeeffachuuf barsiisa isaa hiikkatan. Akkaataa kanatti, Phaaphaasiin akkuma guutummaa addunyaattuu, waldaa fi mootummaa irratti aboon kennameefii, bakka bu'aa Waaqaa lafa gubbaa ta'e beekame.

**Barrii fi Yeroon in Jijjiirame**:-Inni dogoggora mul'isu baafamuudhaan, Seexanni akka fedha isaatti hojjete. Phaaphaasiin "baraa fi Yeroo jijjiiruu in yaala" Dan. 7:25 Raajiin in dubbata. Hojiin kun, bira ga'uun suuta jedhamee miti. Warra amantii hin qabne

[193] keessaa kan jijjiiraman kennuuf, innis bakka bu'aa waaqeffannaa waaqa tolfamaa, akkasumas isa maqaadhaaf Kristaanumaa fudhatan sana beeksisuuf, bifa fakkeenyaa fi hanbaalee kabajuun, suuta suuta waaqeffannaa Kristaanaatti dabalame. Labsiin mana maree walii galaa dhuma irratti sirna waaqa tolfamaa kana bu'uuressan. Hojii arrabsoo kana fiixan baasuuf, Roomaan abboommii Waaqayyoo isa lammaffaa isa waaqa tolfamaa waaqessuu dhorku keessaa baasuu fi abboommi isa kurnaffaa immoo hirtee lakkobsichi akkuma duraatti akka turu gochuuf yaadde.

Hafuurri warra waaqa tolfamaa waaqessanii wajjin harama ta'e sissiqu caalaatti aangoo samiidhaa ak-ka tuffatan taasise. Seexanni abboommii isa arfaffaa xuquudhaan Sanbati durii, guyyaan Waaqayyo eebbisee, qulqulleesse, akka dhiifamuu fi bakka isaa guyyaa ayyaanaa warra amantii hin qabneen ayyaaneffatamu sana "guyyaa aduu isa kabajamaa" akka kabajatan taasise. Geddaramni kun jalaqaba irratti mul'inatti hin taane. Jaarraa isa jalqabaa keessa Kristaanonni hundinuu sanbata isa dhugaa eegan. Ulfina Waaqaaf hinaaffaa qabu waan turaniif Seerri Waaqaa kan hin jijji-
[194] iramneedha jedhanii amanu; fedhiidhaanis seera isaa in eegu turan. Garuu Seexanni kaayyoo isaa bakkaan ga'achuuf karaa bakka buutota isaa baay'ee gamnummaan hojjete. Qiyyaaffannoo namootaa gara guyyaa jalqaba torbaniitti naannessuuf, du'aa ka'uu Kristosiin ayyaaneffachuutti qabsiisee ayyaaneffannoo godhe. Tajaajilli amantii guyyicha irratti kennaman, garuu akkuma guyyaa bashannanaatti fudhatama ture; sanbatnis qulqullinatti eegamaa ture.

Ammallee, nama amantii gurguddaa lafa irra jiranitti hin amanne ta'ee, Mootumma Roomaa hundumaa keessatti hundumtuu ayyaana uummataa isa gaafa Dilbataa akka ayyaaneffatu jechuudhaan Konstaantin labsii baase. Erga amantii fudhatees inni walaawaltuu kan hin taane degartuu guyyaa Dilbataa ta'eetu hafe, sana booddees ajaja seeraa isaa fedhii amantii isaa, isa haaraa irratti akka ta'u dirqisiise. Haa ta'u iyyuu malee, ulfinni guyyaa kanaaf argisiifame, Kristaanota guyyaa sanbataa Waaqayyoon akka hin kabajne gochuuf gahaa hin taane. Tarkaanfiin kan biraan fudhatamuutu irra ture: sanbatni sobaa, sanbata dhugaan wal qixa kabajamuutu barbaadame. Kon-
[195] staantin, labsii erga baasee waggoota muraasa booda, Phaaphaasiin Romaa, maqaa Guyyaa Waaqayyoo jedhu guyyaa Dilbaataaf kenne.

Akkasittiin namoonni suuta suuta akka labsii qulqullinaatti fudhatan. Hamma sanatti Sanbatni jalqabaa kabajamaadhuma ture.

Hangafni gowwoomsituu hojii isaa hin xumurre ture. Kristaanota lafa gubbaa jiran alaabaa isaa jala galchuudhaan humna isaa karaa beekumsa isaa shaakaluu barbaade, Phaaphaasii. isa ani bakka bu'aa Kristositi jedhee dha. Karaa warra walakkaa jijjiiramani waaqeffattoota waaqa nam-tolchee, luboota fedhii qabanii fi namoota waldaa warra biyya lafaa jaallatanii, kaayyoo isaa raawwate. Yeroo dhaa gara yerootti marii gurguddoon taasifamanii namoonni kabajamoon keessatti jijjiiramaniiru. Marii sana hundumaa keessatti sanbati inni Waaqayyo dhaabe, xiqqoo gadi butachaa adeeme, Dilbati immoo hammuma sana kabajamaa ol adeemeera. Akka kanatti ayyaanni waaqeffattoota waaqa tolfamaa akka waan Waaqayyo dhaabeetti xumura irratti kabaja argate, Sanbati inni Waaqayyo dhaabe immoo aadaa Yihuudotaati jedhamee eegamuun isaas abaarsa ta'uun labsame.

Gantummaan inni guddaan inni of tuuluu isaatiin bakka gahe [196]
"Waaqyyo kan jedhamuun waanuma, namnis itti sagaduunis in morma" 2Tas 2:4. Seera Waaqayyoo isa dogoggora tokko malee dhala namaa hundumaa gara dhugaa fi Waaqa jiraataatti geessu jijjiiruu in barbaada. Aboommii arfaffaa keessatti, Waaqayyo uumaa waaqaatii fi lafaa isa waaqota sobaa hundumaa irraa adda isa baasu nutti argisiise. Inni yaadannoo hojii uumamaa isa Waaqayyo guyyaa torbaffaa qulqulleessee akka itti boqotuuf namaa kenneeti. Yeroo hundumaa Waaqa jiraataa akka madda waan hundumaaf waaqeffatamuu fi sodaatamuu qabuutti sammuu keenya keessatti akka qabaannuuf kan wixineeffamee dha. Saexanni kan inni yaadu Waaqaaf amanamuu fi seera isaaf abboomamuu irraa namoota deebisuu barbaada. Kanaaf iyyu yaalii isaa keessumaa abboommii isaa Waaqayyo uumaa ta'uu dubbatu irratti xiyyeeffata.

Warri Protestaantii du'aa ka'uu Kristostu guyyaa Dilbataa sanbata Kristaanotaa taasisa jedhanii dub-batu. Garuu deggarsa macaafa qulqulluutu itti hanqata. Kristosis ta'e ergamoota isaatiin kabaji akkasii guyyaa kanaaf hin laatamne. Akka dhaabbata Kristaanaatti [197]
eegamuun guyyaa Dilbataa bu'uura mataa isaa danda'e "dhoksa seera malee ta'uu" isa hojii isaa baruma Phaawulos keessa eegalee qaba. Mueaa Phaaphasummaa kana Waaqayyo eessatti, yoomis

guddifatee? Geddarama Macaafni qulqulluun callisu kanaaf sababii ga'aa maalii qaba?

Jaarraa ja'affaa keessa Phaaphasummaan waan jabaatee dhaabate ta'e. taa'umsa isaa magaalaa biyyatti magaalaa Roomaa wiirtuu godhatee, phaaphaasiin Roomaa mataa waldaa ta'uun isaa labsame. Waaqeffannaan waaqa tolfamaa sirna Phaaphaasiidhaaf bakka gadi dhiise. Jawwichi bineensichaaf "humna isaa, teessoo isaa fi aangoo isaa isa guddaa" kenne. Mul 13:2. Kana booddee waggoonni 1260 yeroo itti Phaaphasummaan inni raajii Dani'eliin dura dubbatame in jalqabe. Dan 7:25, Mul 13:5-7. Kristaanonni yookiin amanamummaa isaanii sirna phaaphaasii fi kennanii waaqessuu, kanaachimmoo mana hidhaa keessatti jireenya isaanii dabarsuu, yokiin immoo dhagaan, ibiddaan yookiin immoo qottoo isa morma kutuun adabamuu keessaa filachuudhaa.

[198] Amma dubbiin Yesus in raawwatame" warri isin hore, obboloonni, aantiin keessanii fi firri keessan illee dabarsanii isin in kennu, isin keessaas, kaan in ajeessu, hundinuu anaaf jedhanii isin in jibbu." Luq 21:16,17. Ari'annaan aarii guddaa sanaan dura ta'ee kan hin beekneen warra amanamoo irratti ta'uu eegale, biyya lafaa akka dirree lolaa bal'aa ta'e. Waggoota dhibbootaaf waldaan, dukkana keesatti iddoo dhokannaa argachaa turan. Raajichi jedhee: "dubartittiin, immoo lafa onaatti in baqatte, achitti iddoo Waaqayyo guyyaa kuma 1260f waan ittiin jiraattu argattuuf qopheessee qabdi turte. Mul 12:6.

**Baroota Dukkanaa**:-Waldaan Roomaa gara aangootti ba'uun, jalqaba baroota dukkanaa argisiisa. Akkuma aangoon ishee dabalaa adeemeen, dukkanni dabalaa adeeme. Amantiin Kristos isa bu'uura dhugaa irraa, gara Phaaphaasii Roomaatti darbe. Dhiifama cubbuutii fi fayyina barabaraatiif Ilma Waaqayyoon amanachuu irra, namoonni gara Phaaphaasii fi lubootaa warra aangoo kennaniifii ilaallachuu jalqaban. Phaaphaasiin kan isaaniif kadhatu ta'uu, karaa isaa malee eenyu iyyuu Waaqayyotti akka hin dhi'aanne, caalaatti immoo,
[199] isaaniif iddoo Waaqaa akka inni dhaabatuu fi kabajamuu akka qabu in barsiifaman. Ulaagaa kana irraa kaachuun qofti qaamaa fi lubbuu nama yakka kana raawwatee adabbii irraan ga'uuf ga'aa dha.

Kanaafuu sammuun namoota, Waaqayyo irraa deebi'ee, salphaatti kan dogoggoru, dogoggoroo fi hamoota kan ta'an irra kaa'atansana caalaa iyyuu, karuma isaanii humna isaa kan shaakalu,

mootiidhuma dukkanaa sana irra godhatan. Cubbuun qabaa qulqullummaa keessa jiraate, bifa jijjiirratte. Heertuun macaafaa yommuu gadi qabaman, namni ofii isaa guddisee of ilaalan, kan nuyi eegnu fakkeessaa, gowwoomsaa fi cubbuu tuffii dha. Seerri fi barsiifati namaa ol kaafamuu biratti bu'aan seera Waaqayyo dhiisuu yeroo hundumaa ni dhufa.

**Guyyoota badiidsaa** :-Isaa sun walddota Kristosiif guyyoota badiisaati. Amanamummaadhaan safartuu-dhugaa kan baatan muraasa turan. Dhugaan ragaa malee yoo hin dhiifamne illee, garuu yeroon tokko tureera dogoggorrii fi barsiisi dharaa kan mo'atee fi amantiin waan lafa gubbaadhaa bade yeroon itti fakkaate. Waldoonni mul'ata wangeelaa dhabdee, bifti waaqessuu baayyatee, [200]
namoonni ulaagaalee cimoodhaan itti ulfaachifaman.

Akka araarsituutti, gara Phaaphaasii akka ilaallatan qofa hin barsiifamne, hojii ofii isaaniitiin dhiifama argachuu akka danda'anis baratan malee. Imala amantii dheeraa adeemuu, of adabuu, hanbaalee duriitti sagaduu, waldaa ijaaruu, bakkoota qulqulluu, iddoo aarsaa, waldaaf horii guddaa kennuu, kanaaf kan biroon baay'een dheekkamsa Waaqayyo dura dhaabachuuf yookiin araara isaa argachuuf, akka waan Waaqayyo akka nama ta'ee waan gatiin isaa xiqqateetti, yookiin kennaa yookiin of adabuudhaan qabbanaa'uutti, wantoonni kun kan ajajamaniidha.

Baroonni itti aanan dogoggora barsiisa Roomaa irraa dhufe dhugaa ba'aniiru. Utuma Phaaphaasummaan hin dhaabatin dura falaasamni warra homaattuu hin amannee xiyyeeffannoo argatee waldaa keessatti dhiibbaa uumsee ture. Baay'een jijjiiramne kan jedhan amma iyyuu falaasama warra waaqa tolfamaatti qabamanii ofii qorachuu qofaa utuu hin taane, warri biraanis akka daandii ittiin warra hin amanne bira ga'aniitti akka fudhatan gochuuf ariifachiisan.
Kun immoo amantii Kristaanaa keessatti dogoggora yaachisaa fide. [201]
Isaan kana keessaa bebbeekamoon amantii isa namni uumamumaan hin du'u jedhu, du'a keessatti of beekuu faa. Barsiis kun bu'uura isa Roomaan irra dhaabattee kadhata gara tolootaatti godhachuu fi Maariyaam durbaaf sagaduu argamsiise. Warri uttuu qalbii hin jijjiirratin obbaafatan barabaraan in gubatu kan jedhu barumsa sobaa kan fide isa kana yommuu ta'u gara jalqaba amantii Phaaphaasummaa keessa kan argameedha.

Wantoonni kun ammas waaqa tolfamaa kan waaqessan irraa waan biraa argamsiisaa jira; inni kan Roomaan "bakka lubbuun itti qulqul'aa'u" jedhee moggaasuudhaan ittiin namoota homan beekin fi warra waaqa tolfamaa waaqeffatan namoota baay'ee yaaddessan. Barsiisi sobaa kun. iddoon dhiphina addaa, bakki lubbuun firdii barabaraatti hin galin cubbuu isaaniif dhiphatanii erga xuraa'ummaattii qulqul'aa'anii booda immoo gara samiitti darban jira jedhee kan jabeessuudha.

Ammas kan hin jirre oduu biraa uumuudhaan Roomaan sodaadhaa fi gocha hin taaneen warra isatti qabatanii jiran irraa akka
[202] fayadamu kan taasisu barbaachisee argame. Barsiisi hamma barbaadamuu ol jiraaachuu kanatti kan ta'uudha. Yeroo Mootummaa warra Phaaphaasotaa isa yeroodhaafii kana dheeressuudhaaf namoonni lolatti hirmaatan, cubbuu darbe, isa ammaa fi cubbuu fuula duraa irraa dhiifama argachuu,akkasumas dhukkubbii fi adaba irraa bilisa akka ta'an jedhanii barsiisu. Kan biraan na-moonni sun kan baratan, waldaadhaaf horii kennuudhaan cubbuu irraa bilisa of gochuu fi lubbuu firoota isaanii warra du'anii ibidda gubu keessatti dhiphachaa jiran furuun akka danda'amu baratu.

Akkataa kanatti Roomaan qodaa qabeenyaa ishee guuttachuudhaan ulfina, meeshaa miidhaginaa bakka buutota Isa bakka mataa Isaa kaa'atu hin qabne sanaa ta'uuf barbaadanii guuttiif. Irbaati gooftaa, aarsaa waaqa tolfamaaf namoota walitti qabamaniin bakka buufame. Lubboonni budeenaa fi Wayinii gara isa dhugaa qaamaa fi dhiiga Yesusitti waan jijjiiran fakkeessu. TIlmaama arrabsootiin, humna "uumaa isaanii uummachuu" qabna jedhanii mul'inumatti dubbatu. Dhukkubbii du'aa irratti baay'ee gaddisiisaa kan ta'e barsiisa sobaa, isa samii arrabsuun, Kristaanonni hundinuu amantii
[203] isaanii ibsachuuf eegamu.

Galgalli Phaaphaasummaa halkan walakaa hamilee biyya lafaa ture. Barreeffamni qulqulluun namoota qofaatiinuu utuu hin taane luboota birattuu wallaalameera. Akkuma Fariisotaa durii, geggeessitoonni waldaa ifa cubbuu isaanii argisiisu in jibbani. Seera Waaqayyoo, safartuu qajeelummaa, kaasanii, daangaa malee humna isaaniitti fayyadamanii dhorkaa malee gocha gadhee raawwatan. Waliin dha'uun, doqnummaan, seera maleeta'uun mo'ateera. Namoonni karaa ittiin sooroman yokkinn tayita argatan taanaan

yakka irraa booda hin deebi'an turan. Masaraan Phaaphaasotaa fi lubootaa bakka cubbuu hamaan itti geggeeffamu ta'e.

Phaaphaasonni bulchan tokko tokko teessoo irrattuu, isaaniif obsuun kan hin danda'amne yakka geggeessitoota biyaa biratti kan ilaalame, namoota kabajamoota mana sagadaa ta'an kuffisuuf irratti ka'uudhaan kan komatamaniidha. Jaarraa baay'eedhaaf barachuu, og-barru yookiin qaroomina irratti guddin hin turre. Kristaanummaa irratti kufaatii beekumsaatiif hamileetu gahe.

[204] ## Boqonnaa 12ffaa—Mana Qulqullummaa

Haara'umsi warra Protestaantii baay'ee kan ta'e dogoggora Roomaa beeksisuuf dhaabbate. Warri Protestaantiis waan biroo fudhatanii waan Macaafa Qulqulluu irratti argamu didan. Jaarraa 19ffaa keessa, dhufaatii Kristos isa lammaffaatti fedhii barattoota kitaaba qulqulluu dhaabbata amantii garaagaraa fi biyyoota garaagaraa hedduun keessatti guddate. Baay'een namootaa jaarraadhuma sana gara jalqabaa keessa ta'a jedhanii eeggatan.

Yeroon sun keessumaa Ameriikaa, bakka hordoftoonni isaa "Adventistoota" jedhamanii beekamanitti, jabaa ture. Yeroo raajii isa Dan.8:14 irratti hundaa'uudhaan, innis waa'ee qulleeffamuu mana qulqulluummaa, Yesus 1844 dhufee biyya lafaaqulleessa jedhanii eeggatan. Kun hin ta'in yommuu hafe kaan kaan isaanii sun maaliif
[205] akka ta'e beekuuf Macaafa Qulqulluu qaorachuu jalqaban.

**Mana Qulqullummaa Lafaa fi isa Samii**:-Qorannaa kana keessatti, barattoonni Kitaaba Qul-qulluu fedhiin qoratan kun, manni qulqullummaa lafaa akka abboommii Waaqayyootti Museen kan ijaare "inni fakkeenya bara si'anaati, kennaa fi aarsaa kan dhi'eessinu" Ibr.9:9. ta'uu isaa barataniiiru. Kutaan isaa warri qulqulluun lamaan, "wanti akka isa Waaqa irraatti gargalfaman" ta'uu isaa baran; innis Kristos hangafni lubaa keenya "inni godoo qulqullaa'aa sana keesssatti, godoo namni dhaabes miti, godicha isa dhugaa, Waaqayyo Gooftaan dhaabe sana keessatti angafa lubootaa ta'ee in hojjeta."Ibr. 9:23, 8:2

Manni Qulqullummaa Samii keessaa, inni Yesus keessatti bakka keenya tajaajilu, isa guddichaa fi isa inni Museen ijaare irraa garagalfamee dha. Akkuma manni qulqullummaa inni lafa gubbaa kutaa lama qabu, iddoo qulqulluu fi iddoo hundumaa caalaa qulqulluu, akkasuma egaa mana qulqullummaa isa samii keessas kutaa qulqulluu lamatu jira. Akkasumas sanduqi kakuu Seera Waaqayyoo
[206] baatu, iddoon aarsaa Ixaanaa, akkasuma meeshaaleen tajaajilaaf oolan mana qulqullummaa lafaa keessa jiran, fakkaattii isaa, isa olii keessas jiru sanaati. Mul'ata qulqulluutti Yohaannis mana qulqulluu

samii akka lixuuf dhiifamee ture. Kanaafuu inni achitti, ibsaadhaa fi baattuu ibsaa, iddoo aarsaa ixaanaa argee ture. " Manni qulqullummaa Waaqayyoo banamanii," akkasumas immoo, "saanduqa kakuu isaas argee ture." Mul.4:5, 8:3, 11:19.

Namoonni warri dhugaa barbaadan, dhimma manni qulqullummaa samii keessa jiraachuu irratti mirkaneeffannoo shakkii hin qabne argatan. Museen aman qulqullummaa lafaa akka fakkeenya Waaqayyo isatti argisiiseetti hojjete. Phaawulos immoo fakkeenyich mana qulqullummaa isa dhugaa, kan waaqa keessa jiru ta'uu isaa dubbate. Ibr. 8:2, 5. Yohaannisis sana samii keessatti akka arge dhugaa ba'eera.

Dhuma guyyaa 2300 sanatti, bara 1844, jaarraa hedduudhaaf manni qulqullummaa lafa gubbaa hin turre. Kanaaf iyyuu manni qulqullummaa qul'aa'uuf dubbatame "hamma ganamaa fi galgala kuma lamaa fi dhibba sadiitti in tura; kana booddee iddoon qulqullaa'aan sun qajeeltootti in deebifama" Dan 8:14. Manni [207]
Qulqullummaa samii akkamittiin qulleeffamuu barbaade? Ammas gara sagalee Macaafa qulqulluutti deebi'uudhaan, barattoonni sagalee raajii xuraa'ummaa qaamaa baasuu akka hin taane beekan; dhiigaan qulqulleeffama waan ta'eef cubbuu ittii qulleessuu ilaallata jechuun hubatan. Ergamichi "egaa wanti akka isa waaqa irraatti garagalfaman kun isaan kanaan qulleeffamuun in ta'aaf; warri waan dhugaa ta'anii Waaqa irra jiran garuu ofii isaaniitii aarsa isaa kana irra caalanuun qulleeffamuu isaan barbaachisa." Ibr.9:23.

Raajiin waa'ee isaa kan dubbatu qulqullinaa caalaatti beekuuf, tajaajila Mana qulqullummaa Samii beekuu isaaniin barbaachise. Kanas kan isaan baruu danda'an tajaajiloota mana qulqullummaa lafaa irraa ti; sababiin isaas Phaawulos luboonni warri mana qulqullummaa lafaa kana keessatti hojjetan "garagalchaa fi gaaddidduu wantoota waaqaa turan" jedhee dubbata Ibr. 8:5.

**Mana Qulqullummaa Qulqulleessuu**:-Bara durii, dhiiga horii
aarsaa cubbuu dhi'aatuun, cubbuun namootaa akka fakkkeenyaatti, [208]
mana qulqullummaatti darbaa ture, akkasuma, dhuguma cubbuun keenya gara mana qulqullummaa waaqaatti dhiiga Kristosiin in darba. Akkuma manni qulqullummaa durii cubbuun isa faale, isa keessaa baafamuudhaan raawwatu, akkasuma egaa inni dhugaan qulleeffamuu samii kan raawwatamu cuubbuun keenya inni achitti galmaa'ee baafamuu yookiin haqamuudhaan ta'a. Kun immoo,

eenyu karaa qalbii jijjiirrannaa fi amantii bu'aa gati cuubbuu issaniif baafame fayyadamaa akka ta'e beekuuf galmeen sakatta'amuu barbaada. Kanaaf iyyuu qulleeffamuun mana qulqullummaa kan inni of keessaa qabaatu hojii sakatta'iinsa firdii ti. Kanaafuu hojiin kun dhufaatii Kristosiin dura inni saba isaa fayyisuu dhufuu Isaan dura raawwatamuutu barbaachisa. (Mul 22:12)

Kanaaf iyyuu, warri ifa sagalee raajii dursa isaaniif kenname faana bu'an, dhuma guyyoota 2300, 1844 gara biyya lafaa dhufuu utuu hin taane, Kristos iddoo teessoo Waaqayyoo mana qulqullummaa samaattii iddoo hundumaa irra qulqulluu sana seenee, hojii araarsuu isa dhumaa itti raawwatu godhee dhufa isaaf kan itti qophaa'uu dha.

[209] **Ergaa kabajamaa**:-Kristos iddoo hundumaa irraa qullaa'aa , mana qulqullummaa waaqaa sana yommuu seene, hojii dhifama cubbuu raawwachuuf tajaajiltoota isaatti ergaa araaraa tokko biyya lafaaf akka kennamuuf kennateetu seena. Kanaadha ergaan akeekkachiisaa kan ergamaa sadaffaa Mul, 14 kees-saa. Raajichi labsii isaatti aansee battalumatti kan arge isa Ilmi namaa minaan lafaa makaruuf ulfina isaan dhufaa jiruudha.

Wanti guddaan sodaachisaan namoota du'a jala jiraniif himamu ergaa ergamaa sadaffaa keessa kaa'ameetu jira. (Mul 14:9-12). Dheekkamsa Waaqayyoo isa araarri itti hin makamin wanti gadi buusu cubbuu cimaa ta'uu qaba. Dhimma cimaa kana ilaalchisee namoonni dukkana keessatti hin hafan. Akeekkachiisi cubbuu kana irratti utuu firdiin Waaqayyoo hin dhufin in kennama, namoonni firdiin kun maaliif akka barbaachise beekuudhaan jalaa ba'uuf carraa akka argataniif.

Wallaansoo guddicha keessatti, gareen hubatamoon waliin faallaa ta'an in argamu. Gama tokkoon bineensichaa fi fakkeenya isaatiif
[210] kan sagadani mallattoo isaa adda isaaniitti, yookiin harka isaaniitti kan fudhatan, akkasumas, erga ergamaa sadaffaatiin waan akeekkachiifame firdii sodaachisaa sana mataa isaaniitti kan fidan in dhaabatu. Gareen warri kaan immoo, hubatamaa kan ta'e warra biyya lafaa wajjin kan gargar ta'an "abboommii Waaqayyoo warra eegan, amantii Yesusis warra qabanii"dha. Mul. 14:9, 12.

# Boqonnaa 13ffaa—Bilisummaa [211]

Boqonna kanaa fi warra itti aanan keessatti, barreessichi waan fuula duratti ta'u. garuu akka waan darbeetti hennaa darbeen ibsa, akka ragaatti waan arge dubbata.

**Yeroon araaraa cufamuu Isaa**:-Ergaan ergamaa sadaffaa yeroo cufamaa jiru, humni Waaqayyoo ijoollee isaa irra in qubate. Hojii isaanii raawwatanii yeroo dhiphina isaaniin dura jiruuf qophaa'an. Bokkaa boodaa fudhatanii yookiin immoo argamuu Waaqayyootiin haara'anii dhuga-ba'umsi jiraataan haara'e. Inni guddaan ergaan akeekkachiisaa dhuma iddoo hundumaatti dhaga'amee jiraattota lafaa warra ergicha hin fudhatin, hundumaa raasee.

Samii keessatti ergamoonni olliif gadi ariifatanii in deddeebi'u turan. Ergamaan qalama ittiin barreessan of biraa qabu tokko lafaa
deebi'ee Yesusitti hojjiin isaa akka xumurame gabaase. Warri [212]
fayyan lakkobsi itti godhamee mallatteeffamaniiru jedhe. Kana booddee Yesus, inni saanduqa kakuu, isa abboommii kurnan baatu duratti tajaajilu, qodaa ixaanichaa lafa buuse. Harka isaa ol kaasee sagalee guddaadhaan "in raawwatame!" jedhe. Ergamoonni hundinuu yommuu Yesus labsii kabajamaa kana dubbatu gonfoo isaanii of irraa fuudhanii "Inni waan jal'aa hojjetu, jal'aadhuma isaa haa hojjetu, inni xuraa'aan ittuma fufee of haa xureessu; inni waan qajeelaa hojjetu, qajeelaadhuma isaa haa hojjetu, inni Waaqayyoof qulqullaa'e isumaaf haa qulqullaa'u" Mul 22:11.

Jireenyas ta'e du'a, wanti hundinuu murtaa'aadha. Yesus mana qulqullummaa keessatti tajaajilaa yommuu ture, firdiin tolootta du'aniif, akkasumas toloota jiraniif ta'aa ture. Kristos mootummaa isaa in fudhate, saba isaaf araara gochuudhaan cubbuu isaanii irraa haxaa'e. Kaayyoon mootummaa sanaa in xumurame. Cidhi Gaa'ela Hoolichaa in raawwa-tame. Akkasumas mootummichi fi guddinni mootummichaa guutummaa samii jalatti Yesusi fi dhaala-
tota fayyinaatti kennamee Yesus akka Mootii moototaa fi Gooftaa [213]
gooftotaatti in mo'a.

Yesus akkuma iddoo qulqulluu qolqullootaatiii ba'een, qaacilli wayyaa isaarra jiru in qaacile; akkuma inni ba'een dukkanni dumessaa jiraatota lafaa hundumaa in aguuge. Nama isa cubbuu godhee fi isa yakkame Waaqa gidduu dhaabattuun hin jiru. Yesus Waaqayyoo fi nama isa yakka hojjete gidduu yommuu dhaabate namoota gubbaa of qusannaatu ture. Waaqa abbaa fi sanyii namaa gidduudhaa yommuu ba'e garuu, of qabuun sun ka'ee, warra qalbii jijjiirrachuu didan guutummaatti jiruu irra oolche.

Yesus mana qulqullummaa keessatti tajaajilaa utuu jiru dha'ich ga'uun waan hin danda'amne ture, garuu akkuma hojiin isaa inni iddoo sanaa xumurameen, araarsuun isaas dhaabateen. dheekkamasa Waaqayyoo dhaabuu kan danda'u hin jiru dheekkamsaan cabee waan jala dhokatan kan hin qabne mataa cubbamoota yakkamoo, warra ifa fayyinaa ifata jibbamaa godhan irratti dhangala'a, yeroo sodaachisaa akkasii. Yesus hojii namaaf kadhachuu yommuu raawwatu, sabni
[214] Waaqayyoo, warri Macaafni qulqulluun toloota jeddhee waamu, ija Waaqayyo qulqulluu dura gidduu-dhaabattuu malee jiraatu. Wanti hundumtuu raawwatamee calleen hundinuu lakkaa'ameera.

**Yeroon kan Baay'ee itti Darbe**:-Sana booda Yesus wayyaa lubummaa isaa ofitti baasee, wayyaa mooyummaa isaa, isa caalu in uffata. Mataa isaatti gonfoo baay'eetu ture; gonfoon tokko isaa kaan keessa galfamee ture. Dha'ichi jiraattota lafaa gubbaatti bu'aa ture. Kaan kaan isaanii Waaqayyoon arrabsanii Isas in abaaru. Kaan immoo gara saba Waaqayyootti fiiganii, akkamittiin firdii isaan duraa akka jalaa ba'an akka barsiisan in gaafatan. Garuu toloonni isaaniif homaa hin qaban. Imimmaanni cubbamootaa inni dhumaa bu'ee, kadhannaa dhiphisaa inni dhuma dhi'aateen ,ba'aan dhumaa baatamee, akeekkachiis dhumaas kenname. Sagaleeen araaraa inni bareedaan lammata isaa hin afeeru. Toloonnii fi guutummaan samii, fayyina fedhiin yommuu eegan, isaan ofiif fedhii hin qabaanne. Jirrenyi fi Duutii isaaniin dura kaa'ameetu ture.
[215] Baay'een jireenya filatanii garuu immoo isa argachuuf yaalii hin goone. Jireenya hin filanne, yommus garuu dhiigni yakka qulleessu hin turre. "Yeroo muraasaaf cubbamoota dhiisi, dhiisi" jedhee kan isaaniif dhimmee iyyee isaaniif kadhatu hin jiru. Samiin hundumtuu dubbii sodaachisaa, "ta'eera! raawwatameera! Jedhu yommuu dhaga'an sana, Yesus wajjin walitti dabalamaniiru. Karoorri fayyinaa raawwatamee, garuu namoota muraasa qofatu fudhachuu filate.

Kan araaraa sagaleen gariin yommuu du'aa adeeme, sodaa fi yaaddoon cubbamoota qabate. Sodaachisaa kan ta'e sagalee hubatamaadhaan "Yeroon baay'ee darbe! Yeroon baay'ee darbe!" kan jedhan jechoota dhaga'an.

Baay''een cubbamoonni isa sodaachisa dhiphina dha'icha sanaan yommuu dhiphifaman guddaa aaranii gubatan. Maatiin baay'ee hadhaa'ummaadhaan ijoollee isaanii in komatu, ijoolleenis maatii isaanii, obboloonni obboleettota isaanii, obboleettonnis oboboloota isaanii komatu. Sagaaleen iyya boo'ichaa kallatti hundumaan in dhag'ama. "Si'iim dhugaa isa silaa yeroo dhiphisaa kana ana oolchu kana, akkan hin fudhanneef kan na taasise." Namoonni tajaajiltoota isaaniitti garagalanii. "ati nu hin akeekkachiifnneem, biyya [216]
lafaa guutummaatti jijjiiramti jettan; warra nu akeekkachiisan keessabaatotaa fi warra nu balleessuuf ka'an namoota hamoodha jettan" jechuudhaan jibba cimaadhaan isaaniin in komatu. Garuu tajaajiltoonni sun iyyuu dheekkamsa Waaqaa jalaa hin baane. Dhiphinn kan isaanii kan saba warra kaanii irra dacha kudhan guddata.

## Yeroo Dhipina Yaaqob

Toloonni magaalaa fi mandaroota gadi dhiisanii, garee gareedhaan walitti dabalamanii, iddoo qofaa jiraatan. Yeroo cubbamoonni beelaa fi dheebuudhaan dararaman, Ergamoonni nyaataa fi bishan isaaniif dhi'eessan. Namoonni biyya lafaa geggeessan waliin mari'atanii Sexanaa f i ergamoota isaa wajjin naannoo tollotaatti boqonnaa dhabaniiru. Gama biyya lafaa hundumaatti, tolloonni mul'ataa kan ta'e amantii isaanii, sanbata dhiisanii yoo Jalqaba torbanii hin eegan ta'e, yeroo muraasa booddee namooti kun isaaniin ajjeessuu in danda'u kan jedhu, gargalchi barreeffamaa facaafamaniiru. Garuu yeroo qorama isaanii sana tolloonni, karaan rakkina sana keessaa ba'an akka isaaniif qophaa'uu, Waaqayyoon amanuudhaa [217]
fi abdii inni kennes fudhachuudhaaf, kan tasgabbaa'aniif kan gab jedhan turan.

Iddoo tokko tokkotti, yeroon labsiin sun raawwatu utuu hin ga'in dura, cubbamoonni toloota ajeesuuf ariitiidhaan itti fiigu; garuu akka isaaniin eeganiif Yesus ergamoota abboomeera. Warra diinota isaanii warra isaaniin naanna'anii jiran duratti seera isaa eeganii wajjin kakuu gochuun in kabajama. akkasumas warra yeroo dheer-

aadhaaf utuu hin du'in isa eeggatan amanamoota sana jijjiiruudhaan in kabajama.

Toloonni guddaa kan ta'e dhphina sammuu iyyuu argaa turan. Jiraattota cubbamoota lafaan waan marfaman isaanitti fakkaachaa ture. Wanti hunduu waan isaaniin mormu itti fakkaateera. Kaan kaan isaanii immoo Waaqayyo harkuma cubbamoota kanaatti akka duunu nu dhiiseera jedhanii yaadaniiru. Garuu utuu iji isaanii banamuu danda'e ergamoota Waaqaatiin marfamanii ofii isaanii argu turan. itti aansee ergamoota hamoo baay'eetu saba cubbamootaa warra aaran,
[218] akka isaan toloota ajeesaniif kakaasaa , dhufe. Garuu utuu saba Waaqayyootti hin dhi'aatin dura, cubbamoonni kun dursa, jaboo kan ta'an ergamoota qulqulluu bira darbuutu irra ture. Kun immoo kan hin danda'amne ture. Ergamoonni Waaqaa akka ergamoonni xuraa'oon warri isaaniin dhiibaa jiran kun duuba deebi'anii akka kufan taasisan.

**Iyya Bilisummaa**:-Tolootaaf yeroon isaa yeroo sodaachisaa, yeroo dhiphina dhukkubsaa ture. Guyaa fi halkan bilisummaaf gara Waaqayyootti in boo'u turan. Waan bakkeen mul'atuuf, oolfamuuf carraan waan jiru hin fakkaatu. Cubbamoonni akka waan mo'ataniitti itti qoosuu eegalaniiru. "Waaqayyo maaliif harka keenya isin hin oolchuu?" Garuu tolonni isaaniin hin dhaggeeffanne turan. Akkuma isa Yaaqob Waaqayyoon wallaansoo qabaa tureetti, (Uma. 32:22-32). Rgamaan isaa furuu barbaadee ture, garuu takka turuu qabu. Sabni Waaqqayyoo xoofoo sana irraa dhuguu qabu, cuuphaa qoramsa cimaas cuubamuu qabu. Ergamoo kan isaanitti kennamee fi amanamuudhaan eegumsa isaanii ittuma
[219] fufan. Waaqayyo maqaan isaa warra amantii hin qabne gidduutti akka salphatu hin fedhu. Yeroon inni itti isa guddaa humna isaa agarsiisuudhaan isa ayyaana qabeessa bilisoomsuun isaa tolootaaf dhufeera. Ulfina maqaa isaaf jedhee warra obsaan isa eeggachaa turan fi warra maqaan isaanii galmichaa keessatti barreeffame hundaa bilisa in baasa.

Inni akka shaakala isa amanamicha Nohiiti. Yeroo roobni bu'ee lolaan dhufe, Nohii fi maatiin isaa Bidiruutti seenanii Waaqayyoo achi keessatti bakkeen isaanitti cuffe. Nohi amanmummaadhaan namoota bara bishaan badiisaa duraa, utuu isaan isatti qoosanii akekkachiisaa ture. Akkuma bishaan gara lafaatti gadi roobeen, wal duraa boodaan liqimfamuutti erga ka'anii, bidiruu sana ar-

gani, innis kan isaanumtti itti qoosan, nagaatti bishaan gubbaa balali'aa warra amanamoo Nohii fi maatii isaa tursan. Bara dhumaatti sabni Waaqayyoo, dheekkamsa yeroo dhufa isaa amanamumaadhaan biyya lafaa kan akeekkachiisan, oolfamuun isa bara bishaan badiisaa sanaa gaditti mit kan mirkaneefatamu. Waaqayyo warra jijjiiramuuf eeggatan, warra ajaja bineensichaaf hin sagadin, yookiin mallattoo [220] isaa hin fudhatin sana cubbamootaan akka isaa balleeffaman hin eyyamu. Cubbamoonni toloota balleesuuf yoo dhiifaman, Seexannii fi ergamoonni isaa warri hamoon akkasumas warri Waaqayyoon jibban hundinuu in kabajamu. Kun immoo wallaansoo isa dhumaa keessatti, humneetiin Seexanaa warra yeroo dheeraadhaaf dhufaatii Gooftaa eeggatan, warra inni jaallatu irratti humna mo'ichaa akkamii argate jechuudhaaree! Warri yaada toloota ol ba'aa jiranitti qoosan, eegumsa Waaqayyo saba isaaf qabu fi kabajaan baafamuu isaanii dhugaa ba'uuf jiru.

Akkuma toloonni magaalota fi manadaroota keessaa gadi lakkisaniin, cubbamoonni isaan faana bu'anii isaaniin ajjeessuuf yaalii godhaniiru. Garuu meeshaaleen saba Waaqayyoo ajeessuuf kaafame akka cidii humna malee ta'uudhaan caccabee kufe. Ergamoonni Waaqayyoo tolootaaf gaachana ta'an. Akkuma halkanii fi guyyaa bilisummaaf boo'an, boo'ichi isaanii Waaqayyoon bira gahe.

## Bilisummaa Tolootaa:

Yeroon Waaqayyo itti saba isaa baasuu jaallate walakkaa halkanii ture. Utuu cubbamoonn naannoo isaanii itti qoosaa jiranii, [221] akka tasaa aduun baatee, humnaan iftee, jiinis iddoo tokko dhaabatte. Gammachuu jaallatamaadhaan toloonnii mallattoo gadi lakkifamuu isaanii argan, cubbamoonni haala kana dinqifannoo guddaadhaan ilaalani. Mallatoolee fi dinqiin hedduun daddafanii ta'an. Wanti hundumtuu akka uumamaan silaa beekamuu ala waan ta'e fakkaata. Burqoonni yaa'uu dhaabaniiru. Dukkanaa'aa kan ta'e duumessi ulfaataan dhufanii walii isaaniitti rukutaman. Garuu habatamaa kan ta'e iddoo kabajamaa tokkotu ture, iddoo kanaas sagaleen Waaqayyoo akka huursaa sagalee bishaanota baay'eetti waaqaa fi lafa raasa dhufe. Guddaa kan jabaate kirkirri lafaas ta'e. Owwaalonni banamanii, erga ergamaa sadaffaa jalatti san-

bata eeguudhaan, amantiidhaan kan boqotan, biyyoo isaanii keessaa, kakuu nageenyaa isa Waaqayyo warra abboommii isaa eeganii wajjin gochuuf jiru sana dhaga'uudhaaf kabajaan kaafaman.

Samiin banamee cufama akkasumas jeeqamatu ta'a. Gaaronni akka shimala qilleensaan raafamuu raafamu, dhagoonni in tatamsa'u. Galaannonni akka xuwwee danfanii, laficha irratti dhaagoota in
[222] yaasu. Waaqayyos kakuu barabaraa saba isaaf in godha, hima tokko dubbatee dubbichi guutummaa addnyaa keessatti in dhaga'ama. Israa'el Waaqayyoo, ija isaanii ol fudhatanii, dubbii afaan Waaqayyoo akka sagalee Bakakkaa guutummaa lafaati dhaga'amu dhaggeeffachaa in dhaabatan. Dhuma hima hun-dumaa irraatti toloonni "Ulfina!haleluyya!" jedhanii in iyyu. Bifni isaanii ulfina Waaqayyootiin in ife, akkuma fuula Museen gaafa gaara Siinaa irraa gadi dhufee, ulfinichaan calaqqisee sababii ulfina isaanii cubbamoonni isaaniin ilaaluu hin dandeenye. Gaafa Waaqayyo eebba isa hin dhumne warra isa kabajan, sanbata isaa qulqullummaatti eegan irratti dubbate, bineensichaa fi bifa isaa irratti mo'icha argachuu isaanii sagalee guddaadhaan ibsan.

**Dhufaatii Kristos isa Lammaffaa**, battaluma sanatti guddaa kan ta'e duumessi adiin kan Ilmi Waaqayyoo irra taa'e mul'ate. Jalqaba yeroo fagoo irratti argame, duumesichi baay'ee xinnoo fakkaatee ture. Gara lafaatti dhi'aachaa yommuu adeeme, hundumtuu isa hundumaa irra caalu ulfina fi guddina Yesus gara mo'ichaatti utuu adeemuu argaa dhufan. gonfoo ifaa fi calaqqisaa mataa irraa kan qaban Ergamooti isa marsanii adeeman.

[223] Ulfina haala sanaa ibsuu Kan danda'u, afaanni hin jiru. Jiraataa kan ta'e duumessi guddinaa fi ulfinniahin caalamnee wajjin caalaatti dhi'aachaa dhufe; isarras kan taa'e isa jaallatamaa, gonfoo qoraatti uffatee utuu hin taane Gonfoo ulfinaa mataa isaatti kaa'atee ture. Wayyaa fi Gudeeda isaa irratti maqaan barreeffameera, Mootii moototaa, Gooftaa gooftotaa kan jedhu (Mul. 19:6). Fulli isaa akka ifa guyyaa safaa ti. Iji isaas akka arraba ibiddaa, miilli isaas akka sibiila qulla'aa ti. (Mul. 1:15,16). Sagaleen isaa akka meeshaalee Muuziqaa baay'ee ti. Bakka argama isaatti lafti in roqomti, samiin akka waraqaa maramaa in ta'e, gaaronnii fi lafti bishaaniin marfaman iddoo isaaniitii in kaafaman. "kana booddee mootonni lafa kana irraa, namoonni gurguddoonni. abboonni duulaa, sooreyyiin, jajjaboonnii garbichi birmadduunis hundinuu holqa

keessa, katta tullootaa gidduus in dhokatan, tullootaa fi kattaawwanis waammatanii, nu irratti jigaa, fuula isa teessoo irra taa'u duraa dheekkamsa hoolichaa duraas nu dhoksaa,; guyyaan guddaan inni itii isaa kun dheekkaman dhufeera; egaa eenyutu dura dhaabbachuu danda'aree jedhan" Mul. 6:15-17.

Warri yeroo muraasa dura ijoollee Waaqayyo lafa irraa [224]
balleessuuf yaadan, amma ulfinni Waaqayyoo akka isaan irra buufate dhugaa in ba'u. Akkasumas soda isaanii hundumaa keessatti, sagalee tollootaa utuu galateeffataniin "Ilaa! Inni Waaqayyo keenya, inni nuyi nu fayyisa jennee eeggachaa turre isa, inni nuyi amanannes isa;" kan jedhan dhaga'an. Isa 25:9.

**Du' aa Ka'uu Duraa**:-Sagaleen Waaqayyoo, yommuu inni warra obbaafatan owwaalcha isaanii keessaa waame lafti jabeessitee raafamte. Waamichicha dhaga'aanii, qaama hin duune uffachuudhaan "Mo'icha! Mo'icha Du'a fi Si'ol irraatti, arfiin kee meerre yaa du'aa, mo'ichi kee meerre yaa Si'ol" lQor 15:55 jedhanii iyyan. Achii booda toloonni lubbuun jiranii fi warri du'aa kaafaman sagalee isaanii walii wajjin ol kaasanii iyya gammachuu mo'ichaa dhageessisan. Qaamni inni mallattoo du'aa baatee owwaalcha keessa kaa'amef if duuti faayummaa du'a hin beeknee fi jabinaan in kaafamu. Toloonni jiran libsuu ijaa keessatti jijjiiramanii
warra kaafamanii wajjin ol butaman, walii wajjin qilleensa irratti [225]
Gooftaa simatan. Wal-argee gammachiisa akkamiiti. Michoonni warri duuti gargar baase akka lammata gargar hin baanetti walitti deebi'an.

Gama lamaanuu duumesichaatiin konkolaataa fardaa Koochoo qabutu ture, isa biraan immoo geengoo lubbu qabeessattu ture. Toloonni duumessicha kees-sa turanis, Ulfina! Haaleluyyaa! Jedhanii iyyan. Konkolaatichi garuu gara magaalattii qulqullooftuutti gangalate. Utuu magaalaa sana hin seenin du-ra, tooloonni roga arfee wal-qixa ta'een toora nammanii Yesus gidduu isaanii ture. Mataa fi gatiittiin isaa tolootaa fi ergamoota irra caalee dhaabate. Kan roga arfanuun isa marsanii dhaabatan hundinuu fuula isa, surra qabeessaa fi jaallatamaa sana arguu in danda'u turan.

## Gatii Tolootaa

**Magaalicha keessaa**:-Ergamooti lakkobsi isaanii baayyatan,—
gonfoo tokkoo tokkoo tolootaaf, kan maqaan isaanii irratti barreef-
fame gonfoo ulfinaa fidaniif. Yesus gonficha akka fidaniif yommuu
[226] waame, ergamoonni gara isaatti fidanii, harka isaa mirgaatiin Yesus
mataa tolootaa sanaa irra kaa'e. Haaluma kanaan ergamoonni sun
Kiraaras fidanii, Yesus ammas ergamootatti isaaniin hire. Ergamaan
inni ajaju sagalee dursaa kennee, achii booda sagaleen hundum-
tuu haala gammachiisaadhan, galata gammachiisaa, harki hundinuu
ogummaadhaan kirrii kiraara kanaa irra adeemee sagalee muuziqaa
wal fudhataan fi gammaachiisaan dhaga'ame.

Yesus warra fayyan sana gara balbala magaalichaatti geese. Bal-
balicha qabee, hammaa baattuun isaa banamutti banee saba warra
dhugaa eegan sana akka itti galaniif affeere. Magaalicha keessatti iji
namaa kan itti gammadu waan hundumaatu jira. Iddoo hundumaa
ulfina guutuutu jira. Kana booddee Yesus tooloota fayyan irra ija
isaa kaa'ee, kunoo'is fuulli isanii ulfinaan ifeera. Isa jaallatamaa ija
isaa, isaan irra kaa'ee, sagalee isaa, isa akka Muuziqaa bareedeen,
"amma gatii dadhabbii lubbuu koo argaan jira, ittis quufeen jira.
Ulfinni guutuun kun akka barabaraan itti gammaddaniif kan keessan.
Gaddi keessan darbeera. Kana booda duuti hin jiru, gaddis boo'ichis,
dhukkubbiinis egaa hin jiraatu." Warri fayyan isa callaqqisaa gon-
[227] foo isaanii of irraa fuudhanii miilla Yesus jala in kaa'an, achii, kan
jaallataman harkoonni isaa akka ol isaaniin kaaseen, isaan kiraara
warqee isaanii rukutatanii, guutummaa samii sagalee muuziqaa fi
farfannaa isaanii hoolichaaf dhi'eessan.

Achii booda Yesus saba isaa gara mukicha jireenyaatti geessee ammas sagalee isaa isa bareedaa, akka sagalee muuziqaa isa takkuma gurra namaa lixee hin beekin,"iji mukaa kanaa fayyina namootaatiif; Hundumti keessan Isa irraa nyaadhaa"utuu jedhuu dhaga'an. Mukicha jireenyaa kanattii toluma nyaatan, firii bareedaatu jira. Magaalicha keessa teessoo baay'ee ulfina qabeessi jira ture; isa jalaas calala kan ta'e qulqulluu akka birillee, galaana bishaan jireenyaatu yaa'a ture. Bukkee isaa mukeetii babbareedoo ija nyaatamuuf gaarii ta'an kan godhatantu ture.

Waa'ee Samiidhaa ibsuudhaaf afaanni dubbatamu hunduu baay'ee dadhabadha. "maaloo! Jaalala akamiitii! Jaalala dinqisiisaa

akkamiiti!" jechuudhuma dandeenya. Afaanni hundumaa caalaa kabajamaan i1lee fakeenya kan hin qabne jaalala yookiin ulfina Samii ibsuu hin danda'u.

[228] # Boqonnaa 14ffaa—Firdii

**Miliini'eem/Waggoota kuma tokko/sana**:-Lafa kana irratti, cubbamoonni balleeffamaniiru, reeffi isaaniis irra lafaatti kufee jira. Dha'icha torbaffaa keesatti, dheekkamsi Waaqayyoo, warra lafa irra jiraatanitti dhufeera dhukkubbii isaanii irraan kan ka'e Waaqayyoon abaaruudhaaf kan arraba isaanii ciniinan turan. Sagalee Waaqayyootiin toloonni erga bilisoomanii booda, baay'ee kan ta'an cubbamoonni dheekkamsaan walitti deebi'an. Lafti lolaa dhiigaatiin kan guutte fakkaattee, reeffi namaa gama tokkoo hamma gama isa kaaniitti jira ture.

Lafti akka lafa onaa, duwwaa ta'eera. Magaalonni fi mandaroonni kirkira lafaan raafamanii, tuulamanii ciisaa turan. Gaaronni bakka isaaniitii, holqa gurguddaa hanbisanii buqqifamaniiru. Dha-
[229] goonni caccaban galaanaan darbatamanii, kanaachi lafuma irra gara gaggalanii lafa gubbaa tattamsa'aniiru. Mukeetiin buqqifamanii galaana irra faca'aniiru. Kun bakka jireenyaa, Seexanaa fi ergamoota isaa waarra hamoo waggoota kumaaf keessa jiraataanii dha. Qaama lafaa manca'e kana keessa olii fi gadi jooree waan fincilli isaa seera Waaqa irratti godhe ilaaluuf in dirqama. Waggoota kumaa tokkoof firii abaarsa uumeetti gammaduuf in danda'a.

Qofaa isaa lafatti hidhamuudhaan carraa addunyaa biraa dhaquu filachuu fi warra hin kufin wallaalchise gaddisiisuu hin argane. Yeroo kana, Seexanni baay'ee qorama cimaatiin qorama. Yeroo kufaatii isaatii eegalee, amalli isaa inni gadheen itti fufiinsaan kan dhimma itti ba'amaa tureedha. Garuu waggoota kuma kana keessatti humni isaa irraa fudhatamee, yeroo kufaatii isaatii jalqabee waan hojjechaa ture akka argisiisuuf dhiifamee, fuula isaa duratti immoo raafamaa fi naasuudhaan waan gadhee hojjete hundumaaf yeroo dhiphifamu in eeggata, cubbuu cubbamoota hojjechiise hundaafis in adabama.

[230] Eragmootaa fi toloota fayyan biraa akka meeshaalee muuziqaa kumaatamaa kan ta'e sagaleen mo'ichaa in dhaga'ama; sababiin isaas, Seexanni lammaffaa isaan dhiphisee isaan hin qoru waan

ta'ee fi gara jiraattota addunyaa biraattis argamuu fi qoruun isaaf hin kennamne waan ta'eef gammadu.

Yesusii fi toloonni fayyan, teessota irra taa'anii, toloonni Waaqayyoof akka moototaa fi lubootaatti mo'an. Kristos, Saba isaatii wajjin, hojii isaniif galmaa'ee jiru, dubbii Waaqayyoon wal bira qabanii ilaaluudhaan, warra cubbamootaatti in faradu. (Mul.20:4-6 ilaalaa). Cubbamoota gahee isaan dhiphachuu qaban irratti, akka hojii isaanii isa galmee du'aa keessatti maqaa isaanii duratti barreeffamee jiruutti, walii galan.

Yesusii fi Toloonni seexanaa fi ergamooota isaatti in faradu. Adabbiin kan Seexanaa kan warra ofii wallaalchisee irra dachaa kudhan cimaa in ta'a. Dhiphinni kan isaa kan warra kaniin madaaluun kan hin danda'amne baay'ee guddaadha. Warri inni wallaalchise erga adabamanii booda Seexanni jiraatee kan warra Sanaa irraa calaa yeroo dheeraaf in dhiphata.

Firdiin cubbamoota du'anii erga raawwatee booda, dhuma wag- [231]
gaa kuma tokkootti, Yesus magaalichaa ba'ee, toloonniif ergamoonni isa marsanii jiran isa faana in bu'uu. Yesus gaara guddaa tokko irratti gadi in bu'a, akkuma miilli isaa gaaricha xuqeenis, caccabee bakkee diriiraa ni ta'a. Kana booddee isheen guddoonii fi bareedduun magaalattiin, kutaa ishee kudha lamaa fi balabaloota ishee kudha lamaanii wajjin, karaa tokkoon balbaloota sadii fi ergamaa tokko kan qabdu, ol samiidhaa in mul''atu. Warri fayyifaman "Magaalattii! Magaalaa ishee guddittii! Samii Waaqayyo biraa dhufaa jirti!" jechuun in iyyu turan. Surraa fi ulfna isheetiin dhuftee iddoo guddaa Yesus isheef qopheesse irra in qubatti.

**Du' aa Ka'uu Lammaffaa**:-Kana booddee Yesusii fi kan isa marsan ergamoonni qulqulluun, akkasumas toloonni fayyan, magaalicha gadi dhiisan. Ergamoonni ajajaa isaanii nanna'anii karaa isaatti, isa faana bu'anii, toloonni fayyan hiriiraan isaaniin hordofan. Achii booda Yesus surraa isaa isa sodaachisaadhaan cubbamoota du'an waame, jireenyatti deebise. Haala ajaa'ibaa akkamii
ti! Warri du'aa ka'uu jalqabaatti kaafaman qaama hin duuneen [232]
kaafaman; garuu du'aa ka'uu lammaffaatti warra kaafaman mallattoo abaarsaatu isaan irraa mul''ata ture. Mootonnii fi Sooreyyiin biyya lafaa, hiyyeeyyii fi gad-deebi'oon, kan baratanii fi kan hin baratin walii wajjin owwaalcha keessaa kaafaman. Namootumti isa tuffatanii isatti qoosan, warri gonfoo qoraattii adda isaa, isa qulqul-

luu sanatti kaa'anii uleen isa rukutan, amma ulfina mootummaa isaatiin isa argan.

Yeroo qorama isaa sana kan isatti tufan, amma kan nama uru mil''anaa fi ulfina fuula Isaa duraa fuula deeffatan. Warri harkaa fi miilla isaa keessa mismaara fullaasan amma mallattoo fannifamuu Isaa in argan. Warri cinaacha Isaatti eeboo galchan, mallattoo gocha hamminaa qaama isaa irratti raawwatan in argan. Inni Isuma isaan fannisanii, utuu inni immoo dhiphina du'aa keessa jiru itti ga'isan ta'uu Isaas in beekan. Kana boodas, fuula Mootii moototaa fi Gooftaa gooftotaa duraa dhokachuuf utuu yaalanii iyyi dheeraan tokko dhaga'ame.

[233] Hundumtuu isa sodaachisaa ulfina isaa isuma sanaan dura tuffatan jalaa miliquudhaaf, dhagoota keessa dhokachuu barbaadu. Akkasumas, isa guddaa ulfinaa fi surraa Isaatiin na'anii isa dhukkubsaa sagalee isaanii wal faana ol-fudhatanii baay'ee hubatamaa akkaataa ta'een "maqaa Waaqayyootiin kan dhufu eebbifamaadha! "jedhan.

Kana booddee Yesusii fi ergamoonni qulqulloon ammas toloota fayyan hundumaa wajjin gara magaalichaa dhaqan: iyyii fi boo'ichi hadhaa'aan cubbamoota badanii qilleensa keessa guute. Ammas Seexanni hojii isaa eegale. Warra booji'amtoota isaa kana gidduu adeemee, dadhaboota humna hin qabne jaboo isaaniin taasisee, anii fi ergamoonni koo jaboodha isaaniin jedha. Lakkoobsi isaanii mili'oona baay'ee kan ta'an warra du'aa kaafaman walii isaaniitti in argisiisa. Ogummaa ga'u kan qaban jajjabdoota loltootaa fi moototata warra mootummoota mo'atan turan. Namoota jajabootaa fi jannoota takkaa lola irratti mo'atamanii hin beekinetu jira ture. Dhi'aachuun isaa kan mootota hollachiisu, gara kuteessaa fi of tuulaa isa ture Naapooli'oon achi keessa jira. Namoota dhedheeroo fi kabajamtoota mo'icha utuu dheebotani dirree waraanaatti kufantu
[234] ture. Seexanni ergamoota isaa wajjin, akkasumas mootota kana wajjin maree godhe. Isaanis nannoo isaanii kan jiran jajjabootaa fi baayyina lakkoobsa isaanii yommuu ilaalan warri magaalattii keessa jiran waan lakkoobsaan muraasa itti fakataaniif mo'achuu hin dadhabnu jedhanii itti himan.

Gowwoomsaan Seexanaa fiixaan ba'eefii battalumatti lolichaaf of qopheessuu jalqaban. Namoota baay'ee sana keessa namoota ogummaa qaban baay'eetu jira; akkaataa lolaa hundumaa qopheessaniiru. Seexanni dura-bu'aa isaanii ta'ee, sabni sun fuula

duratti in adeeme. Mootonnii fi loltoonni Seexanatti siqanii in adeeman, hordoftoonni kutaa kutaadhaan isaaniin faana bifan. Kutaan hundinuu. geggeessaa mataa isaa qaba, tooraan fuula lafa caccabe sana irratti Magaalaa qullooftuu sana loluuf hiriiran. Yesus balbala magaalaa Sanaa cufe, loltoonni hoomaa waraanaa kanaa marsanii, toora lolaatiin rukuttaa guddaa ofi irratti eegaa, of qopheessan.

## Moosifamuu Kristos:

Yeroo sana kristos yeroo lammaffaa diinota isaatti mul'ate. Magaalattii Irraan, warqee calaqqisaa irra kan dhaabate teessoon ol ka'ee mullate; Teessoo ka-na irra Ilmi Waaqayyoo taa'eera. Naannoo isaatli bulchitoonni mootummaa isaa in argamu. Humnaaf sinboo Waaqayyoo afaanni kamiyyuu ibsuu, qalamni barreessee fixuus hin dandaa'u. Ulfinni abbaa isaa inni barabaraa isa marsee argamuu isaaf ifni calaqqisaan magaalaa Waaqayyoo guuteera. [235]

Teessoo sana biratti yeroo tokko garaan isaanii gochaa Seexanaa kan morman akka mukukkula ibida keessaa butamanii fedhiidhaan Gooftaa isaanii kan hordofaa turantu argama. Isaanitti aansee immoo sobaaf abboomamuu diduun bakka baayyate keessatti guutuu kan ta'e amala kristaanummaa kan shaakalan seerri Waaqayyoo biyya kristaanotaa hundumaatti beekamu iyyuu, isaan kun kan kabajamanii fi baroota hundumaa keessatti amantii isaaniif jedhanii kan aarfaman mili'oonii baay'eetti kan lakkaa'aman dhaabataniiru. Isaan boodaan immoo, saba hundumaa keessaa, gosa hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa, afaan dubbatamu hundumaa keessaa. kan dhufan warra homtinuu lakkaa'uu hin dandeenye nan arge (Mul 7:9). [236]
Lolli isaanii xumuramee, mo'icha argataniiru, fiigicha isaanii xumuraniiru, gatii isaanii argachuuf qophaa'aniiru. Harka isaaniitti kan qabatan dameen muka meexxii sun mallattoo mo'icha isaanii ti. Kan isaan uffatan uffati adiin immoo, amma kan isaan uffatan, xurii tokko illee kan hin qabne tola kristoosii ti.

Kan lafaa bitaman hunduu, sagaleen isaanii irra deddeebisee hamma samiitti dhaga'amutti ol kaasanii "Fayyinni Waaqayyo keenyaa isa teessicha irra taa'u biraa, hoolicha biraas in argama" jedhanii farfatani. Ergamoonnis jaalalaan sagaalee isaanii kanatti dabalaman. Akkuma toloonni humnaa fi fedhii Seexanaa duraan beekan dhugaa ba'anitti, kun waan takkuma duraan arganii hin

beekiin, humna biraan utuu hin taane Kristosiin akka mo'atan akka isaaniin taasise dubbatan. garee achitti argaman warra ifoo sana keessaa gochi fayyinaa kan mataa isaatti harkisu hin turre; gaarummaa ofii isaanii fi humna isaaniitti hin harkifne. Waan godhanis, dhiphina isaan irra gahes waan dubbatan hin qabaanne; ulfaatinni faarfannaa hundumaa. barbaachisummaan galata hundumaa...Hoolichaaf ture!" Mul.7:10

[237] Jiraattoti waaqaa fi lafaa bakka walitti qabamanii jiranitti inni dhumaa, moosifamuun Ilma Waaqayyoo taasifame. Amma egaa, ulfinaa fi hum-na o! aanu fudhatee, mootiin moototaa, mormii mootummaa Isaa irratti ka'urratti, murtii beeksiise; warra seera isaa irraa daddarbee saba isaa cunqursu sana irratti, murtii haqaa raawwate. Raajiin Waaqayyoo "kana booddees teessoo adii guddaa tokkoo fi isa

Teessicha irra taa'e nan arge; lafti fi waaqni fuula Isaa duraa in baqatan. iddoonis isaaniif hin argamne, warra du'anis xinnaa fi guddaa teessicha dura utuu dhaabatanii nan arge. Macaafonni in banaman; macaafni biraa. inni warri jireenya argachuuf jiran itti caafaman tokkos in baname; warri du'an immoo akka hojii dura hojjetaniitti, akka isa macaafota keessatti caafameettis firdii argatan." Mul.20:11, 12 jedhee dubbata. Macaafonni yommuu banamaan iji Kristos gara warra cubbamootaa yommuu ilaale, dura kan hojjetan cubbuu hundumaa yaadatu. Akka itti miilli isaanii karaa qulqulluu irraa mucucaate yaadatu. Of tuulummaa fi finccilli akkamittiin Seera
[238] Waaqaa irratti akka mormaniif akka isaaniin kakaase in ilaalu. Cubbuu hin goone yeroo jedhan, eebba isaa yeroo jallisan, ergamoota Waaqaa jalaa yeroo itti didan, of eeggachiisa Isaa yeroo itti didan, waamicha sababii boqu-jabina isaanii fi garaa qalbii jijjiiranaa hin qabneen yeroo itti qoosan, isaan kun hunduu akka qubee ibiddaan barreffamanii ta'aniitti dubbifaman.

**Wantoota wallaansoo guddicha keessatti ta'an tora tooraan**:- Teessoo isaa gararraatti fannoo isaatu mul'ata. Qorumsi Addaamii fi kufaatiin isaa, itti fufiinsaan kan fudhtaman tarkaafiin karoora fayyinaa akka "fiilmii" mul'atee argama. Mataa ofii isaa gadi qabee dhalachuun Fayyisaa yeroo mucummaa isaatti kan inni argisiise, qajeelumaaf jireenya abboomauu, cuuphaan inni Yordaanositti cuubame, Soomnii fi qorumsi isaa lafa onaa keessaa, isa dinqisiisaa eebba samii namootaaf kan argamsiise tajaajilli wal-ga'ii isaa,

jaalalaa fi araaran kan guute gochi isaa guyyaa guyyaa, gaara naamuusaan guute irratti kan qabaate jabeenyi kadhata isaa namoonni isa irratti kan qabaatan hinaaffaan, haalloonii fi jibbi sababii ba'aa [239] biyya lafaa isa dadhabsiisaa sanaa kan ta'e, gaddisiisaa fi iccita kan ture dhiphina Geetasamaanee, harka ajjeesaa isa hamaa sanaatti dabarfamee kennamuun isaa, galgala sana kan ture ta'iinsi sodaachisaan, diduu kan hin beekne hidhamaa, kan jaallatu michoota isaatin dhiifamuun/qofaa ta'uu/, karaa Yerusaalem irra dadarbatamaa fudhatamuun isaa, kan Isa guddaa Ilmi Waaqayyoo, angafa lubaa Haannaa sana durratti dhi'aachuun, kan Philaaxoos teessoo firdii dura dhaabbachuun Isaa, isa gowwaa fi hammeenyaan guutame Heroodis dura ijaajjuun Isaa, kan itti qoosan, kan Inni arabsame arrabsoon, kan Inni garafame reebichi, akka inni du'uuf kan itti faradame hunduu akka agarsiisutti toora tooraan mullata .

Sodaan raafamaa kan jiran sabaaf, jireenyi Yesus lafa irrattii gara dhumaatii;akka fakkiitti itti mul'ata. Dhiphina Qaraaniyyoo kan obse Fayyisaan obsa qabeessi sun fannootti kan fannifame mootiin Waaqaa, muddama dhiphina isaa ilaalaa kan turan luboonni of tuuloon sun, iyyaa kan ture yaa'iin sun, seera uumamaan olitti kan ta'e dukkanni gaafa sanaa, sucho'uun lafaa, tarsa'uun lafaa, owwaalchi [240] banamuun, kun hundumtuu Fayyisaan biyya lafaa lubbuu Isaa kennuu argisiisaniiru.

Argisiisi sodaachisaan akkasii akkuma dura ta'etti toorumaan irra deebi'e mul'ate. Seexanni, ergamoonniif duuka-buutonni isaa, hojii hojjetan ilaaluu irraa fuula isaanii deebisuuf humna hin arganne. Tokkoon tokkoon qooddataan, agarsiisa kana keessatti duraan qooda akkamii xabachaa akka ture sirriitti ni hubata.

Mootii Israa'eliin balleessuuf jecha mucoolii Betaliheem warra qulqulluu kan balleesse Heroodis, isa qulqulluu dhiiga Yohaannis cuuphaa yakka kan of irraa qabdu Heroodiyaan, dhaabbannaa kan hin qabnee dadhabaa kan ta'e Philaaxoos, loltoonnii isaa warri arrabsitoonni, lubootaa fi beektota akkasumas akka waan maraatummaan macha'anii ta'anii, "Dhiigni isaa nuyii fi ijoollee keenya irratti haa ta'u " kan jedhanii iyyan, geggessitoonni fi sabni akka nama qalbii hin qabnee ta'an sun, hundumtuu tokkummaan guddina yakka isaanii in ilaalu. Warri fayyan, gonfoo isaanii miilla Fayyisaa isaanii [241] jala buusanii "Isatu anaaf du'e yommu jedhan, isaan sun immoo, Bi-

iftuu olitti kan calaqqisu, surraa waaqummaa isaa duraa dhokachuuf akkasumaan dhama'u.

Kan bitaman keessaa bartoonni Yesus jiru. Phawuloos gootichi amantii, Phexiros jarjaraan, jallatamaan michuu isaa Yohaanis, dhugaadhumaan kan garaa irraa jaallatan obboloonni isaanii wajjin amantii isaaniif jedhanii aarsaa kan ta'an kumatamni yeroo dhaabatan; dallaa isheetii ala garuu waan xuraa'aa fi nama jibbisiisu gochuudhaan qulqulloota Kana kan ari'atan, kan isaan hidhaa fi isaaniin qalaa turantu argama. Hamminaa fi xuraa'ummatti dursaa kan ture Neeroon achi keessa taa'ee duraan isaan kan dhiphisee fi dhiphina daarii darbee hojjetee, gammachuu Seexanaa itti argachaa kan ture, amnia immoo gammachuu guddaadhaan utuu isaan burraaqanii isaaniin ilaala. Haati isaas, bu'aa hojii ishee ragaa ba'uuf akkamittiin amala gadhee kana mucaa ishee akka dhaalchifte, dhiib-
[242] baa fi fakkeenyummaadhaan, mucaan ishee akkamittiin bu'aa yakka biyya lafaa guutummatti raasu akka horachiifte, achi teesse ilaalti. Nuyi "ambasaaddara" Kristoos ofiin jechaa, garuu, sammuu saba Waaqayyoo dhorkuuf iddoo itti dhiphisan. mana hidhaa fi iddoo itti gubaman qopheessaa kan turan sirni Phaaphasummaa fi beektonni isaa, achitti bakkeen dhabataniiru.

"Nuyi 'Waaqaa oli'jechuudhan seera waaqa guddichaa jijjiiruu yaadaa kan turan angafi lubootaas akkasuma dhabaataniiru. Isaan kun abboota waldaa kristaanaati" jechaa kan turan hunduu, deebii dhiifama hin qabne kristoosiin duratti laatu. Waaqa hundumaa beeku seera isaa irrati hinaaffaa akka qabu fi akka fedhes taanaan yakkamaa utuu hin adabin akka hin hafne erga carraan isaa isaaniin darbee galaaf. Rakkinni saba dhiphachaa jiranii akkanni kristoositti dhaga'amuufi rakkoon isaaniis kan isaatii wajjin hidhata akka qabu yommus hubatu. "Obboloota koo warra hunduma irra gad-deebi'an kana keessaa isa tokkoof hammi isin gotan anaaf gootan" kan jedhu jechuma afaan Isaa iyyu gaafas in hubatu (Mat. 25:40)

[243] Cubbamoonni hundinu dallaa Waaqayyoo naanna'anii, mootumma Waaqayyoo mormuu isaaniitiin firdii in eeggatu. Dhimma isaaniif kan falmuuf homtuu hin argamne; sababii ga'aas hin qaban. Firdii du'a barabaraatu itti faradama. Gatiin cubbuu bilisummaa fi jireenya barabaraa utuu hin ta'in garbummaa fi badiisaa du'a ta'uun isaa yommus hubatama. Cubbamoonni bu'aan jireenya isaanii isa didaa, maal akka ta'e in argu.

Hunduma irra kan caalu, isa barabaraa afeerraa surraa kabajaa tuffataniiru. Amma garuu, ulfina kana argachuuf waan fedhii qaban in fakkaata. “kun hunduu kan koos ta’uu in danda’a tureem; garuu, kana hundumaa ofirraa fageessuun filadhe, maaloo jaamuummaa akkamiiti! “Nagaa, gammachuu fi kabaja, abaarsaa, salphinaan, abdii kutannaadhaan jijjiire “jechudhaan warri badan iyyu. Hundumtuu mootummaa Waaqaatti galuu dhorkamuu isaanniitti walii galu.

Sababiin isaas jireenya isaanii lafaatiin “Namni kun (Kiristoos) nu irratti akka inni mo’u hin barbaannu” jedhanii labsaa turan hoo. Akkuma nama abjuu abjootuu cubbammoonni, Ilmi Waaqayyoo [244]
utuu gonfoon mataatti kaa’amuufii argan. Harka isaa irrattis isaan kan tuffatanii irra daddarban, Abboommiin Waaqayoo kan irra jiru gabatee dhagaa sana arganii kan fayyan, kan nama ajaa’ibu gammachuu fi farfannaa galataa, *‘Yaa Waaqayyo Gooftaa hundumaa dandeessuu hojiin kee guddaa dha; dinqisiisaadhas; ati yaa mootii saba hundumaa* (Mul.’ 15:3) kan jedhu danbaliin galataa dallaa ala kan jiran namoota hedduun amma dhaga’amutti hundumtuu sagalee tokkoon erga jedhanii booda, adda isaaniin kufanii mootii jireenyaaf sagadaniif.

**Du’a Lammaffaa**:-Yeroo sana Seexanni surraa ulfina Waaqayyoo yommuu arge fajajee dhaabbate. Yeroo tokko Kirubeel aguugduu Kan ture ergamaan, akka kufe beeke. Kan ifu Suraafel “Urjii barii, ammam geddaramee!

Seexanni itti yaadee finciluun isaa samii jiraachuutti akka inni hin taane akka isa taasise in beeke. Humna isaa Waaqayyoon wallaansoo qabuu irratti leenjise waan ta’eef qulqullinni, nagaadhaa
fi tasgabbiin samii isaaf waan baay’ee dhiphisaa ta’a. Himati isaa [245]
araa fi haqummaa Waaqayyo irratti inni kaase amma in callifaman. Komeen inni Waaqa guddaa sana irra kaa’uu yaade hundinuu isarra ta’u. Kana irratti seexanni gadi gombifamee Firdiin Waaqayyoo qajeelaa ta’uu isaa dhugoomse.

Gaaffiin dhimma dhugaa fi dogoggoraa kan Wallaansoo Guddicha keessaa hubatamaa ta’e.Waaqayyo guutummaatti qajeelummaan Isaa beekame. Abbaanii fi Ilmi bakka namaa ta’anii kan taasisan aarsaan hubatamaa ta’ee argisiifameera. Yeroon abbaan mirga isaa kan ta’e teessoo isaa qabatee mootummootaa fi aangoo, akkasumas maqaa jiru hundumaa ol kan inni itti kabajamu ga’eera.

Seexanni qajeelummaa Waaqayyoo dubbachuuf dirqisiifamee ulfina isaaf sagadu iyyuu, amalli isaa kan hin jijjiiramne ta'e itti fufe. Hafuurri finciluu, akka galaana guddaa ammas futtaafatee ba'e.

Aariidhaan guutee, Wallaansoo Guddicha kennuun akka irra hin jirre murteesse. Yeroon lola isa balaafamaa Mootii waaqaa
[246] wajjin inni godhu in gahe. Warra kan isaa ta'an keessa ariitiin figee aarii isaatiin isaaniin kakaasee lola ariitiif isaaniin qopheesse. Mili'oonii lakkobsa hin qabne, kan inni lolaaf kakaase keessa amma kan guddina isaa dubbatan hin turre. Aangoon isaa dhumarra gahe. Cub-bamoonni jibba Waaqayyoo isa Seexanas kakaaseen guutamaniiru; garuu Waaqayyoon mo'uu waan hin dandeenyeef abdii kutataniiru. Seexanaa fi warra meeshaa ta'anii isaaniin gowwomsanitti aaran. Aarii hafuura hamaatiin isaanitti gara galan; achii booda addunyaawaa kan ta'e dhiphinni itti fufa.

Sana booddee dubbiin raajii in raawwatame: "Waaqayyo saba hundumaatti aareera, loltuu isaanii huundumaattis dheekkameera; ajjeefamuutti dabarfamanii akka kennaman abboomeera. Raawwatanii akka isaan badanis godheera." Isa. 34:2. "inni barbadaa ibiddaa, dhagaa boba'us jal'oota irratti in roobsa, qoodni isaaniis qilleensa gubaa finiinaadha" Far 11:6. Abiddi Waaqayyo biraa Samiidhaa in dhufa. Lafti in caccabdi. Meeshaaleen uumamaa gadi fageenyaan dhokfaman in baafamu. Abiddi nama nyaatu boolla hundumaa keessaa in ba'u. Dhagoonni in boba'u. Guyyaan in dhufa"Waaqayyo
[247] Gooftaan maccaa kunoo guyyaan akka iddoo ibiddaa gubu in dhufaa,yommuus warri koortunii fi warri hamaa hojjetan hundinuu akka cidii in ta'u, guyyaan dhufu sun isaan in guba, hidda yookiis dame isaaniif hin hanbisu" jedhu in ta'a Mil. 4:1. Wantoonni ho'aan in baqu, lafti fi hojiin isa gubbaatti hojjetaman in gubatu (2Phe 3:10.) baakkeen lafaa waan baqfamaa, kan bal'ate laga ibidda fagootti gubuu in fakkaataa.

Yeroon isaa yeroo firdii fi badiisa warra Waaqa malee ta'aniiti." Guyyaa Waaqayyo itti ijaa baafatu bara itti Xiyooniif gatiishee baasu qaba" Isa 34:8. Cubbamoonni gatii isaanii isa qajeelaa lafuma kana gubbaatti in fudhatu. Isaan "akka cidii in ta'u, guy-yaan dhufu sun isaan in guba, hidda yookiis damee isaaniif hin hanbisu" jedhu in ta'a Mil. 4:1 jedha. Kaan kaan isaanii dafanii gubatu; kaan immoo guyyoota baay'ee dhiphatu. Hundumtuu akka hojii isaaniitti in dhiphatu. Dhiphinni seexanaa fincila ofii isaaf qofa utuu hin taane,

cubbuu saba Waaqaa hojjechiiseefis in dhiphifama. Adabbiin isaa warra gowwoomse irra dachaa guddaa in ta'a. Warri gowwomsaan isaa itti dhaga'ame hundumtuu erga badanii booda, inni jiraatee dhiphinaan itti fufa. Ibidda qulleessu keessatti cubbamoonni, hiddaa [248]
fi hanxaxiin hin hafan. Seexanni, hidda isaa kan ta'an duukabuutonni isaa wajjin in balleeffamu. Qajeelummaa Waaqayyyoo itti amanama, toloonnii fi ergamoonni sagalee guddaadhaan ameen in jedhu.

Lafti ibidda ijaa baafannaa Waaqayyoo keessatti yommuu maramtu, toloonni Magaalaa Qullooftuu sana keessatti nagaatti jiraatu. Warra du'aa ka'uu jalqabaa keessatti qooda fudhatan irratti duuti lammaffaan aangoo hin qabaatu. (Mul. 20:6.) Waaqayyo cubbamootatti ibidda gubu yommuu ta'u saba isaaf immoo Ifaa fi gaachana in ta'a (Far. 84:11.)

[249]

# Boqonnaa 15ffaa—Jalqabbii Haaraa

"Amma bantii waaqa haaraadhaa fi lafa haraa nan arge, bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi'ee hin argamu" Mul.21:l Ibiddi inni cubbamoota nyaatu lafa immoo in haaressa. Harca'aan abaarsaa hundumtuu qulleeffameera. Ibiddi Si'ol kan barabaraan gubu bu'aa isaa isa sodaachisuu wajjin warra fayyan dura yeroo dhuma hin qabneef turfamus hin jiru. Yaadachiiftuu tokko qofatu hafa: Fayyisaan keenya baruma baraan godaannisa fannifamuu isaa baatee jiraata. Mataa isa madaa'e irratti, harkaa fi miilla isaa irratti milkiti hamminni cubbuu isa irratti hojjete ta'anii hafu.

"Atimmoo yaa riqaa eegduun hoolotaa irra ijaajjuu, yaa tulluu mandara Xiyoon! Akka duriitti mo'uun harka keetti in deebi'a, mootummaan mandara yerusaalem in dhufa" Mik.4:8

[250] Mootummaan cubbuudhaan fudhatamee ture Kristosiin iddootti deebifame, toloonni isaa wajjin isa hin fudhatu." Warri qajeelonni biyya in qabatu, yeroo hundumaafis keessa in taa'u" Far.37:29. Sodaan Dhaala qulqullootaa baay'ee waan qabatamaa fakkeessu; namoonni baay'een dhugaa kana akka hafuuraatti lafaa haaraa akka mana isaaniitti akka ilaalan taasise. Kristos iddoo isaaniif qopheessuuf akka adeemu bartoota isaaf mirkaneessee ture. Warri barsiisa sagalee Waaqayyoo fudhatan waa'ee mana isaanii waaqa irraa guutummaatti hin wallaalan. Garuu ergamichi Phaawulos "iji namaa hin arginee, gurri namaas hin dhgeenye, yaadni namaas bira hin geenye" l Qor. 2:9 Afaanni namaa badhaasa tolootaa ibsuuf gahaa miti.

Inni warra dhugaatti isa arganitti qofa beekama. Ulfina galata Waaqaa sammuun daanga'aan hubachuu hin danda'u. Macaafa qulqulluu keessatti iddoon jireenya warra fayyanii biyya jedhama (Ibr. 11:14-16.) achitti tikseen guddichi Hoolota isaa burqaa bishaan jireenyaatti isaaniin geesse. Mukichi jireenyaa ji'a ji'aan ija godhata, baalli mukichaas tajaajila uummata sanaaf oola. Burqaa yeroo hun-
[251] dumaa yaa'utu jira, qulqulluu akka birillee, karaa warra Gooftaan

fayyaniif qophaa'e irratti kan gaaddisa buusan mukeetiin naannoo ishee dhaabatu. Tabba babal'aa gara bareedina gaaraatti guddachaa adeemantu jira, gaaronni Waaqayyoos dheerina isaanii ol kaasu. Balleensota naga qabeeyyii sana irra, galaana jiraataa sana bira, sabni Waaqaa baroota dheeraadhaaf kara adeemtuu fi joortuu kan turan mana in qabaatu.

**Yerusaalem Haaraa**:-Yerusaalem haaraan "Ulfina Waaqaa kan qabdu" turte. Calaqqisi ishees "akka dhagaa baay'ee gati jabeessaa, akka Yaasphiis, qulqullaa'aa akka cabbiitis" Mul. 21:11 jedha Waaqayyo. "Ani manadara Yerusaalemitti, saba kootti nan gammada" Isa.65:19 "kunoo, iddoon Waaqayyo buufatu namoota gidduudha, inni isaan bira buufachuuf jira, isaanis saba isaa ta'uuf jiru; Waaqayyo ofii isaa isaanii wajjin jiraachuuf jira, Waaqayyo isaanii ta'uuf jira. Inni imimmaan hun-dumaa ija isaniittii in haqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru jedhe." Mul.21:3,4.

Magaalaa Waaqayyoo keessatti, "Halkannis deebi'ee, hin [252]
argamu", boqochuus kan barbaadu homtuu hin jiru jaalala Waaqyyoo rawwachuus ta'e galata isaaf dhi'eessuu "nan dadhabe" kan jedhu hin jiru. Kan addaan hin cinne miira haara'uutu nutti dhaga'ama. Miirri akkasii yoom iyyuu nurraa hin fagaatu. "Ifni ibsaa, ifni Aduus isaaniif hin barbaachisu. Waaqayyo gooftaan ifa isaanii ta'uuf waan jiruuf." (Mul. 22:5). Ifa aduu irraa maddu carallaa cimaadhaan akka hin miidhamneef golgaa nuuf ta'a, golgaan kun jiraatu iyyuu humni ifaa nuyi aduu irraa argannu inni waaree boodaa baayyee kan caalu in ta'a. Ulfini Waaqayyoo fi Hoolicha ifa hin dimismisoofneen magaalaa qulqullittii in guuta. Toloonni ifa adu—dhabeessa ta'een guyyaa bara baraa keessa adeemu.

"Manni qulqullummaa ishee waaqayyo gooftaa isa hundumaa danda'uu fi hoolicha waan ta'eef ani ma-na qulqullummaa tokko illee mandarattii keessatti hin argine." (Mul.21:22). Sabni Waaqayyo abbaa fi Ilmaa wajjin carraa waliin haasa'uu in argatu. Nuyi amma akka nama of ilaallee abaluu isaa hin hubatiin hafeetti in argina" (1 Qor. 13:12) Har'a fakkii Waaqayyoo akka waan of ilaallee irra callaqisuutti, umamaa fi karaa hariiroo inni namaa wajjin qabuutti [253]
argina. Yomuus garuu homtuu utuu nu hin danqin fuulaa fi fuulatti in argina. Isa dura dhabannee ulfina fuula isaa in argina. "Achitti sammuu hin duunee kan qaban hunduu qannoo bara baraa keessa

ta'anii humna uumaa , dinqii fi dhoksaa jaalala fayyisuu isaa hin sakatta'u.

Achitti akka Waaqa irraanfannu kan nu taasisu diinichi sobduu fi gara-jabeessi hin jiru. Tokkoon tokkoon kutaa sammuu in gud-data, ga'umsi hundumaa dabalaa adeema. Guyyaa guyyaatti kan argamu beekumsi haaraan sammuus. humnas hin dadhabsiisu. Itti gaafatamni caalu geggeeffamuu danda'a ta'a.

Fedhiin guddaan bira ga'amu, kaayyyoon caalu hubatamee, amma iyyuu ol fageenyi biraan kan yaabbatamuu qabu jira, wanti ajaa'ibaa haaraan dinqifatamu, dhugaan haaraan hubatamu, kaayyoo ho'aan kan sammuu. lubbuu fi qaama namaa harkisu jiraachuu danda'u. Akkuma yeroon bara baraa adeemeen kan Waaqayyoo fi kan Kristos
[254] mul'ata haaraa qabatanii dhufu. Dhuga ba'umsichi akka dabalaa adeemeen nummoo isa jaallachaa, kabajaa fi gammachuun keenya dabalaa adeema. Namoonni akkuma caalaatti Waaqayyo irraa barachaa adeeman hammuma sana immoo amala isaa dinqisiifachaa adeemu. Akkuma Kristos isa duratti dhoksaa fayyinaa fi isa dinqisi-isaa raawatama wallaansoo guddaa Seexanaa wajjinii sana argamsi-isaa adeemeen garaan warra bitamanii amanamummaadhaan isaaf jabaatee rukutaa ademuudhaan Kiraara warqee isaanii kaasanii harka cimaan rukutanii kumni kudhanii fi kumni kumaatamni sagalee walii galeen isa guddaa farfannaa galataa ol kaasanii faarfatu.

"Wanti, waaqa irratti, lafa irratti fi lafa jalatti, galaana keessatti uumamee isa keessa jirus hundinuu,"hooqubaa, ulfinni, guddinni, aangoon isa teessoo irra taa'ee jiruu sanaaf. hoolichaafis baraa hamma bara baraatti haa ta'u" utuu jedhanii nan dhaga'e. Mul. 5:13.

Sana booda cubbuu fi cubbamoonni hin jiran. Guutummaan biyyaa in qullaa'aa, wallaansoon guddaan barabaraan dhumatti dhufe.